# QAACCESSA SIRNA QULFOO AADAA FUUDHAAFI HEERUMA OROMOO WALLOO NAANNOO AMAARAA GODINA ADDAA SABA OROMOO AANAA ARXUMMAA FURSII

**ROOBEERAA GAMMACHUU GOOBANAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

**QAACCESSA SIRNA QULFOO AADAA FUUDHAAFI HEERUMA OROMOO WALLOO NAANNOO AMAARAA GODINA ADDAA SABA OROMOO AANAA ARXUMMAA FURSII**

**ROOBEERAA GAMMACHUU GOOBANAA**

**GORSAAN: XILAAHUUN TALIILAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN**

**GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

-

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun gamisaan guuttachuuf Roobeeraa Gammachuu mata duree “Qaaccessa Sirna Qulfoo Aadaa Fuudhaafi Heeruma Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii,” jedhuun qophaa’ee, sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa’ee guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa ______________________________Mallattoo______________Guyyaa_____

Qoraa keessaa_______________________________Mallattoo_____________Guyyaa_____

Gorsaa_____________________________________ Mallattoo______________ Guyyaa_____

____________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras, Yuunvarsiitii kamiyyu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta'uu isaa akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa________________________

Mallattoo_______________________

Guyyaa________________________

***Axereeraa***

*Qorannoon kun mata duree " Qaaccessa sirna qulfoo fuudhaafi heeruma Oromoo Walloo Godina Addaa Saba Oromoo Aanaa Arxummaa Fursiidha." Kaayyoon qorannoo kanaa Sirna qulfoo fuudhaafi heerumaa Aanaa Arxummaa Fursii qaaccessuudha. Qorannoo kana geggeessuuf waanti qorataa kana kakaase sababa garaagaraan hir'achaa adeemuu sirna qulfoo fuudhaaf heerumaa aanaa kanaati. Kana bu'uura godhachuudhaan daangaa qorannoo kanaa qaaccessa Sirna qulfoo aadaa fuudhaaf heeruma Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii irratti xiyyeeffata. Gama kanaan yaaxinni qorannoo, qorannoo walfakkiifi yaadrimeen hayyootaa dhimma aadaa duudhaa hawaasaan waliin walitti dhufeenya qabanis ilaalameera. Madda ragawwan qorannoo kanaaf ta'us, kan qindaa'e hawaasa keessaa odeefkennitoota waa'ee sirnichaa beekan irraa odeeffannoo funaanuun mala iddatteessuu mitcarraa/akkayyoofi darbaa dabarsaa fayyadamuun mala qorannoo akkamtaa (qualitative) dhimma ba'eera. Ragaa qorannoo kanaaf oolu guurrachuufis, afgaaffiifi daawwannaatti gargaaramee jira. Ragaaleen meeshaalee kanneeniin funaanaman qaacceffamanii jiru. Akkasumas, Adeemsa sirna qulfoo, miseensota sirna qulfoofi ga'ee isaanii, qabiyyee sirni qulfoo qabu, faayidaa sirni qulfoo hawaasa itti fayyadamuuf qabuufi fakkoomiin sirnichaa maal akka fakkaatan kan ka'aamedha. Argannoon qorannoo kanaa, Sirni qulfoo jalqabamee hanga xumuramuutti adeemsota garaagaraa keessa akka darbu, miseensota sirna qulfoo keessa turaniif maqaan kan mogga'uufi ga'een hojii kan kennamuuf akkaata dandeettii, beekumsa dhimma sanaa qabaniin akka ta'e argameera. Haalli bulchiinsaafi adeemsi sirna qulfoo kan haala bulchiinsa kan Sirna Gadaa waliin akka wal fakkaatu argameera. Haaluma kanaan sirni duudhaa hawaasaa kun adeemsi isaafi qabiyyeen isaa bifa barreeffamaafi viidiyoon waraabamee dhaloota dhufuuf osoo ol kaa'amee sirnichi akka hin hir'aaffatamneef gargaara. Walumaa galatti, qorannoo kana keessatti yaada furmaataa ta'a jedhamee kan kaa'ame, Hayyoonni dhimma aadaa hawaasaa qoratan, barsiisonni afaanii, geggeessitootni waajjira aadaafi turiizimii, abbootiin amantiifi namoonni dhimma kana irratti qorannoo geggeessan hundi Sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa kana keessatti adeemsi sirnichaa, qabiyyeen sirnichaa, nyaatni aadaa sirnicha waaliin wal qabatan xiyyeeffannoon itti kennamee bifa barreeffamaafi waraabbiin kaa'amuu qaba.*

**Galata**

Duraan dursee, dadhabeefi nuffe osoo hin jedhiin yaadaafi ogummaa qabaniin na gorsaa kan turan gorsaa koo Dr. Xilaahuun Taliilaan guddaan galateeffadha.

Itti dabaluun hojii qorannoo kana irratti yaadaan na jajjabeessuufi maallaqaan na gargaaruun kan na cinaa dhaabbataa ture hiriyyaa koo Fayyeeraa Oljirraaf galanni koo daangaa hinqabu.

Akkasumas, qorannoon koo kun akka galma ga'uuf namoota odeeffannoo gahaa naaf kennaa turaniifi Waajjiroota Aanaa Arxummaa Fursii keessaa odeeffannoo galma ga'a qorannoo koo kanaaf naaf kennaniin guddaa galatoomaan jedha.

Dhuma irrattis, maatii koo akkan sadarkaa kanarra ga'uuf hundee jabaataa naaf ta'aniifi qorannoo kana akkan hojjedhee xumuruuf yaadaafi maallaqaan na bira dhaabbataa turan hunda isaaniif galanni ani isaaniif qabu guddaadha.

**Hiika jechoota haaraa ( Jibsoo)**

Abii : kan biraa

Abbaa cidhaa : kan gaafa mucaan fuudhu akka abbatti intala deemee fuudhu

Afoon: foon

Awwala : buna duraa

Akambaalloo : gombisaa

Baada: erga

Burqumsaa: nyaata aadaa Walloo

Cirfachuu: rifeensa mataa dhahachuu

Eddoo: Wiixata

Eeshumee : adaadaa

Gallaba : galgala

Gajeen : mana jala/ balbalarra

Haarrii : uffata aadaa kan dubarri kaadhimamte uffattu

Jabaa : eebba

Lukuskusii : dubartii intala heerumte waliin deemte haala intalitti adda baaftu

Mala'oo : gosa mukaa qayyaaf oolu

Musbahaa : callee

Nadhoo : dubartiifi durba (kan dhalaa ta'e hunda)

Ooshaa : laaqana

Qaadii: abbaa amantaa ta'e kan nikaa hidhu

Qaaxee :qodaa hodhaa kan ciree bunaa ittiin namatti qaban

Qulfoo: mana gurbaan itti fuudhuuf ijaarrate sirna qulfoo keessatti dabarsan

Ruuqqachuu: nyaata afaan kaayyachuu

Suubii : ganama

Xaxxoo: meeshaa boolla qayyaarra taa'u

Ziyaara : kabajuuf deemuu

**Gabaajee**

W/A/T/A/A/F : Waajjira Aadaaf Turiizimii Aanaa Arxummaa Fursii

W/B/A/F : Waajjira Bulchiinsa Aanaa Arxummaa Fursii

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereeraa ........ I
Galata ........ II
Hiika jechoota haaraa ( Jibsoo) ........ III
Gabaajee ........ IV
Baafata ........ V
Baafata Suura ........ IX
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 5
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6
1.7. Seenduubee Hawaasa Aanaa Arxummaa Fursii ........ 7
1.7.1. Hundeeffama Aanichaafi Moggaafama Magaalaa Chaffaa Roobit ........ 7
1.7.2. Teessuma Lafa Aanaa Arxummaa Fursii ........ 8
1.7.3. Hidda Latinsa Dhaloota Oromoo Walloo ........ 8
1.7.4. Iddowwan Seena Qabeessaafi Hawwataa Aanaa Arxummaa Fursii ........ 8
1.7.4.1. Awwaala Shee Umar ........ 8
1.7.4.2. Holqa Darreensaa ........ 9
1.7.4.3. Awwaala Araboota Qonboorroo ........ 10
1.7.4.4. Bishaan Ho’ituu Ashawaa Luxee ........ 10
1.7.4.5. Riqicha Angil ........ 11
1.7.5. Baay’ina uummataa Aanaa Arxummaa Fursii ........ 11
1.7.6. Amantii Uummata Aanaa Arxummaa Fursii ........ 11
1.7.7. Dinagdee Uummata Aanaa Arxummaa Fursii ........ 11
1.8. Gosoota Sirna Gaa’elaa ........ 11

1.8.1. Naqata/Kadhaa/ ........ 12
1.8.2. Butii ........ 12
1.8.3. Jala deemuu/Waliin deemuu ........ 13
1.8.4. Wasiila/Dhaala ........ 13
1.9. Adeemsa fuudhaafi heeruma Oromoo Godina Addaa Saba Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii keessatti. ........ 13
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 18
2.1. Yaadrimee Fookiloorii ........ 18
2.1.1. Akaakuwwaan Gurguddoo Fookiloorii ........ 19
2.1.1.1. Afoola ........ 19
2.1.1.2. Duudhaa Hawaasaa ........ 20
2.1.1.3. Meeshaa Aadaa ........ 21
2.1.1.4. Aartii Sochii Hawaasaa ........ 22
2.1.2. Faayidaa Fookiloorii ........ 22
2.1.2.1. Barsiisuuf ........ 22
2.1.2.2. Jabeessuuf ........ 22
2.1.2.3. Dhorkuu/To'achuuf/ ........ 23
2.1.2.4. Miliqsuuf ........ 23
2.1.3. Sirna Gaa'elaa ........ 23
2.1.3.1. Adeemsa Raawwii Sirna Gaa'elaa ........ 24
2.1.4. Gadaa ........ 26
2.1.4.1. Hojii Gadaa ........ 27
2.1.5. Fakkoomii ........ 29
2.1.5.1. Fakkoomii Mallattoo Argamuu ........ 30
2.1.5.2. Fakkoomii Sochii Qaamaa ........ 30
2.1.5.3. Fakkoomii Abjuu ........ 30
2.2. Yaaxina Fookiloorii ........ 31
2.2.1. Yaaxina Aadaa Hawaasaa ........ 31
2.2.2. Yaaxina Tajaajilaa ........ 31
2.3. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ........ 32
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ........ 34

3.1. Saxaxa Qorannoo ........................................................................................................ 34
3.2. Iddattoo........................................................................................................................ 34
3.3. Tooftaalee Odeeffannoon Itiin Funaanaman ............................................................... 36
3.3.1. Af Gaaffii ................................................................................................................ 36
3.3.2. Daawwannaa ........................................................................................................... 37
3.4. Mala Odeeffannoo Qaaccessuu .................................................................................... 37
3.5. Namuusa Qorannoo ...................................................................................................... 37
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO ..................................................... 39
4.1. Maalummaa Sirna Qulfoo ............................................................................................ 39
4.2. Adeemsa sirna Qulfoo Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii.. 40
4.2.1. Mana Qulfoo ........................................................................................................... 40
4.2.2. Namoonni Qulfoo Sheenan Galmaa'uun Qarshii Walitti Qabatu ............................... 42
4.2.3. Warreen Miseensota Sirna Qulfoo Ta'aniif Maqaan Ni Mogga'a .............................. 43
4.2.4. Guyyaa Qayya Geessaa ........................................................................................... 45
4.2.5. Guyyaa Miichaa ....................................................................................................... 47
4.3. Miseensota Qulfoofi Gahee Isaanii .............................................................................. 51
4.4. Nyaata Aadaafi Dhugaatii Sirna Qulfoo Irratti Qophaa'an. .......................................... 59
4.4.1. Nyaata Aadaa Sirna Qulfoo Irratti Qophaa'an ........................................................... 59
4.4.1.1. Burqumsaa ............................................................................................................ 59
4.4.1.2. Marqaa.................................................................................................................. 60
4.4.2. Dhugaatii Aadaa Sirna Qulfoo Irratti Qophaa'uu......................................................... 62
4.4.2.1. Abishii ................................................................................................................... 62
4.5. Qabiyyee Sirna Qulfoo.................................................................................................. 62
4.5.1. Himata, Himataa, Himatamaa, Ragoolee, Abbootii murtiifi Murtii Ni Qaba. ............. 63
4.5.2. Olaantummaa Seeraa Ni Qaba. .................................................................................. 66
4.5.3. Adabbii .................................................................................................................... 67
4.5.4. Kennaa/Badhaasa...................................................................................................... 68
4.5.5. Dhiifama.................................................................................................................. 68
4.5.6. Sirni Qulfoo Meeshaalee Barbaachisoo Ta'an Ni Qaba ............................................. 69
4.5.7. Fakkoomii................................................................................................................. 70
4.6. Faayidaa Sirna Qulfoo................................................................................................... 71

BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI  YABOO ..... 73
5.1. Cuunfaa ..... 73
5.2. Yaboo ..... 76
WABIILEE ..... 77
Dabalee A
Dabalee B
Dabalee C
Dabalee D
Dabalee E
Dabalee F

## Baafata Suura

Suura 1: Kaartaa Aanaa Arxummaa Fursii Kan Waajjira Kominikeeshinii Aanaa Arxummaa Fursii irraa kan gaafa 05/07/11 argadhe. ........ 4
Suura 1. Mana Qulfoo kan guyyaa 26/04/11tti sirna cidha sayid Muheef Faatii Qomboorrootti ijaarame argadhe kaafadhe. ........ 41
Suura.2.Gaafa guyyaa 10/10/11 Sirna qulfoo Ahmad Mahammud irratti argamuun kanin kaafadhe43
Suura.3.Maqaa namoota sirna qulfoo keessa turan kan gaafa guyyaa 17/10/11 gidaara irraa kaase 45
Suura.4.Meeshaa xaxxoo gaafa qayya geessa sirna qulfoo dargaggoo Abduu Aliyyii irratti dhufe gaafa guyyaa 21/10/11 argamuun qorataan kaafate ........ 46
Suura.5.Guyyaa gaafa 17/10/11 gaafa guyyaa miichaa yommuu Ayyaanteenfaa uffata Immeetee miican kanan bakka sirna sanaatti argamee kaase ........ 47
Suura.6. Guyyaa gaafa 17/10/11Sirna qulfoo keessatti yeroo obboleessi Immeetee buqqee burqumsaa banu kaase ........ 48
Suura.7. buqqee burqumsaa guddaafi buqqee xiqqaa tokko qabatte gaafa guyyaa 17/10/11 sirna qulfoo irratti argamuun qorataan kaase ........ 60
Suura.8.Gaafa guyyaa 21/10/11 sirna qulfoo Abduu Aliyyii kan gaafa qayya geessaa qophaa'e irratti argamuun qorataan kaase. ........ 61
Suura.9. dhugaatii abishii sirna qulfoo dargagoo Abduu Aliyyii irratti gaafa qayya geessaa keessummoota dhufaniif qophaa'e irratti argamuun qorataan kaase ........ 62
Suura.10. Afgaaffiin yommuu qorataan odeeffannoo fudhataa jiru suura agarsiisu........ 66
Suura.11. Sirna qulfoo keessatti adabbii hidhaa harkaa gaafa guyaa 19/07/11 miseensa sirna qulfoo irratti ta'e qorataan kan kaafate........ 67
Suura.12. Kennaa Immeeteen warra maqaa isheef baasaniif kennuuf Ayyaanteen baattee deemtuuf kan gaafa guyyaa17/10/11 kan sirnicha irratti argamuun qorataan kaafate ........ 68
Suura.13. Alangaa kan gaafa guyyaa 21/10/11tti qorataan yeroo aggafaariin qabatee dhaabbatu kaase ........ 69
Suura.14.Teessoo mana qulfoo dargaggoo Abduu Aliyyii keessatti argamu qoratan gaafa 21/10/11 kaafate. ........ 70
Suura.15.Afgaaffii gaafa guyyaa 21/10/11 dargaggoo Abduu Aliyyii waliin faayidaa sirna qulfoo irratti sirna qulfoo isaa irratti argamuun qorataan kaafate ........ 72

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni kamiyyu durii kaasee waantota bu'uuraa eenyummaa isaa calaqqisiisu kan dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufe ni qabaata. Mallattoon eenyummaa, aadaan jiruufi jireenyaa beekumsi hawaasni bu'uuraan qabu keessaa inni tokko Fookiloorii isaaati. Safuu amantiifi aadaa irratti hundaa'ee waan raawwatamuuf kabajamufi sirni ittiin raawwatamus akkasuma bakka guddaa qaba. Fookilooriin sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seera, falaasama, hoodafi safuu isaa, dimshaashumatti ilaalcha ardiilee addunyaa kana keessa jiraniif qabu barreeffaman osoo hinta'iin afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsuuf gargaaramu damee aadaa saba tokkooti. Kun ammoo hawaasni daangaa tokko keessa jiraatu waliin gabbifatee, muuxannoon waliin qaban akka jiru agarsiisa.

Dhimmoonni akka kanaas fookiloorii jalatti fiduun yoo qorataman bu'a qabeessa ta'a. Haala kanaan Fookilooriin Oromoo eenyummaa, aadaa, duudhaa, qaroomina, falaasama, amantii, ogumaafi kkf waan ibsuuf akka qabeenya guddaatti ilaalama. Yaada kana Mangasha (1992:12) "The Oromo folklore oral tradition, music, art, and particularly proverbs and sayings has given this nation a sense of identity and common heritage. It becomes the way the see, understand, interpret the world and express their biliefs and values about it." Akka yaada kanaatti Fookilooriin Oromoo, miira eenyummaafi beekumsa waliin qaban calaqqisiisa. Kana malees, ilaalcha hawaasaa akkataa hawaasichi addunyaa ittiin hubatuufi hiika itti kennu, amantiifi soona waliin qaban ittiin ibsatan mara of keessatti hammata. Akkasumas Fookilooriin waantota afaaniin darban muuziqaa, oguma keessattuu, mammaaksaafi jechamoonni yaada miiraa eenyummaafi ambaa seenaa hawaasichaa ta'uu agarsiisa.

Duudhaa hawaasaa ilaalchisee Malakneh (2006:8) "Social folk custom is grouped interpretation observances, birth, values, initations , marriage and birual ceremonies, secular and religious fastivals,". Akka yaada waraabbii kanaatti Fookilooriin duudhaa hawaasaa walitti dhufeenya garee hawaasaa, kabaja guyyaa dhalootaa, sirna raawwii gaa'elaa, raawwii sirna awwalchaa. Kabaja guyyaa amantiifi mit-amantii sirna raawwataman of keessatti hammata. Waantota duudhaa hawaasaa keessatti sirnaan raawwataman keessaa sirni fuudhaafi heerumaa isa tokkodha. Akka aadaa Oromootti sirni fuudhaafi heerumaa karaalee adda addaa raawwatama. Akkuma uummata Oromoo naannoo biroo kan kan uummata Oromoo Walloo Godina Addaa

Saba Oromoos gosoota garaagaraa qaba. Isaanis, kaadhimmachuu, waliin deemuu, butiifi wasiila/dhaala. Haaluma kanaan qorannoon kun qaaccessa sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa Naannoo Amaaraa Godina Addaa Saba Oromoo Aanaa Arxummaa Fursii irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa immoo kaadhimmatanii fuudhuu irratti kan xiyyeeffatudha. Sababni isaas, sirni qulfoon haalan kan geggeeffamu gosa fudhaafi heeruma haala kanaan raawwatamu irratti waan ta'eef.


Uummanni Oromoo sabaafi sablammii Itiyoophiyaa keessaa isa guddaa yoo ta'u saba afaan Kush dubbatan jalatti ramadama. Uummatni Oromoo Naannoo Oromiyaa keessa qofa osoo hintaane naannolee biyyattiin qabdu keessa ni jiraatu. Isaan keessaa Naannoo Amaaraa keessatti kan argaman hawaasa Oromoo Walloo Kamiseeti. Oromoon Walloo Godina Addaa Naannoo Amaaraa uummata aadaafi seenaa mataa isaa qabudha. Aadaafi seenaa isaanii kanas, dhaloota itti aananii dhufaniif dabarsuun hanga hammaatti hawaasa aadaa isaa eeggatee jiraatudha. Aadaa calaqqee saba tokkoo ta'an kanneen akka aadaa nyaataa, aadaa fudhaafi heerumaa, aadaa uffataa of keessatti hammata. Aadaan fuudhaafi heerumaa uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba.Aadaan fuudhaafi heerumaa kunis uummata Oromoo biratti akkaataa ittiin jalqabamuufi goolabamu niqaba.

Akka itti gaafatamaan Pilaanii magaalaaa Godina Saba Oromoo jedhetti, Godinni Addaa Saba Oromoo Walloo Naannoo Amaaraa keessatti kan argamu yoo ta'u bal'inni lafa ishii Hektaara 399432 kan ta'u Bahaan Naannoo Affariin daangeffamti, Karaa Dhiyaa Shawaa Kaabaafi Walloo Lixaan kan daangeffemtudha.Karaa Kibbaan Naannoo Affaariifi Godina Shawaa Kaabaan kan daangeffamtu yoo ta'u, karaa Kaabaammoo Walloo Kibbaan daangeffamti. Haalli teessuma lafa ishee persentiin 48 lafa gooda yoota'u persentiin 39 ammoo lafa bu'a ba'ii kan ta'eefi persentiin 13 lafa tabbaati.Akkan ragaa waajjira bulchiinsa Godina Saba Oromoo irraa gaafa guyyaa 2/4/11argadhetti baay'inni uummata Godina kana keessatti argamanii akka lakkoofsa manaafi ummataa bara 1999tti dhiira 274,825fi dhalaa 281,716 ida'ama 556,541 ta'a.

Godinni kun Aanaalee shaniifi bulchiinsa magaalaa lama of keessaa qaba. Maqaaleen aanaalee kanneeniis,Aanaa Arxummaa Fursii, Jiillee Dhummuugaa, Dawwee Haarawaa, Dawaa Caffaafi Aanaa Baateefi bulchiinsa magaalaa Kamiseefi bulchiinsa magaalaa Baateeti. Moggaasni maqaa aanaalee kanaa callisee kan moggaafame osoo hin taane seenaa mataa isaanii danda'e qabu. Fakkeenyaaf, Kamiseen guyyaa gabaa Kamisaa irraa hundoofte. Guyyaan gabaa kanaas

Kamisadha. Jiillee Dhummuugaan ammo maqaa muka dhummuuga jedhurraa akka dhufe dubbatama. Kana malees, Baateen ammo obbolaan lamaan muka murachuu bosona seenanii bosona keessa baatee jechuun kan wal gafatanirraa dhufe kan jedhudha. Magaalaan godina kanaas Kamisee jedhama. Aanaalee godina kana keessatti argaman hunda irratti qorannoo geggeessun yeroofi baasii baay'ee waan barbaaduuf qorannoon kun kan geggeeffame Aanaa Arxummaa Fursii irratti.

Aanaan Arxummaa Fursii Bulchiinsa Naannoo Amaaraa Godina Addaa Saba Oromoo kessaa tokko ta'ee, magaalaa guddoo biyyittii Finfinnee irra 300Km kan fagaattee argamtuufi magaalaa guddittii Naannoo Amaaraa Baardaar kan taate irraa ammoo 580Km fagaattee kan argamtudha.Akkasumas, magaalaa gudditti Godina Addaa Saba Oromoo Kamisee irraa gara Kibbaatti 25Km kan fagaattee argamtudha.Aanaa Arxummaa Fursii kan daangessan karaa Kaabaa Aanaa Dawwaa Caffaafi Dawwee Haarawaa karaa Kibbaa Aanaa Ifiraat Gidaamiin yoo wal daangessitu, karaa Bahaa ammoo Naannoo Affaariifi Jiillee Dhummuugaan, karaa Dhihaan ammoo Aanaa Antsooqiyaa Gamzaatiin daangeffamti.Aanaan kun bara 1987tti gandoota baadiyyaa digdamii afurii/24/fi bulchiinsa magaalaa tokko/1/n kan hundeeffamtedha. Bal'inni lafa Aanaa Arxummaa Fursii hektaara 114242.47 kan ta'udha.




***Suura 1: Kaartaa Aanaa Arxummaa Fursii Kan Waajjira Kominikeeshinii Aanaa Arxummaa Fursii irraa kan gaafa 05/07/11 argadhe.***

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Hawaasni Oromoo akkuma hawaasa kanneen biro sirna fuudhaafi heerumaa kabajuun dhimma ittiin ba'aa tureera, dhimma itti ba'aas jira. Sirna fuudhaa kana keessattis adeemsa ittiin jalqabuufi ittiin sirna fuudhaa raawwatu niqabaata. Kana irratti hundaa'uun qorannoon kun kan irratti adeemsifame faayidaa firiiwwan fookiloorii haala xumura sirna fuudhaafi heeruma Oromoo Walloo Godina Addaa Saba Oromoo Aanaa Arxummaa Fursii irratti hubannoofi xiyyeeffannoo dhabuun sababoota garaagaraan hir'ataniifi dagataman irraa ka'uun qorannoon kun kan irratti adeemsifamedha.Sababoonni akka barbaadametti xiyyeeffannaa akka hin arganne godhanis haala jireenyaa, ilaalcha amantaafi aadaaf qaban irraa, jijjiirama saayinsiifi teknooloojii waliin kan wal qabatanidha.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa kan irrratti geggeeffame aadaa ittiin bulmaata sirna Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii kabaju keessaa Sirna Qulfoo fuudhaafi heerumaa irratti xiyyeeffata.Sirna qulfoo fuudhaafi heerumaa kana keessatti firiiwwan fookiloorii maal akka

ta'aniifi faayidaa isaan qaban, haala kamiin akka raawwatuufi mallattoo fakkoomii isaanii irratti xiyyeeffachuun qoratee jira. Kunis, maalummaa sirna qulfoo, adeemsa sirnichaafi faayidaa sirnichi hawaasaaf qabu adda baasee ibsuun namoonni biraa akka hubatan taasisa. Kanaafuu yaada kana bu'uura godhachuun qorannoon kun gaaffilee armaan gadiif deebii deebisa.

- Sirna Qulfoo maali?
- Adeemsi sirni Qulfoo aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo walloo keessa darbuu maal maal?
- Miseensonni qulfoofi ga'een miseensota sirna qulfoo maal maali?
- Sirna qulfoo fuudhaafi heerumaa irratti gosti nyaataa aadaafi dhugaatii aadaa dhiyaatan maal fa'i?
- Sirni qulfoo qabiyyee akkamii qaba?
- Faayidaan sirna qulfoo fuudhaafi heerumaa Oromoo Walloo maali?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa sirna qulfoo fuudhaafi heeruma Oromoo Walloo Godina Addaa Saba Oromoo Aanaa Arxummaa Fursii qaaccessuudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa

- Maalummaa Sirna Qulfoo ibsuu
- Adeemsa Sirna Qulfoo aadaa fuudhafi heeruma Oromoo Walloo ibsuu
- Miseensota sirna qulfoofi ga'ee miseensota sirna qulfoo fuudhaafi heerumaa irratti hirmaatanii ibsuu
- Nyaata aadaafi dhugaatii aadaa sirna qulfoo fuudhaafi heerumaa irratti qophaa'anii ibsuu
- Qabiyyee sirni qulfoo qabu ibsuu
- Faayidaa sirni qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Walloo qabu ibsu

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo geggeessuun dhufteen hawaasaa, aadaafi haalli jiruuf jireenya hawaasa sanaa maal akka fakkaatu osoo irraa hin irrisiiniifi itti hindabaliin, fakkaattii qabeenya hawaasichaa lafa kaa'a. Kanaafuu qorannoon sirna qulfoo fuudhaafii heerumaa irratti geggeeffame kun qaamota adda addaaf barbaachisaa ta'a.

- ✓ Hawaasa Oromoo naannoo biraa jiran sirna kana akka hubataniif, Oromoomti naannoo abbaa qabeenya sirna kanaa ta'an akka hindaganneefi kanaan dura bifa barreeffamaatiin waan taa'ee hinjirreef dagatamuu waan danda'uuf dhaloota boodaaf dabarsuuf bifa barreeffamaan qorannoon irratti geggeeffame kun barbaachisaadha.
- ✓ Aadaafi Turiizimii Godina Saba Oromoo Kamiseefi Aanaa Arxummaa Fursii sirna qulfoo fuudhaafi heeruma kana waliin wal qabatan meeshaalee, adeemsa sirnichaa, miseensotaafi ga'ee isaanii jiruufi jireenya keessatti faayidaa inni qabu hubatanii bifa barreeffamaan akka kaa'aniif nigargaara.
- ✓ Namoota mata duree kana fakkaatu irratti qorannoo gadfageenyaan adeemsisuu barbaadaniif akka ka'umsaatti nigargaara. Qorannoo kanas Waajjira aadaafi turiizimii Godina Addaa Saba Oromoo Kamiseefi kan aanaa Arxummaa Fursii kaa'uun akka itti dhimma ba'aniif nigargaara.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo tokko yeroo kenneme keessatti dhiyeessuuf daangaa qorannoo keenyaa murteessuu qabna.Qorannoo kana milkeessuuf karaa kallattii yaadaanis ta'e bakkaan daangessuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qorannoon kun qabiyyeen Sirna Qulfoo fuudhaafi heerumaa irratti kan xiyyeeffatudha. Kunis, yeroo gurbaan fuudhee gara mana isaattii fidatee booda sirna raawwatudha. Akkasumas, qorannon kun bakkaan Naannoo Amaaraa Godina Addaa Saba Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii qofaairratti ta'ee gandoota aanicha keessatti argaman keessaa kan bakki sirni kun itti raawwatuufi kan qorataatti dhiyaatan irratti kan adeemsifamedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kana keessatti hanqinoonni qorataa mudatan garaagaraa nijiru. Isaanis, yeroon qorannoo kanaa hojii idilee wajjin waan ta'eef, hanqinni yeroo odeeffannoo funaannachuuf argate xiqqaachuun odeeffannoon akkaataa barbaadamuun akka hinguuranne

taasiseera. Akkasumas, gorsaa irraa fagaachuun hanqina tokko ta'ee jira. Kunis sababa fageenya daandiirraa kan ka'e gorsaa waliin akka barbaadametti qunnamuu hindandeenye. Kana malees, mataduree kana ilaalchisee yeroo ragaa funaannataa turetti namoota barbaadu sana yeroo barbaadetti argachuu dhabuun kan deddeebi'aa turedha. Itti dabaluunis, mata duree qorannoo kanaa irratti odeefkennitootni guutummaa mata duree sanaafi qabiyyee isaa dagachuun odeeffannoo guutuu ta'e argachuuf yeroofi deddeebii hedduu fudhateera. Hanqinaaleen kunis jiraraatan qorataan haala garaagaraan kanneen isa mudatan darbuun qorannoo isaa kana galma geessiseera.

### 1.7. Seenduubee Hawaasa Aanaa Arxummaa Fursii

#### 1.7.1. Hundeeffama Aanichaafi Moggaafama Magaalaa Chaffaa Roobit

Kitaaba Seenaa Oromoo hanga jarraa 16ffaa (1998:288) jedhu irratti akka taa'eetti,


> *Arxummaa, Jiillee, Karrayyuufi Makkaana jedhamanii gosoonni Oromoo beekaman yeroo ammaa Naannoo Amaaraa Godina Kamisee keessatti kan argamanidha. Haala qubsuma isaanii yoo fudhannee ammoo, Oromoonni kun gosoota Walloo Kibbaafi Tuulama gara Kaabaa keessatti argaman wajjin wal keessa jiru. Kunis, Arxummaafi Jiillee, Dawaa Caffaafi Riqee kan walitti hammatudha jedha. Arxummaa kan jedhamu maqaa biyyaan moggaafamee yoo argamuyyu ka'umsi maqaa kanaa garuu maqaa gosaa irraati.Akkasumas gosoonni kun maqaa Qoriifi Fursee jedhamuunis ni beekamu.*

Haaluma kanaan, moggaafamni maqaa Aanaa Arxummaa Fursii jedhuu kan jechoota lama kan Arxummaafi Fursii jedhan irraa mogga'e. Jechi Arxummaa jedhu kan dhufe jecha Arxumee jedhurraa yoo ta'u kunis maqaa nama yeroo dheeraaf bakka Arxummaa jedhamu bulchaa ture irraa kan moggafamedha. Akkasumas, jechi Fursii jedhus maqaa nama Fursee jedhamutuu duraan bakka amma Fursii jedhamee waamamu kana bulchaa ture irraa ka'uun kan itti moggaafamedha. Kanaafuu Aanaan Arxummaa Fursii maqaalee laman kana irraa bara 1987tti aanaa taatee hundoofte. Magaalaan Aanaa Arxummaa Fursii Caffaa Roobit kan jedhamtudha. Kunis maqaa kana kana kan argatte jechoota Caffaafi Roobit jedhan irraati. Caffaa jechuun lafa caffaa'aa irraa kan dhufe yoo ta'u Roobit ammoo, maqaa guyyaa Roobii jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u gaafa guyyaa kanaa gabaan waan dhaabattuuf kan itti mogga'edha.

### 1.7.2. Teessuma Lafa Aanaa Arxummaa Fursii

Haalli teessuma aanaa Arxummaa Fursii 35% lafa diriiraa yoo ta'u, 28.5% lafa olka'aa, kan 25.5% ta'u ammoo lafa ba'a ba'ii yoo ta'u, 6.6% kan ta'u ammoo lafa dhooqa/hallayyaa/ yoo ta'u lafti 4.4% ta'u ammoo lafa caffaa'aan kan uffifamedha.Haalli ho'insa  tempireechera 12-33 kan ta'udha.Sirrii irra galaanaa irrraas meetira 1200-2000 kan ol kaatu yoo ta'u,kan isheen rooba waggaatti argattus milii liitira 600-900kan ta'udha.

### 1.7.3. Hidda Latinsa Dhaloota Oromoo Walloo




*Madda :Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa (1998:273) irraa kan fudhatame*

### 1.7.4. Iddowwan Seena Qabeessaafi Hawwataa Aanaa Arxummaa Fursii

Aanaan Arxummaa Fursii iddowwan seena qabeessaafi hawwatoo ta'an garaagaraa qabdi. Akkaan W/A/T Aanaa Arxummaa Fursii irraa gaafa 15/07/11tti odeeffannoo argadhetti bakkeewwan seena qabeeyyii aanaan Arxummaa Fursii qabdu keessaa akka fakkeenyaatti warreen ka'an

#### 1.7.4.1. Awwaala Shee Umar

Awwaalli Shee Umar magaalaa aanichaa kan taate Caffaa Roobit irraa 12km fagaattee ganda Golba Arbaa keessatti kan argamu yoo ta'u mukeen garaa garaatiin marfamee argama. Awwaalli Shee Umar iddoo hawwata namtolchee keessaa tokko yoo ta'u iddowwan hawwata aanichaa keessa jiran irraa kan adda isa taasisu sirna Ziyaaraa bara baraan ji'a Hagayyaa keessa gaafa guyyaa afurii kabajama.Sababni guddaan Ziyaaraan iddoo kanatti godhamuuf seenaa cimaa Shee Umar raawwatan, guyyaa itti boqotaniifi guyyaa qabsoof bilisummaa itti argatan dhaloota

dhufuuf dabarsuudhaaf. Shee Umar Naannoo Oromiyaa Godinaa Arsii irraa amantaa musiliimaa babal'isuufi bakka hin geenye geessisuuf akka deeme ni himama. Shee Umar akkuma dhufaniin osoo yeroo dheeraa hin turiin abbaa aangoo naannoo sanaa humnaan bulchaa ture irratti lola bane.Sababni lola baneefis amantaa tokko kan kiristaana qofatti amanuu qabdu jechuun uummata dirqisiisaa ture waan ta'eefidha. Shee Umar immoo sirna kanaaf osoo gad hinjedhiin amantii musilimaa akka babal'isaniif injifannoo akka argatan ni himama.

Wareegama Shee Umar taasisan keessaa Jihad isa tokko ta'ee kan biraa ammoo Musbahaa isaaniitiin abbaa irree Arxummaa bitaa ture irratti raawwatanidha.Abbaan irree Arxummee jedhamu yeroo sana Arxummaa humnaan bulchaa ture. Akka aadaa hawaasa naannichaatti kaadhimaan lamaan yeroo wal fuudhan gara mana misirrichaatti fudhatanii galuun beekamaa ture. Garuu akka barsiisa abbaa irree Arxummee jedhamu kanaatti cidha dura misirrittiin heerumtu gara abbaa mana itti heerumtu osoo hindeemiin dura abbaa irree kana waliin qunnamtii gochuu qabdi jedhama. Namichi kun gocha kana raawwachuun waan beekamuuf haadhi manaa Shee Umaris ija isaa keessa seente. Abbaan irree kunis nam tokko erguudhaan  haadha manaa isaa akka erguuf Shee Umaritti erge.

Shee Umaris musbahaa isaanii haadha manaa isaaniitti kennuun yeroo abbaa irree Arxummee bira geese maal gochuu akka qabdu sirriitti haadha manaa isaaniitti himuun gara Arxummeetti ishee erge. Isheenis yeroo Arxummee bira geese batalumatti musbahaa kan Arxummee fuulduratti haate. Musbichis, yeruma sana gara bofaatti jijjiiramuudhaan Arxummee miila hanga mataatti itti maramuun ajjeese jedhama.

Walumaa galatti, gochaa badaa sammuu keessaa hin bane abbaan irree kun uummata cunqursuun aadaa uummatichaa irratti raawwataa ture Shee Umar injifannoo argachuun uummata bilisa baase. Sababa kanaaf awwala Shee Umar irratti seenaafi barsiisa isaanii yaadachuuf, kadhannaa rabbi geggeessuudhaaf bara baran ji'a Hagayyaa keessa daawwachuuf wal ga'u.

### 1.7.4.2. Holqa Darreensaa

Gandi Darreensaa Caffaa Roobit irraa kallattii kibbaatti 18km fagaattee argamti. Holqi Darreensaa kun iddoowwan hawwata turiizimii aanaa kanaa keessaa isa tokko yoo ta'u uummata gandichaatiin moggaasa adda ta'e holqa huulloo ykn holqa saroo jedhamuunis ni beekama. Holqichi yaa'a bishaanii huulloo lamaanitti argama. Holqicha keessa karaan nama seensisu qe'ee

huulloo keessa ba'ee argama. Holqi kun umurii dheeraa waan galmeessiseef uumamaan ta'uu isaa malee eenyuun akka hojjetameefi yoom akka uumame ragaan ibsu hin jiru. Akkasumas bal'inafi gad fageenya isaa hangam akka ta'e hinbeekamne.

### 1.7.4.3. Awwaala Araboota Qonboorroo

Awwaalli Araboota qonboorroo kun kan argamu magaalaa Caffaa Roobit irraa kallattii kibbaan kan argamu yoo ta'u aanicha irraa fageenya 20km kan qabudha. Awwaalli Arabootaa kun kan argamu ganda Qonboorroo jedhamu keessatti.Awwaalichi kunis bara kuma tokkoo ol akka ta'e maanguddoonni ni himu. Awwaalichi kan eenyuufaa akka ta'e baruuf maanguddoonni akka jedhanitti dhakawwaan awwaalicha irratti afaan Arabiffaan kan barreeffame akka dubbifamutti hijiraa lammaffaa keessa sahaboota  Arabootaa gara Itiyoophiyaa dhufan ta'uu isaaniifi baay'inni isaanii afurtamii lama akka ta'an isaan keessaa lama dubartoota ta'uu isaanii maqaan dhagaa irratti barreeffame irraa adda baasuun danda'amee jira.

Mootummaa Ifaatiif dhaamsa dabarsanii yeroo deebi'an lola isaan qunnameen akka du'an himama. Argama awwaala kanaaf sababa guddaa kan ta'e Waaliyyii Sayiduudha jedhuun maanguddoonni raga kaa'u. Waliyyii Zayiduun magaalee Axaayee keessa kan jiraataa turan yoo ta'u akkuma abjuu arganiin gara gooxii Qonboorrootti deemuun mootii naannoo sana bulchaa ture Qanyasmaash Aliyyii Adamee waliin wal qunnamanii waa'ee bakka seena qabeessa Qonboorroo kana marii cimaa godhuun murtee irra gahaniiru. Kanan booda bakki awwaalaa kun akka qotamuf Aliyyii Adamee uummata ajajuun bakki sun akka qotamufi qoratamu godhame. Erga qoratamee booda barreeffamni dhagaa irratti barreeffame argamuu danda'ee jira. Barreeffamni kunis kan inni ibsu awwaala Araboota durii ta'uu isaa saahaboota achitti awwaalaman eessa irraa akka dhufaniifi sababa maaliif akka dhufan kan raga bahudha. Araboonni kunis kan isaan dhufan Sa'uud Arabiyaa, Yemeen, Sooriyaa, Iraaqiifi Kuweet irraa akka dhufan barreeffamni dhagaa irratti barreeffame ni hima.

### 1.7.4.4. Bishaan Ho'ituu Ashawaa Luxee

Bishaan ho'ituun Aanaa Arxummaa Fursii ganda Ashawaa Luxee keessatti kan argamu yoo ta'u kunis iddoowwan seena qabeessa aanichi qabu keessaa isa tokkodha. Bishaan kunis waantota adda addaaf kan nama tajaajiludha. Namoonni ollaa gandichaafi gandicha keessatti argaman itti dhuqachuun dhibee adda addaa irraa kan itti fayyan akka ta'eti himama. Haalli teessuma bishaanichaas haala ho'insa isaa irratti hundaa'uun iddoo sadiitti qoodamuun kan argamudha.

Kunis, inni tokko baay'ee ho'aa kan hin taane.Inni biraan ammoo ho'aa kan ta'eefi inni sadaffaan ammoo baay'ee ho'aa kan ta'edha.

### 1.7.4.5. Riqicha Angil

Riqichi Angil magaalaa ganda Qiciicoorraa 10km ol fagaataa karaa kaaba lixaatiin gooxii Waldihoo jedhamu keessaan qaxxaamuree kan argamudha. Riqichi kun bara 1947 duratti nama Dajaazmaach Yasuuf Birruun uummata Dawweefi Arxummaa wal qunnamsiisuudhaaf yaadamee laga Boorkanaa irratti kan ijaaramedha. Riqichi Angil kun kan baay'ee nama dinqisiisu sibiilaafi muka xaawulaa irraa qofa kan hojjetame yommuu ta'u yeroo dheeraadhaaf namni, gaalli,horiin adda addaa irra deemuudhaan itti fayyadamaa turaniiru. Riqichi Angil kun yeroo ammaa kana akka duraatti beeladoonni irra deemuudhaaf mijachuu dhabus hanga ammaatti suphaa tokko malee ganna ganna yeroo bishaan laga Boorkanaa guutu irra ce'uun wal qunnamtiinifi walitti dhufeenyi hawaasa lamaanii akka addaan hin cinne taasisuun tajaajilaa jira.

### 1.7.5. Baay'ina uummataa Aanaa Arxummaa Fursii

Baay'inni uummata Aanaa Arxummaa Fursii akka ragaa lakkoofsa manaafi uummataa bara 1999tti kan baadiyyaa keessa jiraatan dhiira 43855 yoo ta'u warreen dubaraa ammoo 4216 ida'ama 86015 yoo ta'u kanneen magaalaa keessa jiraatan ammoo dhiira 5430 dhalaa 5193 ida'ama 10623 yoo ta'an akka walii galaatti baay'inni namootaa 96638 aanaa Arxummaa Fursii jiraatu. (*Maddi:W/B/A/F)*

### 1.7.6. Amantii Uummata Aanaa Arxummaa Fursii

Uummatni aanaa Arxummaa Fursii 97% amantii Musilimaa yoo hordofan 3% kan ta'an ammoo hordoftoota amantaa Ortodoksiifi pirotestaantiiti. *( Maddi: W/B/A/F)*

### 1.7.7. Dinagdee Uummata Aanaa Arxummaa Fursii

Haalli dinagdee uummata aanaa Arxummaa Fursii kan irratti bu'uureffate inni guddaan qonnaa irrattidha. Kunis 89% qonnaa irratti yoo ta'u kan 11% ta'an ammoo kan hojii mootummaafi daldala irratti bobba'anii jiruufi jireenya isaanii geggeeffatanidha. *(Maddi: W/B/A/F)*

## 1.8. Gosoota Sirna Gaa'elaa

Haala jireenyaafi adeemsa wajjin jiraachuu keessatti akkaataan fuudhaafi heerumaa ykn gaa'elaa garaa gara ta'uu danda'a. Haala sirna fuudhaafi heerumaa ittiin geggeeffamu irratti hundaa'uun gosootni fuudhaafi heerumaa hawaasa Oromoo birattiifi naannolee adda addaa keessatti adda

adda ta'uu nimala. Akka waliigalaatti, akka Abdurahmaaan  Hajiifi Usmaan She Huseen jedhanitti sirni fuudhaafi heerumaa hawaasa Oromoo biratti beekaman gosa garaagaraatu jiru. Isaanis, naqata/kaadhimmachuu, butii, waliin deemmannaafi dhaala /Wasiila kan jedhaman Naannoo Amaaraa Godina Addaa Saba Oromoo Walloo Aaanaa Arxummaa Fursii keessatti kan geggeeffamanidha. Kanneen keessaa naqatanii fuudhuun kan kabajaafi jaalala irratti hundaa'ee geggeeffamudha.

### 1.8.1. Naqata/Kadhaa/

Naqatni gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa isa beekamaafi isa tokkodha. Gosti fuudhaafi heerumaa kun kan hawaasa biratti dhiirriifi durbi seera hawaasaafi maatii eeguun seeraan duudhaa guuttachuun gaa'ela isaanii raawwachuun dhaloota dhufu ijaaranidha. Gosa fuudhaafii heerumaa kana akka Berhane (1982:60) irratti keessutti, "Nakata is one of the formal types of marriage among the society under question in which young boy and girl come into union with full consent of their parents as well as, with the consultant of immediate kinsmen in the process of negotiation."

Akka yaada hayyuu kanaatti naqanni gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta'ee akkaataa hawaasni walitti dhufaniin kan fedhii ijoollee wal fuudhaniifi maatii isaanii irratti hundaa'eefi bifa seera qabeessa ta'een duudhaafi safuu hawaasaa eeguun maatii isaaniin geggeeffamaa jirudha. Akkuma yaada olii kanatti gosoota fuudhaafi heeruma jiran keessaa gosti fuudhaafi heerumaa kaadhimmannaa jedhamu kun kan maatii ijoollotaa hirmaachisuufi fedhii ijoollotaa egguun fuutiifi heerumni ittiin geggeeffamudha. Gosti fuudhaafi heerumaa kun hawaasa Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii keessatti baay'inaan geggeeffama.

### 1.8.2. Butii

Gosti fuudhaafi heerumaa kun gurbaan intala jaallatee erga qoratee booda osoo isheen hinbeekiin hiriyyoota isaa waliin haala mijeeffatee dirqamaan intala butuun kan gaa'ela ijaarratudha. Kana malees gurban yoo humna cidha ittiin qopheessatu kan hinqabne yoota'e; kaan immoo seeraan kaadhimmatee fuudhuudhaaf jaarsolii ergee yeroo gaafatutti tuffii garaagaraan kan didan yoo ta'e xiiqii qabachuun haala mijeeffatee, namoota isa gargaaran qopheeffatee kan intala barbaade sana butee fuudhudha.

### 1.8.3. Jala deemuu/Waliin deemuu

Jala deemuun gosa fuudhaafi heeruma Godina Addaa Saba Oromoo Walloo keessaa tokko ta'ee kan bultiin ittiin ijaaramudha. Gosti fuudhaafi heerumaa kun osoo maatiin gurbaafi intalaa hinbeekiin fedhii ijoollota lamaanii irratti hundaa'uun kan raawwatamudha. Jarreen lamaan erga waliin deemanii booda jaarsummaa gara abbaa intalaatti erguun araarsatu. Maatiin intalaa erga araaramanii booda kan intala isaanii waamuun cidha gochuun sirna gaa'elaa raawwatanidha.

### 1.8.4. Wasiila/Dhaala

Wasiilli gosa fuutiifi heerumni ittiin geggeeffamu keessaa isa tokkodha. Gosti fuudhaafi heerumaa kun warren kaanirraa adda. Kan adda isa taasisus, dubartiin tokko heerumtee osoo irsa ishee waliin jirtuu irsi ishee sababa adda addaatiin yoo irraa du'e obboleessi isaa deebisee kan ishee fuudhudha. Kunis kaayyoo mataa isaa qaba. Kayyoon isaa kunis, daa'ima abbaa manaa isa du'eefi qabeenya isaa akka kunuunsuuf jedhameeti kan fuutifi heerumni gosa kanaa geggeeffamu. Kanas obboleessa quxisuutu kan angafaa fuudha malee angafni kan quxisuu isaa hinfuudhu.Yoo obboleessi quxisuun hin jiraanne kan abbeerranii keessaati fuudhu.

## 1.9. Adeemsa fuudhaafi heeruma Oromoo Godina Addaa Saba Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii keessatti.

Akka Abdurahamaan Hajii Sayid gaafa guyyaa 20/04/11fi Usmaan Shee Huseen 04/05/11tti qorataaf haala fuudhaaf heerumaafi adeemsa isaa ilaalchisuun yaada kennanitti, gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa hawaasni Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii bal'inaan kan sirna fuudhaafi heerumaa ittiin geggeeffatan kaadhimmachuun kan raawwatamudha. Kaadhimmannaan kun jalqabamee hanga raawwatamuutti adeemsa garaagaraa keessa darba. Adeemsi kunis, akka kanaa gadiitti ta'a.

### i. Adeemsa Guyyaa fuudhaafi heeruma dura taasifamu.

Adeemsi kun kan jalqabu ilaallachuudhaani. Ilaallachuun kunis karaa lamaan geggeeffama.Inni tokko warri gurbaa intala ulaagaa isaan barbaadan guuttu ni filatu. Inni kan biraan ammoo jaruma lamaanituu wal ilaallatee warraan ga'ata. Erga ilaallachuun adeemsifamee booda maatii intalaa gaafachuutu adeemsifama. Erga gaaffiin warra intalaa ga'ee booda abbaafi haati,abbeeraafi eessumman irratti wal mari'achuutiin ni murteessu. Yeroo murtaa'eef erga turanii warri gurbaa deebi'anii warra intalaa bira dhaquun murtii ni ta'a ykn hinta'u dhaga'atu.

Yoo walta’an maanguddoon warra gurbaa gudunfaa geessu. Gudunfaan kunis, halkoo mormaa, gumee harkaa, sa’atii, qubeelaa, gudunfaa bunaa, urgooftuufi kkf dalgoo haaraatti gudunfameeti maanguddoo warra intalaa biratti dhiyaata.

Kanaan booda gudunfaan sun hangafticha warra intalaatiin hiikama. Kanatti aansuun eebba maanguddootaatiin wal kaadhimmachuun jara lamaanii nimirkanaa’a. Erga wal kaadhimmatanii turtii yeroo xiqqoo booda sirna dibaa ni raawwatu. Sirni kun kan geggeeffamu maatii warra mucaatiin haati mucaa gara mana warra intalaa deemuutiin dhadhaa mataa intalaa kan dibduufi uffata bitan itti kan uffiftudha. Adeemsi sirna kanaas,mucattiin kaadhimamte hiriyyaa ishee faana gabaa deemuutiin uffata, guftaa, kophee, urgooftuu adda addaafi qubeela quba sadiitti filachuun bitatti. Haati gurbaa uffata intalli filattee bitatteefi kan maatii isheef abbaa intalaaf dalgoo, marata, yoo jiraataniif akkoo lamaaniif uffataafi guftaa bituutiin namoota muraasa waliin deemuun sirna kana raawwattee deebiti.

Erga sirni dibaa kun raawwatamee booda guyyaa ciidhni itti geggeeffamu murteeffatu. Kunis, ji’a Onkoloolessaa keessa abbaan gurbaa gara mana abbaa intalaa deemuudhaan gaafata. Haalli gaafannaa kun ammoo, abbaan gurbaa abbaa intalaatiin “Eessa geenye? Maalirra jirra?” jechuun gaafata.Abbaan intalaas, “Muka muranna; citaa haammanna,” jechuun deebisa. Kana jechuun dura dhangaa alaa galfanna jechuu isaati. Akkasumas, qophii cidhaaf barbaachisu dura guuttanna jechuu isaati. Erga haala kanaan walii galanii guyyaa cidhaa gara ji’oota Guraandhalaa hanga Waxabajjiitti ni qabatu. Baay’inaan gara ji’a Caamsaafi Waxabajjii keessa taasifatu. Sababni isaas mucaan fuudhu qulfoo keessa waan turuuf ilaalcha hinmiidhamu jedhu waan qabaniif. Kanaaf Oromoon Walloo “Abbaan ilma ofii jaallatu ganna fuusisa,” jechuun dubbatu. Haala kanaan hawaasni Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii guyyaa sirna gaa’ela itti rawwatan qabatu.

**ii. Adeemsa fuudhaafi heerumaa kan guyyaa cidhaa**

Akka aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo Wallootti akkuma kan Oromoo naannoo biraa jiranii gaafa guyyaa cidhaa sirna garaagaraatu raawwatama. Kunis, mana isa fuudhuuttis, mana ishee heerumtuuttis ni ta’a. Kanneen raawwatamanis, waamichi waamame ni dhufa. Nyaanniifi dhugaatiin qophaa’e ni nyaatama; ni dhugama. Amaamonni waamamanis, ni dhufu. Kennaa birrii gurbaa fuudhuuf kennuu ni raawwatu.

Yeroo mucaan fuudhaaf deemuuf ka'u sirni qeensa qoraa mucaaf ni adeemsifama. Qeensa qoraa kana kan qoruuf nadhoo akka hawaasa naannoo sanaatti qajeeltoo taatetu raawwata. Qeensa kanas kan qoratu foonaa loonii keessatti. Namni qeensa takkaa qoratee akka carraa ta'ee lammata fuudhullee qeensa lammata hinqoratu. Erga qeensa takkaa qoratee gara abbaa manaatti ce'eera jedhama. Erga qeensa qoratee booda kuulii daakanii bakkuma sanatti obboleettiin isaa ija isaa kuulti. Akkasumas, obboleettiin mucaa kun akka obboleessi ishee itti agarsiifaten hiriyyoota isaa kuulin adda tuqxiif. Jarreen kun warreen miinjee ta'aniifi qulfoo waliin nyaatanidha. Kanaan booda Abbaan cidhaa mana qulfooti ba'ee gara warra mucaa deemee marqaa isaaf qophaa'e nyaachuunifi mijuu qophaa'e ofii unatee mucaa fuudhaaf deemutti dabarsa. Gurbaanis, irraa unatee lafa kaa'a. Kanaan booda awwala abbaan mucaa itti jabaasa/eebbisa.

"Awwala jabaa waan kun toluu

Isaan ammoo raadaafi jibicha walirraa horuu,''jechuun eebbisu.

Kunis kan agarsiisu bunni buna nagaa akka ta'eefi jarreen wal fuudhan kunis ilmaaf intala akka waliin horan hawwii qabu kan agarsiisudha. Haala Kanaan maatiin mucaa eebbisuudhaan ni geggeessu.Buna danfe kana Abbaan Cidhaa shiinii takka dhuguun warreen hafan hunda guutuun kaa'anii gara intala fudhuutti deemu. Kunis waanti hunduu guutuu akka ta'u hawwuu kan bakka bu'udha.

Amaamonnis, yeroo deeman "Haah, haah haah---," jechaa sirba ho'isaa deemu. Mucaan fuudha deemaa jiru yeroo kana akka sirriitti ho'isaniif hamaamotatti naanna'uun warren haalaan hin sirbine alangaan tuma. Haala kanaan ho'isaa mana ishee heerumtuu deemu. Mana ishee heerumtuuttis, waamichi, kennaan adda addaa warra, hiriyyoota isheefi namayyoo isheetiin kennaan walitti ni qabama. Intallis,  kutaa isheef qophaa'e keessatti hiriyyoota ishee waliin taphachaa turti.Isheen intalaas akkuma gurbaa fuudhuu sirna qeensa qorannaa ni raawwatti. Hawaasa Oromoo walloo biratti sirni kun afoolaan kan gaarrayyuu intala heerumtuu tureen jedhamu jira.

Kunis,Gaafa qeensa qoraa ol jedhii na laali

Atilleen heerumtaa kiyya malli maalii?  kan jedhudha.

Kunis kan agarsiisu hiriyyaan ishee duraan waliin turte ishee dhabuu isaa gadduufi ofiif yaadda'uu isaa agarsiisa.

Amaamonni dhufanis, bakka isaaniif qophaa'e taa'uun sirna nikaa hidhuu rawwatu. Nikaan kunis kan hidhamu qarshii kuma tokkoon ta'a. Kana malees, kan loon laachuun sirna nikaa kana hidhatanis ni jiru. Kanaan booda nyaata qophaa'eef nyaachuun, meeshaalee kennaa firootaafi hiriyyoota ishee irraa kennamee walitti qabame fudhachuun gara mana mucaatti qajeelu.

**iii. Adeemsa fuudhaafi heerumaa guyyaa cidhaa booda geggeeffamu**

Sirni fuudhaafi heerumaa Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii yeroo baay'ee kan geggeeffamu gaafa guyyaa Dilbataati. Erga sirni guyyaa cidhaa geggeeffamee booda guyyaa gaafa Eddoo sirna misiraachiitu geggeeffama. Sirni kun gaafa Eddoo ganama kan geggeeffemudha. Misiraachiin kunis, intalli fuudhamte guutuu ta'uufi guutuu ta'uu dhabuu ishee kan ibsudha. Deemsi kunis kan geggeeffamu dubara lamaani. Isaanis, fira gurbaa fuudhee kan ta'antu deema. Kanarrattis, kennaan birrii kan gama warra intalaatiin kennamu jira. Kennaan kunis kan kennamu gammachuu intalli isaanii guutuu ta'uu isheetti gammaduutiini. Intalli guutuu ta'uufi guutuu ta'uu dhiisuun ishee kan beekemu foon dirraa kan guyyaa cidhaa qalame sana irraa ba'u uruufi uruu dhiisuurratti kan beekamu. Foon dirraa sana qabataniitu gara warra intalaa deemu dubarri lamaan. Foon dirraa osoo hin uramiin yoo deeme intalli guutuudha kan jedhu yoo ibsu yoommoo murameera ta'e intalli heerumte guutuu akka hin taane kan agarsiisudha. Yoo intalli guutuu ta'uu dhabde kan gurbaa fuudhetti dhiyaatu obboleessi ykn mucaan abbeeraa haaduun foon dirraa sana ura. Warri intalaas yommuu foonichi dhufu gaggaragalchuun ilaalu. Yoo akka carraa ta'ee foon dirraa uramee ergame ta'e haati intalaa deemtee intala koo naaf kennaa jechuun gaafatti. Mucaan fuudhe jaalladheera yoo jedhe dhiistee galti. Kun kan agarsiisu hawaasni Oromoo Walloo Godina Addaa Saba Oromoo Aanaa Arxummaa Fursii biratti kabaja durbi durbummaan heerumuuf qabdu kan ibsudha.

Guyyuma kanatti, sirni biraa geggeeffamu ammoo abbaan mucaa fuudhee, obboleessi fuudhe yoo jiraate, abbeerraniifi firoonni dhiyoon kennaa mishirrootaaf kennan ni qabu. Kennaan kunis erga ijoolleen dubaraa misiraachii deemanii booda abbaan gurbaa intala heerumtee gara isaanii dhuftetti ulee qal'oo kennuun foonaa loonii kana banii seeni jedhaan. Isheenis dhaqxee bantee sheenuudhaan waanta abbaan mucaa ishee ajaje rawwatti.

Kunis loon dhahatti jechuudha. Abbaan gurbaas kennaa gurbaafi intalaaf kennuu raawwata. Kennaan inni kennuufi kunis yeroo baay’ee kan yommuu nikaa hidhan dubbatamedha. Haaluma kanaan, erga kennaan kun kennameeti booda gaafa guyyaa kanaajechuun gaafa Eddoo sirna kan biraa kan **Sirna Qulfoo** jedhamutu eegala.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Yaadrimee Fookiloorii

Fookilooriif yeroo adda addaa hiika adda addaa namoota garaagaraan kennamaa tureera. Finnegan (1992:4) akka keessutti, Fooklooriin falaasama aadaa hawaasummaa, eenyummaa garee hawaasaa waliin jiraatanii walii gala bartee hawaasichaa irratti hundaa’ee kan dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti haala garaagaraan: afaaniin, ogumaan, muuziqaan, sochii qaamaan, taphaan, baacoon, duudhaan, oguma harkaafi artiiwwan biroon kan ibsudha.

Hayyuun Dorson (1972:46) yommuu hiiku fooklooriin jecha lama kan’Folk’fi ‘Lore’jedhurraa kan dhufe ‘Folk’ jechuun uummata baadiyyaa kan waa’ee barnootaa hinbeekne, mana moofaa, gaamoo durii, hambaaleewwan seenaa kan durii irraa eegalanii hawaasni dur itti gargaaramaa ture kan yeroo ammaan ga’e waliin wal fakkeessa. ’Lore’ jechuun ammo, beekumsaafi qabeenya hawaasni  gareen waliin qaban jedhee lafa kaa’a.

Ramailan, (2005:14) akka barreessetti Fookilooriin karaa ittiin namoonni naannoo tokkoo icciitii uumama waaqaafi lafaa ibsatan, haala uumama iddoo jiraatanii ittiin calaqqisiisanidha.Sababni isaas,qabiyyeen fookiloorii walitti dhufeenya namootaafi naannoo gad fageenyaan ifatti waan namatti agarsiisuufidha.

Akkasumas, Dundes (1965:15) “Most of American folklorist’s folklore consists of a number of specific cultural items which are usually tranismitted from person to person,’’ jedha. Akka yaada kanaatti fookilooriin aadaalee murtaa’a ta’an hedduun yeroo hunda nama irraa namatti kan darban ykn lufummaa ofkeessatti qabudha. Itti dabaluunis, Melakne (2006:8) ibsutti, “Every group both to gather or by common intrest and purposes weather educated or un educated, rular or urban, passessed of tradations which may be called its folklore,”jedha. Yaadni kunis, dhalli namaa hundi waantota isaan walitti hidhan ykn wal isaan fakkeessan kan barates ta’e hin baratiin, baadiyyaas ta’e magaalaa qaamni aadaa walitti isaan hidhu fookloorii jedhamuu danda’u jedha. Kana jechuun fooklooriin haawaasni kamiyyu kan isaan walfakkeessu kan qabaniifi hawaasa barateefi hinbaratiin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kan hindaangeffamne ta’uu isaa kan agarsiisudha.

Karaa biraas, Finnegan (1976:50) akka ibsitutti, fookilooriin saayinsii goorowwan kan akka aadaa, amantii, barsiifata, hooda, gochoota, mammaksota, jechamoota, sirbaafaa kan addaan baasudha.

Dabalataanis Georgesfi Jones (1995:170) akka ibsanitti, Fookilooriin hubannoo hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadani osoo hoomaa hindhoksiin afaaniin ifa baasee agarsiisa.Kana jechuun fookilooriin daawitii hawaasni tokko ittiin ilaalamu akka ta'e agarsiisa.

Akkasumas, Oring (1986:82), Dandes (1965) wabeeffachuun akkas jechuun fookiloorii ibsa, qabiyyewwan fookloorii durdurii, ragamtaa, sheekoo, waldhabdee, baacoo, mammaaksa, hiibboo, eebba, abaarsafi kan kana fakkaatan qabata. Akka yaada kanaatti fookilooriin beekumsa kalaqaa afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbudha.

Itti dabaluudhaanis, Dastaan (2011:3) Fookiloorii ilaachisuun namoonni akka hiika adda addaa kennaa turan ibsa. Hiika garaagaraa kennuu namootaa kanaafis, sababootni adda addaa akka dhiyaatu ta'e keessaa muraasni: namoonni hunduu addunyaa kanaaf ilaalcha qabaachuu isaanii, yaadrimeen isaa ulfaataafi rakkisaa ta'uu isaa irraa kan ka'e hiikawwan amma ammaattti kennameef adda adda akka ta'e ibsa.

Walumaa galatti, fookilooriin adeemsa hawaasni tokko haala waliin jireenya isaa keessatti waan waliin qaban tokko haalanni ittiin kunuunfatee dhaloota irraa dhalootatti dabarsaa dhufeefi ammas, ta'e gara fuulduraatti deemsisuuf kan gargaarudha.

### 2.1.1. Akaakuwwaan Gurguddoo Fookiloorii

Fookilooriin firiiwwan hedduu akka ofkeessatti hammatu hayyoonni adda addaa qorannoo isaaniitiin addeessaniiru. Firiiwwan hedduu ta'an akaakuu akaakuudhaan toora qabsiifachuuf Richard Dorson (1972:62) firiiwwan gurguddoo afuritti qooda. Isaanis, Afoola, Barsiifata hawaasaa, Meeshaa aadaafi Dalagaa aartii duudhaa jedhamu. Kanaaf firiiwwa kana dubbistoota hubannoof akka gargaaran armaan gaditti duraa duubaan kaa'uu yaaleera.

#### 2.1.1.1. Afoola

Afoolli ogummaa ta'ee aadaa,seenaafi eenyummaa hawaasaa himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti darbudha. Ilaalchaafi falaasama hawaasaa dhaloota haaraatti beeksisuufi barsiisuun akka riqicha cimaa ta'ee tajaajila. Afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin gumaacha

kenna. Georgesfi Jones (1995:314) yeroo faayidaa afoola ibsan, Afoolaa fayyadamee hawaasni walbarsiisaa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisaa, waa'ee eenyummaa isaa seenaa isaa addunyaa beeksifata, ittiin bashannanee walbashannansiisaa. Hawaasni bifa ammayyoomeen har'a seerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchuuf dhagaa bu'uuraa kan ta'e beekumsa afoolaa irratti bu'uureffateeti. Akkasumas, Dandes (1965:54) akka kaa'utti afoolli haala addunyaa kana ittiin hubannu,haala jiruufi jireenya hundaaf akkaataa jireenya dhala namaa tuttuqaa jedha.

Waan darbe ragaa dhugaa ilaalchisee Asaffa (2009:23) "Akkuma daawitii keessatti ofilaallu kan faana jiru deebisee calaqqisiisu osoo hintaane akka ofilaalee cabaa fuula tolchuu isa ta'es isa hinta'iinis mul'isuu ta'a."jedha. Akka yaada kanaatti afoola hawaasaa jalaa kan dhokatu akka hinjirredha. Waan amma jiru qofa osoo hintaane waa darbes kan ittiin ilaalludha. Itti dabaluunis, Abarraa (1999:48) afoola ilaalchisuun akka jedhutti, "Afoolli aadaa,duudhaafi safuu hawaasa tokko dhaloota tokkorraa gara dhaloota itti aanuutti afaaniin darbaa kan dhufe, darbaa kan jiru. Akkasumas, gara fuulduraattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti." Yaada kanarraa akka hubannutti afoolli calaqqee jiruufi jireenya hawaasaa ta'ee afaaniin dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanuutti kan darbudha.

#### 2.1.1.2. Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa firiiwwan fookiloorii gurguddoo keessaa isa tokkodha. Barsiifanni ykn duudhaan adeemsa jireenyaa keessatti gareen uummataa walitti dhufeenya uumuun, gochaa raawwatuun afoolaan irra deddeebi'ee kan itti fayyadamudha. Kana wajjin kan walsimate (Simsfi Stephen 2005:65) akka ibsanitti, duudhaa jechuun beekumsaafi adeemsa beekumsa duudhaa ittiin gonfatamu, maalummaan ittiin ibsamudha. Duudhaan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe firiiwwan adda addaa bara wajjin jijjiirame kan agarsiisan kanneen immoo itti fufinsa kan qaban ta'uusaa hubachuun nidanda'ama. Haala duudhaa hawaasaa keessatti kabajamu ilaalchisee Richard Switerlich (1997:168) duudhaa hawaasaa bu'uura yeroo itti dhiyaataniin iddoo afuritti qooduun kaa'a. Waktii eeggatanii kanneen raawwataman, lufinsa jireenyaa kanneen bu'uureffatan, dhimmoota hawaasni waliin kabajatufi dhimmoota amantaan wal qabatan fa'i. Itti dabaluun akka kaa'etti akaakuwwan fookiloorii duudhaa hawaasaa keessatti argamuu danda'an bakka afuritti qooduun kaa'e. Isaanis ayyaanaafi kabajawwan, bashannanaafi taphoota dorgommii,qorsa aadaafi amantaa fa'i.

### i. Lufinsa Jireenyaa

Lufinsi jireenyaa dhimmoota gulantawwan jireenyaa keessatti umuriin wal qabatamanii raawwatamanidha.Yaada kana Sims fi Stephens (2005:110) ‘’Rites of passage mark notable dates or stages in persons life. Most rites of passage occur at, times of change or transition: birth, puberty, entering adult hood or coming of age, marriage and death,’’.

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda’amutti lufinsi jireenya hedduun jijjiirama umurii keessa darban keessatti mallattoo kaa’ee darbu qaba. Lufinsi jireenyaa hedduun jijjiirama umurii waliin wal qabatee dhufu waliin raawwatamu dhaloota, dargaggummaa, ga’eessummaa seenuu, gaa’elaa fi du’a akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda’ama. Duudhaa hawwasaa keessatti sirnoonni yommuu raawwataman gulantaawwan keessa darbantu jira. Isaanis sirnoonni yommuu hawaasaan kabajamu waan sadii keessa darba. Gulantaaleen kunis gulantaa sirnaan dura, gulantaa yeroo sirnaa fi gulantaa sirnaan boodaa.

### ii. Gosoota kabajannaa

Akka sims fi Stephens (2005:110) dhimmonni kabajannaa hawaasa keessatti ta’insootaan wal qabatanii raawwatamanii fi bal’inaan beekaman dhaloota, dargaggummaa, gaa’elaafi du’adha.

Kabajawwan kana keessaa muraasni akka walii galaatti hawaasa maraan yookiin naannoo bal’aa ta’e keessatti raawwatama. Baay’een isaa ammoo gartuu hawaasaa aadaa bu’uureffachuun kan raawwatamu yommuu ta’u addatti aadaa murtaa’aa ta’e ni calaqqisiisa. Haaluma kanaan uummanni Oromoos lufinsi jireenyaa sadii: dhaloota, gaa’elaa fi du’a haalaan dhimma itti baha.

### 2.1.1.3. Meeshaa Aadaa

Meeshaan aadaa uummanni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti bifa adda addaatin kan itti fayyadamu harkaan bocee kan dhimma ittiin ba’an ofkeessatti hammata. Kana malees, huccuwwan jilaa wajjin walqabsiisee itti fayyadama halluwwan adda addaa ofkeessaa qaba. Akkaataa ijaarsa manaas ta’e dallaa, nyaata aadaa akka itti qophaa’uufi kkf meeshaa aadaa jalatti akka argaman (Richard Dorson 1972:3) ni addeesa. Kanuma waliin walqabsiisee ilaalchaafi amantii uummataa kan calaqqisiisan fakkiiwwan ykn mallattoowwan adda addaa meeshaa aadaa ta’uu isaanii hubanna. Nyaata adda addaafi meeshaaleen ittiin dhiyaatan qophii sirna garaagaraa

irratti fayyadama. Kanaafuu akaakuun meeshaalee aadaa raawwii sirna fuudhaafi heerumaa irratti gumaacha guddaa akka godhan hubachuun barbaachisaadha.

#### 2.1.1.4. Aartii Sochii Hawaasaa

Akka Richard Dorson (1972:3) tokko tokkoon kaa'etti akaakuwwan gurguddoo fookiloorii keessaa aartiin sochii hawaasaa isa tokkodha. Akaakuuu fookilooriin kun aadaa diraamaa duudhaa,diraamaa jechmalee, shubbisa, dhichisaafi kkf ofkeessatti hammata. Akaakuun fookiloorii kun firiiwwan fookiloorii kanneen biroo waliin walsimatanii jilawwan adda addaa uummataa keessatti kabajaman irratti akka dhiyaatan beekamaadha.

### 2.1.2. Faayidaa Fookiloorii

Fookilooriin waantota jireenya hawaasaatiin walqabatanii argamaniif tumsa guddaa kenna. Faayidaa fookiloorii Bascom (1965:12) yeroo ibsu, fookilooriin jiruufi jireenya hawaasa aadaa tokko qaban biratti falaasama, amantii, duudhaa, safuu, Ilaalchaafi kkf ibsuu irratti human guddaa kan qabu ta'ee bu'uura jireenyaati. Dameewwan fookiloorii keessaa afoolli isa tokko ta'uu ilaallee jirra. Haata'u malee damee isaa kana qooduu kan dandeenyu faayidaa isaan hawaas dinagdeetiin qaban irratti hundoofnee akkaataa fayyadama hawaasaa dabalatee waan dhaabbateef sana ibsuurratti hundoofnee akka ta'e hayyuun (Bascom,1965) kaa'e jira. Yaada hayyuu kana irratti hundaa'uun faayidawwan fookilooriin qabu akka kanaan gadiitti ilaaluu dandeenya.

#### 2.1.2.1. Barsiisuuf

Aadaa saba tokkoo keessatti fookilooriin duudhaa hawaasa tokkoo barsiisuuf nigargaara. Barsiisuu jechuun saba afaan tokko dubbatu, aadaa tokko wajjin qabu biratti namoota aadaa isaanii gatanii kan biraa hordofuu barbaadan bifa walaloonis haata'u mammaaksa adda addaa mammaakuun karaa ittiin saba sana barsiifatan waliin walqabata. Afoolli barsiisuu keessatti gahee guddaa kan taphatu mammaaksaan, weedduun, walaloon, geerarsaafi kkf amaloota hawaasaakeessatti, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti jabaatanii hojjechuu, rakkina adda addaa keessa lufuu danda'uu, tokkummaa qabaachuu, abshaala ta'uu kan nama hubachiisudha.

#### 2.1.2.2. Jabeessuuf

Fookilooriin jiruufi jireenya dhala namaa keessatti nama jabeessuuf nifayyada. Adeemsa jiruufi jireenya isaa adeemsisu keessatti namni tokko dadhabuu ykn abdii kutuu nidanda'a. Yeroo

akkanaa afoola garaa garaa fayyadamuun namni sun jabaatee rakkoo keessa jiru sana keessaa bahee gara itti aanutti akka ce'uuf nijajjabeessa. Karaa biraatiin ammo, hawaasni sababa adda addaatiin duudhaafi afoola isaatti jabaatee labata itti aanutti akka dabarsu karaa afoola adda addaa aadaa ofiirratti akka jabaatu taasifama. Kana malees,jiruufi jireenya isaa keessatti akka cimee dhaabbatu taasisa.

#### 2.1.2.3. Dhorkuu/To'achuuf/

Dhorkuu jechuun ammo, hawaasa keessatti waantota hinbarbaachifne irraa nama dhorkuuf fookilooriin iddoo guddaa qaba. Kunis aadaa hawaasaa keessatti kan hinbarbaachifne ykn safuu hawaasaa tuquu kan danda'u akka hindalagne bifa garaagaraan kan gorsu jechuudha.

#### 2.1.2.4. Miliqsuuf

Fookilooriin hawaasa keessatti dubbii jalaa miliquuf, ooluuf afoolli haalaan nama gargaara. Kunis, rakkoo jalaa ba'uuf waantota bifa walaloos haata'u bifa geerarsa garaagaraatiin karaa ittiin miliquu baratan ofkeessaa qaba. Namni kamiyyu, waan keessa jiruun walcinaa qabee haala keessa jiru afoolaan ibsachuu danda'a.

### 2.1.3. Sirna Gaa'elaa

Uummanni kamiyyu aadaa eenyummaa isaa kan ittiin ibsatu keessaa tokko sirna gaa'elaati. Berhanu (1998:54) sirna gaa'elaa yoo ibsu, "Marriage which is practiced in all parts of the world varies in its definition and ceremony from society development on the general socio cultural, economic development and level of technological advancement,''jedha. Sirni fuudhaafi heerumaa kan addunyaa keessatti argamu akkaataa hiika isaatiin garaagara ta'u danda'a. Akkasumas, akkaataan adeemsa isaas hawaasaa hawaasatti garaagara ta'uu isaati. Kunis kan irratti hundaa'u akkaataa guddina hawaasaa, guddina qabeenyaafi akkaataan duubee hawaasa sanaa adeemsa fuudhaafi heerumaaf murteessaadha.

> *Marriage is about love and commitment and keeping both the family line and the next generationgoing.Marriage is honorable before God, and asacred covenant between men, wife, and God Marriage is farming a loyal union to care for any offspring that union produce.To complete each other man and women ''fit''to gather. (http:answersyahoo.com/questions/index?qid=2010058092640AAcq6cd)*

Gaa’elli adeemsa dhiirriifi dubartiin walfuudhuun ijoollee godhatanii abbaa manaafi haadha manaa ta’an, tokkummaan jiraatanidha. Kaayyoon fuudhaafi heeruma hawaasa kamiiyyu inni guddaan dhaloota dhufu uumuun hidda dhaloota biyya lafaarra tursiisuuf karaa seera hawaasni sun qabuun kan geggeeffamudha. Karaa biraatiin ilmi dhiiraafi dubarri kan waliin bultii ijaaranii waliin jiraatanidha.

> *Marriage is legally social sanctional union between one or more husband or more wives thataccords status to their offspring and is related by laws rules, customs, biliefs , and attitudes that prescribed the rights and duties, of partners*
>
> *.(Encylopedia Britania,1992,v7,p87).*

Sirni naqatanii fuudhuu hawaasa keessatti kabajaafi walitti dhufeenya dhiiraafi dubartii idduutti cimsa. Kunis akka walitti dhufeenya amantiin karaa seera qabeessaan kan raawwatudha. Karaa seera qabeessa kan jedhamu karaa mootummaa, duudhaa hawaasaa, amantaafi ilaalcha hawaasni sirnichaaf qabu kan waa’ee sirnichaa irratti mirgaafi dirqama maatiin ijoollee isaanii fuusifachuufis ta’e heerumsiifachuuf qaban wajjin kan walqabatudha. Gaa’ela ilaalchisuun, Dirribiin (2012:85) irratti akka jedhutti, “Gaa’ela jechuun fuudhaafi heeruma ilma ga’eefi intala geesseti. Bu’aan gaa’elaas, jireenya wal gargaaruufi itti fufinsa sanyii namaati,”jedha. Uummanni Oromoos, akkuma hawaasa biroo aadaa hedduu niqabaata. Aadaa uummata Oromoo keessaa immoo aadaan fuudhaafi heerumaa isa tokkodha.

Akka Berhanu (1998:35) jedhutti, “Marriage is one part of culture that has been practice over a long period of time and still exists in our country.” Akka yaada kanaatti biyya keenya keessatti aadaan fuudhaafi heerumaa kan geggeeffamaa tureefi ammas, kan geggeeffamaa jiru ta’uu isaa kaa’a. Akkuma olitti ibsame naqataan fuudhuun adeemsa fuudhaafi heerumaa kan maatiin namaa ilaaluun ofumaa kadhatanii karaa seera qabeessa aadaa hawaasa sanaan maatiin lamaan walii galuun ijoollee isaanii fuusifachuun dhaloota itti fufsiisanidha.

#### 2.1.3.1. Adeemsa Raawwii Sirna Gaa’elaa

Sirni naqatanii fuudhuun jalqabee hanga rawwatamuufi guyyaa rawwii sirnichaa boodattis kan raawwataman adeemsa garaagaraa keessa kan darbudha.

**i. Adeemsa sirna gaa'elaa kan guyyaa cidhaa duraa**

Hayiluu (2016:45) adeemsa sirna gaa'elaa kan guyyaa cidhaa duraa yoo ibsu, laallannaafi kadhannaa, sirni qubeelaafi maallaqa warri gurbaa warra intalaaf kennuun ni raawwatama jedha. Kunis, akka aadaa hawaasa naannoo sanaatti gurbaan intala isaaf taatu ilaallachuun kan warratti himatu yoo ta'u kan warri gurbaa ammoo warra intalaatti jaarsa erguun gaafachiisaniifi warri intalaas yoo tole jedhan biqila akka ilaallatan kan kaa'udha. Akkasumas adeemsa kana keessatti yoo kan walii galan ta'e intala ni kaadhimmatu. Erga walii galanii kennaa qarshii warri gurbaa warra intalaaf kennu. Kana malees, Yenensh (2010) ibsitu, "Sirbi jalbultii gama gurbaafi intala ishee heerumtuun yommuu yeroo cidha isaanii torban lamatti galu galgala sirbu," jechuun ibsiti. Akkasumas, qophiin guyyaa cidhaaf barbaachisanis ni raawwatamu.

**ii. Adeemsa sirna gaa'elaa kan guyyaa cidhaa**

Hayiluu (2016:52) adeemsa guyyaa cidhaa yoo ibsu, "Gulantaan sirna gaa'elaa kun yeroo murteessaa misirroowwan lameen itti ga'eela isaanii itti raawwii argatu waan ta'eef hirmaannaan jiruus gulantawwan gaa'elaa duraafi boodarra cimaadha," jedha. Kunis guyyaa cidhaatti kan raawwatamu akka adda ta'e kan agarsiisudha. Akkasumas, achuma, Guyyaa kanatti waantonni raawwatamanis, hamaamonni akka gara mana intalaa akka deemaniif geggeeffamuu, weedduun arrabsoo gama lamaaniinuu kan dhiyaatu ta'uu, weedduun mararoo gama warra durbaan jiraachuu, marga kennuufi eebba fudhachuu, meeshaan warra intalaan intalaaf kennamuufi warra gurbaan yeroo hamaamonni deebi'an simannaan kan godhamuuf ta'uu isaa kaa'ee jira. Guyyaa fuudhaafi heerumaawaanta raawwatamu Berhanun (1982:165) yoo ibsu, " In the weding preparation, on the wedding  day on oxsheep and goat are made ready to be butchered," jedha. Kunis guyyaa fuudhaafi heerumaatti hoolaniifi re'een qophaa'anii qalamu kan jedhudha.

Erga hamaamonni mana gurbaatti deebi'anii booda nyaanniifi dhugaatiin qophaa'ee abbaa, haadha gurbaafi wasiilli gurbaa misirroota ni eebbisu. Yaada kana Berhane (1982:19)

> *The blessing focuses on the fertility of the couple. In this blessing the father wishes them ever prosperity, love, long life. In adition to fertility as the father completes bleesing the groom cuts the throat of goat infront of the doors and the brige smeer there fore head with the blood and the step on it to the inter the house.*

Kunis, gurbaan intala fidatee yeroo dhufu abbaan gurbaa hoolaa qalee dhiigarra hejjechiisee gara manaatti akka galtu godha. Akkasumas, akka isaan wal jaalatan, waliin jireenya gaarii akka horatan, akka waliin turaniif ni eebbisa kan jedhudha. Kanaan booda guyyuma cidhaa kana waayillan isaanii mucaa gurbaafi intalaa walitti gadhiisu. Walumaagalatti guyyaa cidhaatti raawwii adda addaa akka geggeeffamu kan nama hubachiisudha.

**iii. Adeemsa sirna gaa'elaa kan guyyaa cidhaan boodaa**

Adeemsa sirna gaa'elaa kan guyyaa cidhaa boodaa Hayiluun (2016:75) akka kaa'utti, Gammadinnaa (misiraachoo), irra deebiifi hubiitu adeemsifamaa jedha. Akka yaada isaa kanatti, yoo intalli heerumte kun durba taate gammadaa gammanneerraa jechuun kan warri mucaa warra intalaatti ergan kan ibsu yoo ta'u, deebinis, kan gurbaan fuudhe intala fuudhe jaarsoliifi namoota marga kennan qabachuun hoolaa korbeessa tokko qabachuun gara mana warra intalaa deemanidha. Akkasumas, hubiin ammoo, kan deemsa deebii booda dhufu ta'ee, kan haati intalaa namoota ollaafi firoota ishee qabachuun haala intalli isaanii heerumte keessa jirtu hubachuuf dhangaa garaagaraa qabachuun gara mana gurbaa fuudhee deemtudha. Kuni kan nama hubachiisu guyyaa fuudhaafi heemaa booda akka sirni geggeeffamu kan jiru ta'uu isaati.

### 2.1.4. Gadaa

Gadaa jechuun waan laayyoo/salphaatti hiika isaa himan akka hin taane namoonni garaagaraa ni himu. Yaaduma kana ilaalchisuun akka Dirribii (2014:8) irratti ibsutti, "Gadaa jechuun waan hima tokkoon ibsamu miti. Waan akka malee guddaafi icciitii gadfagoo waan of keessaa qabu; hundee seenaa, siyaasaafi amantaa uummata Oromooti,''jedha. Akka yaada kanarraa hubatamuutti, Gadaan kana jechuun salphaatti hiika isaa kennuun ykn himuun akka salphaa hin taane kan agarsiisudha. Kunis, kan ibsamuu danda'u jiruufi jireenya uummata Oromoo waliin akka wal qabatu kaa'a. Gadaan sirna ittiin bulmaata sirna uummata Oromooti. Akkasumas, sirna dimookiraasii uummata Oromootiin uumamedha. Kana malees, Gadaan maqaa garee ykn paartii bara saddet-saddeetiin aangoo wal jijjiiruuti.

Gadaan sadarkaa umurii,qoodaafi itti gaafatama adda addaa itti qabaatanidha. Sadarkaa Gadaa ilaalchisuun Dirribii (2014:12) irratti akka kaa'utti, "Sadarkaa Gadaa tokkoo keessa Oromoon tokko bara saddet tura. Sadarkaa tokkoo gara sadarkaa biraatti darbamu sirna, qoodaafi itti gaafatama adda addaatu raawwatama,''jedha. Kunis, kan agarsiisu turtii waggaa saddet turan

keessatti hojiilee hojjetan akka qabaniifi turtii kana keessaa gara biraatti yeroo ce'an sirna qopheeffatan akka qaban kan nama hubachiisudha.

Akkasumas Gadaa ilaalchisuun achuma (2014:14) irratti akka ibsametti, "Gadaan seera hawaasaa, sirna Oromoonni itti wal bulchan, kan mirgaafi biyya isaanii ittiin eeggetaniifi dinagdee isaanii ittiin to'atanidha," jedha. Kunis, kan nama hubachiisu Gadaan seera hawaasaan hawaasaaf ba'ee kan ittiin Oromoonni wal bulchaniifi mirga ofiifi kan biyya ofii ittiin kabajataniif dinagdee ofiillee ittiin guddifatan ta'uu isaati. Itti dabaluunis, Gadaa Melbaa (19 81:14) irratti akka barreeffametti, " Gadaan seera hawaasaa, sirna Oromootni ittiin wal bulchan kan biyyaafi mirga isaanii ittiin eeggataniifi dinagdee isaanii ittiin toyatanidha." jedha. Kunis, kan agarsiisu Gadaan seera hawaasni tolchatee ittiin dhimma ba'aa kan ture ta'uu isaa kan agarsiisudha.

### 2.1.4.1. Hojii Gadaa

Hojii Gadaa ilaalchisuun, Dirribiin (2014:58) irratti akka kaa'utti, "Gadaan mootummaa uummata Oromooti. Akkuma kan ormaa mootummaan Oromoos haala hojiidhaaf mijataa ta'een ijaarameetu biyya hoogganaa,"jedha. Kun kan mul'isu bulchiinsa Gadaa keessatti akkaataa haala bulchiinsa isaatiif mijatuufi hawaasa geggeessaniif tolutti akka hojjetan kan agarsiisudha. Gadaan hayyoota sagaliin hoogganamuufi hojjettoota hedduu of jalaa qabu hojiilee kanaa gadii dalaga.

> *Gadaan 1.seera tuma 2.seera mura 3.biyya misoomsa 4.diina biyya irraa ittiseetu nagaa biyyaa eega 5.gumaa araarsa; kan araara dide ni adaba 6.haraamuu haraama baasa 7.orma(amba) ni moggaasa, Oromoo immoo ni guddifata 8.kooluu galcha 9.aadaa,amantaafi dhaha uummata Oromoo to'atee guddisa. Akkasumas, nama gosa daare keessumaa dubartii fira aantee dhabde gosa ittu uwwisee; gosa, abbaafi obboleessa argachiisa. Dirribii(2014 f-59)*

Kun kan agarsiisu hojiin Gadaan hawaasa hoogganuuf taasisu hedduufi barbaachisoo ta'uu isaati.

Hojii Sirna Gadaa ilaalchisuun akka Gadaa Melbaa (1981:14) irratti taa'etti, " Sirni Gadaa bu'uura dimookiraasii sirna siyaasaa ta'ee hojjeta," jedha. Yaadni kunis, Sirni Gadaa bu'uura siyaasaa ta'uun akka hojjetu kan ibsudha.

### i. Gadaan Seera Tuma

Uummanni Oromoo uummata seera ofuma isaatiin akka isaaf ta'utti seera tumatuufi seera tumates, hojiirra oolchuudhaan beekamudha. Yaaduma kana waliin kan wal qabatu akka Obbo Dirribiin (2014:59) jedhutti, "Seera Gadaa Booranaa, Gadaa Gada'oo Galgaloofi Daawwee Gobbootiin dursamutu tume.Seera Gadaa Tuulamaa,Gadaa Cangaree Korbeefi Harruu Maaruutiin dursamutu tume. Seera Gadaa Machaa, Gadaa Makkoo Biliitiin dursamutu tume jedhama,''jedha. Kunis kan agarsiisu Gadaan hojii isaa keessaa seera tumuun akka seerri tumame sun ammoo, hojiirra ooluun hawaasa isaa tajaajiludha.

### ii. Gadaan Seera Mura

Gadaan seera muruudhaan garee abbaa seeraatiin hoogganamu seera muraa qaba. Seerri kan muramu nama seera darbe hundarrattidha. Yaada kana cimsuuf, Dirribii (2014:66) irratti akka kaa'utti, "Nama seera cabse kamii soda malee adaba. Abbaan Gadaa mataan isaallee seeraan ol miti. Ni adabama. Abbaa Gadaa hin ajjeesan malee ni buqqisan, ni adaban yoo inni balleesse,''jedha. Waraabbiin kun kan agarsiisu olaantummaan seeraa durumaan sirna Gadaa keessatti kabajamaa ta'uu isaati. Dabalataani adabbii ilaalchisee kitaaba Seenaa Eenyummaa Oromoo (2014:62) irratti akka barreeffametti, "Oromoon nama yakka raawwatee yeroodhaan falachuu hanqate akka balleessaa isaatti ilaalee adabaa ture. Innis, irraa qala, waaninni qabu irraa saama; uleedhaan dhaana; biyyaa baasa, yakkamaa hamaa immoo galaana buusuun du'aan adaba malee, akka warra Habashaa luka, harka, arraba hinmuru, ijas, hinjaamsu ture," jedha. Akka yaada kanaatti, Sirna Gadaa keessatti Oromoon yakkamaa tokkoof akkaataa yakka isaa waliin wal madaaluun kan adabamu ta'uu kan agarsiisudha. Akkasumas, yakka dalage sanaaf qaamni isaa akka hinhir'ifamne ta'uu kan nama hubachiisudha.

### iii. Gadaan Biyya Misoomsa

Hojii Gadaa kana yoo ibsu Dirribiin (2014:69), "Gadaan biyya misoomsa yommuu jennu dinagdee, aadaa, seera, dhahaafi amantaa to'atee guddisee dagaagsaa jechuudha,''jedha. Kunis, kan agarsiisu bilchiinsa Sirna Gadaa keessatti hojiin Gadaa misooma saba isaatiif xiyyeeffannoo guddaa akka kennu kan nama hubachiisudha.

**iv. Gadaan Diina Biyya Irraa Ittisa**

Diina jechuun waan ati qabaatte ykn qabdu hinaafuun waan hawwe kana ammoo kan isaa godhachuuudhaaf daangaa ce’ee saamuu barbaadudha. Kana hanbisuuf ammoo Gadaan itti gaafatama qaba. Dhimma ittisa daangaa waliin wal qabsiisee Dirribiin (2014:70) irratti akka kaa’utti, “Sirni Gadaa akka gaariitti diina ofirraa ittisa. Dhimma ittisa kanaaf sadarkaa Gadaa Kuusaa (umurii 24-32)tu akka hoomaa waraana iddileetti of ijaaree biyya eega. Kana malees, yoo waraanni daangaa Oromoo cabsuu barbaade namootni umurii 8-88 jidduu jiran biyya ofiirraa deebisuuf dirqama qabu,” jedha. Yaadni kunis namni kamiyyu akka sirna Gadaatti biyya isaa eeguuf dirqama akka qabu nama hubachiisa.

### 2.1.5. Fakkoomii

Fakkoomiin adeemsa hawaasni aadaa tokko qabu sirna, aadaafi duudhaa isaa keessatti mallattoo ykn bakka bu’insa yaadaa waan tokkoo kan ittiin ibsudha. Kanaafuu fakkoomiin sirna mallattoo yookiin bakka bu’insa yaadaa dhimma tokkoon walitti hidhatuufi hiika argatudha. Fakkoomiin hawaasa addda addaa keessatti hiika garaagaraa qabaachuu danda’a. Hiikni fakkoomiifi kan xinqooqaas garaagara ta’uu hayyoonni ni ibsu. Jechaafi fakkoomii ilaalchisuun hayyuun Todorov (1982:18) yoo ibsu, “The knowledge we already have of verbal symbolism is in comparably richer than our knowledge of other forms of symbolism. The linguistic symbolism is the easiest to handle while at the same it is probably the most complex manifestation of symbolism.’’ Akka yaada hayyuu kanaatti beekumsi durumaan sammuudha qabnu fakkoomiin jechaa haala dorgommii hinqabneen beekumsa nuti fakkoomii biraa irratti qabnu ni caala. Kanaafuu beekumsi fakkoomii xinqooqaa hubachuuf kanneen hunda caalaa ni salphata. Fakkoomiin yaada cimdii ta’e qabata.

Fakkoomiin mallattoofi ibsa isaa qabatee dhiyaata. Yaada kana hayyuun Turner (1967:30) yoo ibsu, “Symbols selects certain pairs (symbol interpretation) among set defined in the very structure of symbolism,’’jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti fakkoomiin waanta cimdii qabate ta’ee caasaa fakkoomichaatiif hiika kenna. Kun ammo mallattoo kanaaf, uffanni aadaafi waantonni hawaasni sirna fuudhaafi heerumaa kana keessatti raawwataman safuufi hiika mataa isaa danda’e waan qabaniif akkuma akaakuu isaanii adda adda ta’e fakkoomiin isaaniis adda adda. Fakkoomiin gosa garaagaraa qabaachuu danda’a. Gosa fakkoomii kana keessaa muraasni kanneen armaan gadii kana ta’u.

### 2.1.5.1. Fakkoomii Mallattoo Argamuu

AkkaSolomon (2007:258) ibsutti, mallattoowwan yaada tokkoofi isaa ol bakka bu'uudhaan hawaasa gidduutti walii galteen akka uumamu godhu. Mallattoowwan kunniin beekamtii bal'inaan qabaachuu isaanii irratti hundaa'uun iddoo lamatti qoodamu. Isaanis, kanneen akka addunyaatti beekamaniifi kanneen akka hawaasa naannoo tokkootti beekamani. Mallattoowwan akka addunyaatti beekaman keessa muraasni fannoon kiristaana, gugee adiin nageenyatti fakkeeffamu.

Mallattoowwan akka hawaasa naannootti beekaman ammoo ulee balbala dhaabuun xaasaa irratti fannisuun farsoon jiraachuu, uffata(golgaa) balbala irratti fannisuun daadhiin akka jiru agarsiisu. Akka Solomon (2007:300) irratti ibsetti, iddoowwan hawaasni Oromoo itti wal ga'u keessaa tokko muka Odaa jalatti. Mukti Odaa baalli isaa yabbuu waan ta'eef raammoon Kan hin nyaanne, yeroo aduus ta'e, yeroo bookaa akkasumas, waldhabdee hiikuuf wal ga'ii geggeessuufi kkf.faayidaa guddaa qaba. Haala knaan fakkoomiin Odaa yoo ilaalle baay'inni dame isaa dagaagina sabichaa fakkeeffama. Jirmi isaa tokko kun ammo,hundeen sabichaa tokko ta'uutti fakkeeffama. Waan kana ta'eef fakkoomiin kun akka uummatni Oromoo amanuttis,ta'e akka sabni biroon fakkii odaa yoo argu kan uummta Oromoo ta'u dhugaa ba'u.  Kanaaf, mukti Odaa uummata Oromootti fakkeeffama.

### 2.1.5.2. Fakkoomii Sochii Qaamaa

Fakkoomiin Sochiin qaamaa aadaa sabichaa irratti hunda'uun akka mallattoowwaniitti tajaajilan ni jiru. Kunis harka,quba, fuula, mataafi kkf eyyentaafi hi eenntaa agarsiisuu danda'a. Fakkeenyaaaf, quba akeektuu mormarra dabarsuun sin qala jechuutti fakkeeffama. Mataa bitaafi mirgaatti raasuun diddaa, mataan gad jechuun ammo kabajatti fakkeeffama. Akkasumas, harka olkaasanii bitaafi mirgatti raasuun nageenya agarsiisuutti fakkeeffama.

### 2.1.5.3. Fakkoomii Abjuu

Fakkoomiin abjuu waantota abjuun namatti dhufaniifi namoota kennaa addaa abjuu hiiku irratti qabaniin xiinxalamee hiikichi fakkoomii tokko bakka bu'udha. Yaada kana fakkaatu Frued (1963:150) "The contrast relation of this kind between a dream element and its relation …as a symbolic one and the dream element it self as a symbolic of the unconscious dream thought,''jechuun ibse. Haala kanaan fakkoomiin abjuu hariiroo waanta abjuun namatti

mul'ateefi hiika akka fakkoommiitti ilaalamuuti. Waantonni abjuun namatti dhufan mataa isaaniin waan osoo hin yaadin ta'udha. Fakkoomiin kun ammo, haala waanti abjuudhaan namatti mul'ate sun hiika itti kennamu qaba. Fakkoomiin abjuu keessatti akkaataa aadaafi amantaa hawaasichaatti waan itti fakkeeffamu kan mataa isaa niqaba. Kunis fakkoomiifi waan osoo itti hin yaadiin sammuu namaatti dhufu wajjin wal qabata. Haala kanaan fakkoomiin abjuu aadaafi amantaa hawaasa tokko irratti hundaa'uun bifa adda addaatiin hiika argata.

### 2.2. Yaaxina Fookiloorii

Qorattoonni fookiloorii firiiwwan fookiloorii irratti yeroo qorannoo geggeessan adeemsa qorannoo isaanii fuullaffachuuf, akkasumas, ragaa ittiin qoratan kallattii isaa kaayyachuuf yaaxinaalee adda addaatti akka fayyadaman qorannoon ni addeessa. Haaluma kanaanis qorataan kun qorannoo isaa kan adeemsisu yaaxina duudhaa hawaasaatti kan dhimma ba'u ta'a

#### 2.2.1. Yaaxina Aadaa Hawaasaa

Akkaataa dayeessa kanaatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu taasisuudha. Bu'aan hawaasaa waantotni hawaasaan uumaman xiyyeeffannoo argachuu qaba kan jedhudha. Akkasumas qorannoon fookiloorii waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, qabeenyi uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galuu qaba yaada jedhu kaa'a. Kanaaf qorannoo kana keessatti dayeessa aadaa hawaasaa (Folk cultural theory) fayyadama.

#### 2.2.2. Yaaxina Tajaajilaa

Yaaxinni fayyadeessummaa uummata yookiin gartuu fookii/group folk/ keessatti looriiwwan garaa garaa argaman uummatichaaf faayidaa inni kennuufi hawaasicha keessatti hiika akkamii akka qabu agarsiisuuf xiyyeeffannoo kan taasisudha. Yaaxinni kun durdurii, ragamtaa, mammaksota, amantiifi qabeenyawwan bu'uuraa biroo hawaasummaan, dinagdeen, aadaafi faayidaalee biroo kennuuf hawaasicha biratti hiika akkamii akka qabaatu xiyyeeffachuun yaaxina dhimoota fookloorii xinxaludha.Yaaxinuma kana Simsfi Stephens (2005) yeroo ibsan

> *Folklore communicates it is an ongoing process of expration information and beliefs with in folk group. When we talk about interpreting folklore, many times people ask what does this folklore communicate to the member of the group who are sharing it? One of the ways folklorists concider meaning is to examine the way folklore functions in the community.(174)*

Akkuma yaada kana irratti dhiyaatetti fookilooriin odeeffannoo waa'ee waan gareen hawaasa tokkoo irra jiru, itti amanu ni ibsa. Waa'ee hiika fooklorii yoo dubbannu yeroo baay'ee uummani kan gaafatu, fooklooriin kun kan garee hawaasaa beekumsa waliin qooddatee maal dubbata? Karaalee hayyoonni fooklorii hiika ittiin xiinxaalan keessaa tokko haala itti hawaasa keessatti tajaajiludha.

### 2.3 . Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Mataduree kana jalatti waraqaalee qorannoo qorataan kun adeemsisuuf jiru kana waliin walitti dhufeenya qaban ykn walfakkaatan kan itti dhiyaatanidha. Kanaafuu mataduree qrannoo kanaan guutum maa guutuutti kan walfakkaatanii hojjetaman hanga ammaatti kan hinargamne ta'uyyu,kan mata duree kanatti dhiyaatan ni argamu. Haaluma kanaan qorataan qorannoo kana yeroo geggeessu waraqaalee qorannoo garaagaraa kanaan dura hojjetaman sakatta'uun mataduree qorannoo kanaan kan walitti dhufeenya qaban ykn walitti dhiyaatu jedhee yaade haala armaan gadiin ta'a.

Asnaaqech Taayyee (2007) qorannoo digirii tokkoffaa guuttachuuf mata duree “Sirna boolla Qayyaa Godina Sablammii Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii” jedhu irratti kan geggeessite yoo ta'u kaayyoon qorannoo ishees adeemsa raawwii boolla qayyaa, miidhaginaaf akkamitti akka itti fayyadamaniifi sirna ittiin geggeeffamu irratti kan bu'uureffatudha. Qorannoo kana keessatti guyyaan qayya geessaa jedhamu mataa isaa of danda'ee kan akka moggaasa tokkootti ittiin sirni tokko geggeeffamu ibsamee jira. Guyyaan kunis kan maatiiniifi hiriyyoonni intalaa qayyaafi meeshaalee barbaachisoo ta'an qabatanii dhufan yoo ta'u kunis akka adeemsa sirna qulfoo keessaa isa tokko ta'eetti akka ilaalamutti kan taa'udha. Qorannoo isaan kana lamaan kan wal isaan fakkeessu lachanuu kan aadaa hawaasa aanaa tokkoo irratti geggeeffamu ta'uu isaaniiti. Kana malees, afaan tokkoon geggeeffamuun isaanii tokko isaan taasisa. Haa ta'u garaagarummaas ni qabu. Qorannoon kun qorannoo qorataa kana irraa kan adda ta'u waa'ee sirna boolla qayyaa qaaccessuu irratti xiyyeeffatu yoo ta'u kan qorataa kanaammoo aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo Walloo keessaa sirna sirna qulfoo irratti kan xiyyeeffatudha. Kunis adeemsa sirna qulfoo, miseensota sirnichaa, qabiyyee sirnichaa, faayidaa sirnichi hawaasaaf qabufi fakkoomii isaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatudha.

Fayisaa Addunyaa (2016) ulaagaa Digirii lammaffaa guuttachuuf, “Xiinxala adeemsafi fakkoomii sirna fuudhaafi heeruma Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa,” jedhu irratti

qorannoo kan taasise yoo ta’u qorannoon kun ammoo qaaccessa sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii irratti kan geggeeffamedha. Qorannoon kuniifi mata dureen kun kan walfakkaatan sirna fuudhaafi heeruma Oromoo walloo irratti ta’uun yoo ta’u qorannoon kun waantanni adda irraa ta’u sirnoota fuudhaafi heerumaa jiran keessaa sirna qulfoo gad fageenyaan qaaccessuun beeksisuudha. Sirni qulfoo ammoo kan guyyaa fuudhaan booda geggeeffamudha. Garaagarummaan qorannoo kanneen lamaanii kaayyoo isaan qabatamii ka’an adda addaa. Kunis qorannoon kun sirna qulfoo qaacceessuu kan jedhu kaayyeffatee kan hojjete yoo ta’u kan qorannoo wal fakkii kanaa ammoo adeemsa fuudhaafi heerumaa hunda qaaccessuu kan jedhu qabatedha. Haa ta’u malee, adeemsota fuudhaafi heerumaa keessaa kan erga sirni gaa’elaa raawwatee ta’u maqaa dha’uurraa kan hafe gad fageenyaan hin qaaccessine. Kanaaf qorannoo kana keessatti sirni qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa hawaasa Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii haalan qaacceffameera.

Hayiluu Hundee (2016) ulaagaa waraqaa Digirii lammaffaa guuttachuuf mataduree,“Xiinxala Adeemsa Sirna Gaa’elaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu,” kan jadhudha. Qorannoon isaa kan irratti xiyyeeffatu adeemsaafi fakkoomiwwan sirna gaa’ela Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduutti jiru xiinxaluun beeksisuudha. Qorannoon kun ammo, mata duree qaaccessa sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii ta’ee Godina Saba Oromoo irratti kan geggeeffamedha. Kan isaan itti wal fakkaatan lamaanuu sirna fudhaafi heerumaa irratti geggeeffamuu isaanidha.

Kana malees, Yeneneesh Saamu’eel (2010) ulaagaa waraqaa Digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree, “Qaaccessa sirba fuudhaafi heeruma Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Giddaa,” jedhu irratti qoratteetti. Qorannoo ishee kana keessattis adeemsa guyyaa fuudhaafi heerumaa irratti sirboonni aanaa kana keessatti sirbaman sirboonni arrabsoo qaacceffamaniiru. Qorannoon kun mata duree qorannoo kanaa waliin sirna fuudhaafi heerumaa irratti ta’uun wal isaan fakkeessa.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Kutaa qorannoo kana keessatti qaaccessa sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Walloo Godina Saba Oromoo irratti kan geggeeffamu ta'ee akkaataa sirna qulfoo, ga'ee miseensota sirna qulfoofi faayidaa sirni qulfoon hawaasa abbaa qabeenyaa kana ta'e keessatti qabu karaa ittiin qaaccessamu kan kan agarsiisudha. Boqonnaa kana keessatti matadureewwan saxaxa qorannoo, mala qorannoo, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamaniifi mala odeeffannoo qorannichaa qaaccessuu keessatti gargaaraman dhiyaataniiru.

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun Sirna Qulfoo aadaa fuudhaafi heeruma keessatti qabiyyee,fakkoomiifi ga'ee isaa qaaccessuu yoo ta'u ragawwan madda adda addaa irraa argaman qaaccessuuf mala qorannoo akkamtaa itti gargaarama. Qorannoon akkamtaa qaaccessa ergaa sirnoota cidhaa qaban ragawwan karaa garagaraatiin sakatta'uuf nimijata. Saxaxa qorannoo ilaalchisee Addunyaa (2011:63) yommuu ibsu, saxaxni qoraannoo waliigala qorannichaa nito'ata. Qaama qorannoo kana keessatti argamu, akkamitti akka dalagamellee nito'ata. Qorannichi maal akka fakkaatu adda baasa. Xiyyeeffannoon qorannoo akkamtaa saxaxa ibsaa irratti hundaa'a. Kan ibsamus odeeffannoo akkamtaa irratti yoo hundaa'e saxaxni isaa akkamtaa (qualitative descriptive) kan itti dhimma ba'udha.

Mala ittiin qulqulleeffatan ammoo maloota garaagaraa kan haammate yoo ta'u kanneen keessaa qorannoo kanaaf mijataa ta'e mala aadaa hawaasaa irratti kan xiyyeeffatedha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa hawaasa Oramoo Walloo Godina Addaa Saba Oromoo Aanaa Arxummaa Fursii irratti kan xiyyeeffatudha. Malli qorannoo kun mit-carraan (non-probability sampling) itti yaadamee kan geggeeffamedha.

## 3.2. Iddattoo

Iddattoo jechuun tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa waantata ykn namoota ragaa kennuu danda'an filachuu jehuudha. Kun ammoo iddatteessuu akkayyoo(purposing sampling) isa jedhu ta'a. Yaada kana Addunyaan (2011:67) irratti yoo ibsu,akaakuun iddatteessuu mit-carraa kan qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Akkayyoo kan jedhames akka kaayyoo qorannichaatti ykn qoratichaatti odeefkennitoota ykn deebistoota filachuun qorataan iddoo odeeffannoo irraa

argatu murtoo mataasaatiin akka deemu ibsa. Yaada kana deggeruudhaan qorataan kun mala iddattootti akkayyootti gargaaramuudhaan kaayyoo qoranoo kanaa galmaan ga'uuf mala kana gargaarame.

Tuuta jiru keessaa malleen iddattoon itiin filatamu baay'een akka jiru beektotni garaagaraa ni ibsu.Ta'us tooftaalee jiran keessaa akka qorannoo geggeessamu waliin deemutti qorataatiin filatameeti. Kanaafuu namoonni odeeffannoo kennan kun mala ittiin filataman mala iddattoo kaayyoo/murtii/ fayyadamuudhaan ta'e. Iddaattoon kunis gandoolee aanicha keessatti argaman irra deemuun akkataa qorataaf mijatu irratti hundaa'uun gandoolee qoratichatti dhiyaatan irratti baay'inaan argamuun warren qorataa irraa fagaatan irraa ammo sirna tokko tokko irratti argamuun kan qorannoo isaa geggeessedha.

Akka Yeneenesh (2010), Flick (2002), Leslie and Mary (1993) wabeeffattee keessetti waa'ee mala kanaa yoo ibsan, mala iddattoo kana keessatti bakka buutonni kan filataman murtii isa qoratuutiin akka ta'e ibsu. Kanaafuu, iddattoon filataman yeroo qorannoon kun geggeeffametti gandoolee qorataatti dhiyaatan irratti baay'inaan sirna qulfoo fuudhaafi heerumaa raawwataman irratti. Namoonni afgaaffiidhaaf iddatteeffaman namoota gurguddoo ta'anii kan sirna qulfoo irratti beekumsa ga'aa qaban ykn sirna kana keessatti dhimma ba'aa turan, akkasumas, sirna kana ibsuu danda'an jedhamanii yaadamanidha. Baay'ina iddattoo walii gala keessaa namoota dhiira 10fi dubarti 1 walumatti namoota 11 irraa haala kanaan odeeffannoo afgaaffiif filatamaniiru.

Mala iddatteessuu inni biraan ammoo mala iddatteessuu mit-carraa kan ta'e iddatteessuu eeruu ykn darbaadabarsaati. Waa'een mala kanaa hayyuun Sarantakos, (2005:165) akka ibsutti, mala kana keessatti namoota waa'ee mata duree qorannichaa irratti hubannoofi beekuma ga'aa qaban namoota biraa akka eeraniif gaafachuun ykn iyyaafachuu mala iddattoon itti ibsamu ta'uu isaa ibseera. Sababni malli kun filatameef, namoonni hunduu aadaa irratti muuxannoo wal qixa ta'e waan hin qabneef warra odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'e kennuu danda'an argachuufidha. Kanarraa ka'uudhaan namoota sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa ilaalchisee muuxannoofi beekumsa qaban jedhaman dhiirota torbaafi dubartoota 2 kan biiroon adaafi turiizimii aanaa Arxummaa Fursiifi namootni isaantu irra beeka jechuun na qajeelchuun mala iyyaafannoo fayyadamuun afgaaffiin karoorfamanii odeeffannoon irraa funaanameera.

### 3.3. Tooftaalee Odeeffannoon Itiin Funaanaman

Qorannoo tokko geggeessuuf odeeffannoon funaanamuu qaba. Odeeffannoon kun ammoo,meeshaalee ittiin funaanaman murteessu. Haaluma kanaan qorataan yeroo qorannoo kana geggeessu meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka daawwannaa dirreefi afgaaffii gargaaramee qorannoo isaa nigeggeessa

#### 3.3.1. Af Gaaffii

Afgaaffiin meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkodha. Malli kunis mala qorataan fuulaafi fuulatti odeefkennaa waliin wal arguun odeeffannoo qorannoo isaatiif barbaadu afaaniin gaafachuun funaannatudha. Namoonni hundi waa'ee aadaa sirna qulfoo waan walqixa hinbeekneef malli odeeffannoon ittiin funaanamu kun mala warreen kaanirra filatamaadha. Afgaaffii gartokkeen qindaa'e muraasa qopheeffachuun gara ragaa funaanuu erga deemee booda odeeffannoo odeefkennitootni kennan irratti hundaa'uun gaaffilee deebii qorannoo isaaf oolan qorataan gaafachuu ni danda'a. Bu'uuruma kanaan ragaa odeefkennitootni beekan waa'ee sirna qulfoo, adeemsa isaa, qabiyyee isaafi faayidaa isaa akka kennaniif ni gargaara.

Qorataan kun kana bu'uura godhachuudhaan yaada odeef kennitootni kennan irratti hundaa'ee gaaffilee biro gaafatee odeef kennitootni kennan irratti hundaa'ee gaaffilee biro gaafatee yaada dabalataa argatee odeeffannoo funaannateera. Haala odeefkennitoonni keessa jiran irratti hundaa'uunis gaaffilee fooyyessee gaafachuun odeeffannoo bal'aa argachuu danda'eera. Mala kanaan odeeffannoo funaanuuf qorataan jalqaba gaaffilee qorannoo isaatiif deebii ni ta'u jedhee yaade gaaffilee 11 qopheeffate. Gaaffileen kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu isaanii erga mirkaneeffatee booda bakka qorannoo isaatiif odeeffannoo argatu deemee odeeffannoo funaannate. Odeeffannoo haala kanaan funaannates yeroo isaan deebii kennan kan sagalee isaanii mobaayiliin waraabbatedha. Odeeffannoo daawwannaan argamuu hindandeenye afgaaffiitti fayyadamuun odeeffannoo guurrachuu ta'a. Namoonni odeeffannoo kana kennanis, kanneen dhimma sirna qulfoo haalaan beekaniifi sirna qulfoo irratti hirmaataa jiranidha.

Gaaffiwwan gaafatamanis baay'inaan ergaa sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti maal maal akka ta'an haala akkamiin akka raawwatamu akka aadaa hawaasichaatti ibsu. Adeemsi gaaffiin ittii adeemsifamu kunis,gaaffii banamaa kan filannoo hinqabne waa'ee aadaa sirna qulfoo fudhaafi heeruma keessatti namoota hubannoo sirnichaa qabaniif bifa afgaaffiin

dhiyaataaf. Odeeffannoo bifa kanaan guuramus aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti yaada argate gara qaaccssaa deema.

### 3.3.2. Daawwannaa

Qorannoodhaaf ragaalee funaanuu keessatti meeshaa qorannoo kan qoratichi funaansa ragaaleetiif daawwannaa filateef guyyaa jalqabbii hanga xumura sirna qulfoo irratti qaamaan argamuudhaan ta'insoota sirnicha irratti ta'an daawwachuudhaan ragaalee walitti qabachuun qorannicha irra caalaa bu'a qabeessa taasisa. Akkasumas aadaa jiru waan ijaan argee ibsuuf fudhatama akka qabaatu taasisa. Kana malees odeeffannoo afgaaffiin bira hingeenye argachuuf qoraticha gargaareera. Qoratichi daawwannaa kan taasise kan guyyaa jalqabbii sirna qulfoo irraa hanga guyyaa xumura sirna qulfootti yeroo adda addaa bakka adda addaatti qaamaan irratti argamee daawwachuun, akkasumas viidiyoos waraabbachuun odeeffannoo argate gara barreeffamaatti deebisuun kan qaaccessedha. Kan daawwatames, kan yeroo miseensonni sirna qulfoo seenuuf galmaa'an, guyya qayya geessaa, guyyaa miichaafi kan yeroo intala heerumteef maqaa baasan qaamaan sirna sana irratti argamuun kan dawwadhedha.

## 3.4. Mala Odeeffannoo Qaaccessuu

Qorataan kun odeeffannoo funaannachuuf mala qorannoo akkamtaatti gargaarameera. Haala kanaan odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaalee daawwannaa dirreefi afgaaffii argate barreeffamatti jijjiiree ragaalee walfakkaatan bakka tokkotti gurmeessuufi qooduun mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun jechaan ibsee jira. Haaluma kanaan Dastaan (2013:143) adeemsa qorannoo qulqullinaa ibsuun wal qabate akka kaa'utti, "Odeeffannoo qorannoo qulqullinaa addeessinee ibsinaa. Addeessanii ibsuu keessatti gabatee, giraafiifi fakkii fayyadamuun murteessaa miti; murteessaan afaan qorannootti fayyadamanii jechootaan sirriitti ibsuu danda'uudha. Ibsi sun akka asoosamaa kalaquudhaan kan miidhagsan osoo hintaane dhugaa jiru sana ragaadhaan deggeranii akka dubbistootaaf ifa ta'utti dhiyeessuudha," jechuun kaa'ee jira. Akkuma yaada kanatti qorataan kun qorannoo kana keessatti odeeffannoo odeefkennitoota irraa guurrate ragaa qabatama argate waliin jechootatti fayyadamuun ibseera.

## 3.5. Namuusa Qorannoo

Qorannoon yeroo geggeeffamu adeemsaafi namuusa mataa isaa qaba. Namni qorannoo geggeessus of eggannoo gochuun dhimma qoratu sana seeraan adeemsisuutu irra jira. Kunis hawaasa sanaan wal fakkaatanii akka isaaniitti yaaduufi raawwachuun safuu hawaasichaa eegaa

itti deemudha. Qorataanis hawaasa kana wajjin turtiiisaa dursa waan gochuu qabufi dhimma laguu ykn dhowwaa qabu dursee gaafateera. Sanaa booda sirnicharratti argamuun waan waraabbachuufi suura kaasuun dhorkaa ta'e yoo jiraate irraa of eeguun hawaasichaaf amanamuun dhimma ba'e jira. Bakka waraabbiifi suura kaafachuun danda'amutti ammo maaliif akka barbaachise dursee itti himuun fedhii isaanii irratti hundaa'uun bakka isaan eeyyamamoo ta'anitti kaafachuun dhimma itti ba'eera.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO

Boqonnaa kana jalatti ragawwan qorannichaa mala qorannoo garaagaraa fayyadamuun funaanamantuu qaacceffamuun hiikama. Kunis, odeeffannoowwan argaman mata duree adda addaatti qoqqooduun erga tartiibaan kaa'ee booda qoratichaan qaacca'uun hiikni itti kennama. Haaluma kanaan odeeffannooleen ijoo boqonnaa kana jalatti ka'an adeemsa sirna qulfoo, miseensota sirna qulfoofi ga'ee isaanii ibsuu, qabiyyeewwan sirna qulfoo irratti argamanii, nyaataafi dhugaatii sirna qulfoo irratti qophaa'anii ibsuu, faayidaa sirni qulfoo qabufi fakkoomiin sirna qulfoo irratti argamanii tokko tokkoon qaacceffamaniiru.

## 4.1. Maalummaa Sirna Qulfoo

Abdusalam (2004:85) akka ibsutti, "Sirni qulfoo dame fuudhaafi heeruma Oromooota Walloo keessaa tokko yoo ta'u innis gadaa dagaagina dhaloota ilma namaa tokko irraa gama itti aanutti darbuun kutaa jireenya haaraa kanaaf gala isa barbaachisu itti gudunfatudha.'' Kunis, kan agarsiisu sirna fuudhaafi heerumaa keessaa akka sirna tokkotti kan ilaalamuufi jireenya gara fuulduraaf bakka bu'uuraa ta'uu isaa kan himudha. Itti dabaluunis achuma irratti faayidaa sirni qulfoo intala heerumtee dhufteef qabu ilaalchisee

> *Muuxannoo bulmaataa kan ittiin gonfatu,hirma guddina dhala namaa ittiin jabeeffatudha.Akkasumas, gama misirrittiin qulfoon sirna aadaa jiruufi jireenya hawaasa ittiin leenjifamtuu,akkaataa keessummaan itti simatamu kan itti barattu,keessummummaan ishee,saalfiifi kophummaan osoo itti hindhaga'amiin mukaa'uun alatti hawaasa gurbaa,firootaafi hiriyyoota isaatiin wal bartu,qabeenya isaanii akka itti qabattu kan ittiin leenjitu sirna bulmaata aadaa Oromooti. Fuula 85.*

Akka yaada kanaatti sirni qulfoo intala heerumtee dhufteef bakka isheen itti haala jiruufi jireenyaafi walitti dhufeenya hiriyyootaf firoota abbaa manaa ishee itti argattu akka ta'e kan agarsiisudha.

Akka odeef keanaan koo Huseen gaafa guyyaa 19/07/11tti afgaaffii taasifameen maalummaa Sirna qulfoo akka ibsetti, "Sirni qulfoo kan guyyaa fuudhaafi heerumaan booda mana gurbaa fuudheetti hiriyyoota isaatiin jalqabamee hanga torban lamaatti turudha. Namoonni sirna kana irratti hirmaatanis, waantota sirna sana keessatti barbaachisu guuttachuun kan sirna kana raawwatanidha." jedha. Kunis kan agarsiisu Sirni qulfoo mana gurbaa fuudheetti hiriyyoota

isaatiin kan raawwatamu ta'uu nama hubachiisa. Itti dabaluunis, Sayid Hasan gaafa guyyaa 11/10/11 akka maalummaa Sirna qulfoo ibsetti, "Sirni qulfoo durumaan abboota keenyaan raawwatamaa dhufee kan as ga'eefi haala nama gammachiisuun, barsiisuun, gorsuunifi kan dogoggore karaatti deebisuuf dhimma ba'amudha. Akkasumas, Sirna qulfoo keessatti kan intalli heerumtee dhufte haala maatii warra itti heerumtee dhuftee itti hubattudha," jedha. Kunis, kan agarsiisu Sirni qulfoo durumaan hawaasa Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursiin kan raawwatamaa tureefi faayidaa garaagaraa akka qabu kan mul'isudha.

### 4.2. Adeemsa sirna Qulfoo Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii

Adeemsa sirna qulfoo jechuun waantota sirna sana keessatti hojjetaman haala duraafi duuba raawwii isaaniitiin kan keessatti raawwataman kan agarsiisudha. Haaluma kanaan akka Obbo Mohaammad Aliyyii gaafa guyyaa22/10/11, Huseen Adam gaafa guyyaa 19/07/11tti yaada naaf kannanitti,Fuudhaan dura manni qulfoo ni ijaarama. Namoonni qulfoo sheenani qarshii walitti qabatu, Warreen miseensota sirna qulfoo ta'aniif maqaan ni mogga'a, akkasumas, guyyaa qayya geessaan itti geeffamu, dhumarratti ammoo guyyaa miiccaatu adeemsifama.

#### 4.2.1. Mana Qulfoo

Manni qulfoo kan mucaan fuudhu fuudha isaa dura hiriyyoota isaa waliin ijaarratee yeroo fuudhu sirna qulfoo jedhamu keessatti dabarsanidha. Manni qulfoo kun kan iddoo biraatti godoo misirroo 'Caagulaa' jedhamudha. Manni qulfoo kun addatti kan sirnuma kanaaf akka ijaaramudha. Obbo Mohammad Aliyyii 22/10/10 afgaaffin taasiseen akka jedhetti, manni qulfoo kan dargaggoon gaafa fuudhuu keessa turuuf ijaarratudha. Manni qulfoo kunis bal'inni isaa dhundhuma ja'aa hanga dhundhuma saddetii kan ta'udha. Mana kana keessa mucaan fuudhe kun erga fuudhee boodallee bara tokkoo hanga bara lamaa jiraachuu akka danda'u hima. Mana kanaaf ijaarame hanga qulfoon eegalamuutti abbaan gurbaa fuudhuu eegumsa cimaa godhaaf,sababni isaa namoonni waan badaa ta'e akka irratti hin dalagneef namoota amanu qofatu seenuu danda'a jedha. Gaafa guyyaa cidhaa Abbaa Cidhaa suubiin dhufeetu mana qolfoo kana keessa taa'a.



***Suura 1. Mana Qulfoo kan guyyaa 26/04/11tti sirna cidha sayid Muheef Faatii Qomboorrootti ijaarame argadhe kaafadhe.***

Hawaasni Oromoo Walloos mana qulfoo kana waliin wal qabsiisuun afoolaan ergaa dabarfatu qaba. Akka odeefkennaan qorataa Obbo Adamee Abduu gaafa guyyaa 5/10/11 jedhetti afoolaan akkana jechuun ibsama.

Lafa qotachuunii ji’a Amajjii keessaa

Nadhoo gorfachuunii mana qulfoo keessaa

Akka yaada kanaatti hawaasni Oromoo Walloo bakka itti durba fuudhan yeroo jalqabaaf itti gorsatan mana qulfoo jedhamu keessatti turtii taasisan irraa akka jalqabu kan agarsiisudha. Kanas qote bulaan tokko ji’a barbaachisaa ta’etti lafa yoo qotate akka calla gaarii argatu, namni fuudhe tokkos yeroo fuudhu yoo ishee fuudhe sana dursee haala gaariin gorfate gara fuulduraatti jireenya gaarii akka waliin jiraatan kan agarsiisudha. Kanaaf manni qulfoo mana leenjii mishirrootaati jechuu nidandeenya. Kana malees, gaarrayyuun intala heerumtu kanaa afoolaan bakka turtii nama qulfoo waliin kan dabarsatu qaba.

Wayita qeensa qoraa oljedhii na laalii

Ati qulfoo teessaa kiyya malli maalii?

Kunis kan agarsiisuu intalli jaalallee duraan waliin turte dhiistee kan biraatti heerumuun mana qulfoo keessatti kan waliin turtu akka qabduufi hiriyyaan jaalalaa duraan waliin ture gara itti deebi'u dabuu isaa kan agarsiisu ta'uu isaati. Akkasumas, erga heerumtee mana qulfoo seentee kan ishee hin arganne ta'uu isaa itti ibsatudha. Kanaaf carraa isa dhumaa yeroo isheen turtii mana abbaa isheeti qabdu yeroo qeensa qoraa waan ta'eef yeroos akka ilaaltu kan himatudha.

Akka odeef kennaan kun jedhetti hawaasni Oromoo Walloo intala heerumteefi gaarrayyichaan afoolaan waan jedhuun ni qaba. Kunis,

Namni shittoo bitee diidaa gaditti hafee

Inni haarrii bitee *haqqafatee* rafee

Yaadni afoola kanaa kana ibsu gaarrayyuun duraan intala gaarrayyuu ta'eef shittoo bitaafi kan ture yoo ta'ullee, kan ishee fuudhee hammatee rafu kan uffata aadaa bite itti uffisaa ture akka ta'e kan ibsudha. Kanaaf akka hawaasa Oromoo Wallootti gaarrayyuun yoo iddoo qabaateyyu kan intala fuudhee waliin ciisu isa dursee kaadhimmatee daara baasaa turedha. Kana haata'uyyu malee yeroo ammaa kana baay'inaan mana qulfoo kana ijaaranii kan sirna qulfoo kana keessatti dabarsan hin jiran. Kan isaan sirna kana geggeessan manuma guddaa jireenyaaf ta'u keessatti adeemsisaa jiru. Manni qulfoo kun yeroo ammaa darbee darbee kan ijaaramee sirni qulfoo keessatti geggeeffamu baadiyyaattidha. Manni qulfoof oolu akka duriitti ijaaramuun yoo baay'inaan hin mul'anneyyu sirni qulfoo garuu kan akka sirna tokkootti hawaasicha biratti hojiirra oolaa jirudha.

#### 4.2.2. Namoonni Qulfoo Sheenan Galmaa'uun Qarshii Walitti Qabatu

Warreen sirna qulfoo keessatti hirmaatan baasii turtii sirna qulfoo keessa ittiin turan murteeffachuun hanga murtaa'e sana qabatanii galmaa'u. Qarshiin walitti qabamu kunis buddeena achi keessatti nyaatamu irraa kan hafe hunda ittiin bitatu. Kan isaan ittiin bitatanis, re'oota hanga dhumaatti isaan ga'an, qoraan foon ittiin bilchaatu, ashaboo, qaaraa fa'i. Kanaskanan sirna sanarratti argamuun argeefi afgaaffiin taasiseen kanin argadhedha.



***Suura.2.Gaafa guyyaa 10/10/11 Sirna qulfoo Ahmad Mahammud irratti argamuun kanin kaafadhe***

### 4.2.3. Warreen Miseensota Sirna Qulfoo Ta'aniif Maqaan Ni Mogga'a

Mulugeta (2014:185) seera moggasa daa'immanii hawaasa karrayyuu yoo ibsu. "According to the Karrayyu community it refers to give a name to ritual performance conducted by the community to give a name to a male person assimilate (incorporate) an individual or group of individuals to the given family or to clan or to the community by virtue of 'Sera moggasa,'" jedha. Kunis akka hawaasa karrayyuutti sirni maqaa mucaa dhiiraa moggaasuuf dhuunfaan yookiin maatiifi gosaan hawaasaan qophaa'ee seerri maqaa moggaasuu ni raawwatama. Yaadni kunis, haala hawaasa naannaa sanaatti sirni qophaa'eefi daa'ima dhalate tokko kan maqaan mogga'uuf. Kun ammoo, maqaan mogga'u tokko akka seera mataa isaa qabu nu hubachiisa.

Namoota sirna qulfoo keessatti hirmaachuuf dhufan maqaa duraan ittiin waamamaniin sirna qulfoo keessatti ittiin hinwaamaman. Kunis, maqaa haaraatu mogga'aaf. Maqaa kanas kan moggaasuuf namoota mana qulfoo keessa jirani. Maqaa haaraa miseensota sirna qulfoo sheenaniif ba'es miseensota qulfootti ni beeksisu. Mulugeta (2014:192) haala maqaa mucaaf moggaafame itti labsan yummuu ibsu, " The declaration of naming is conducted three times by repeatedly the above 'dhaga'aa dhaggeeffadhaa' discourses,". Kunis yeroo maqaan mogga'u maqaa mucaaf mogga'e sana mirkaneessuuf si'a sadii jecha olii irra deddeebi'ee waamuun labsa. Kunis, kan agarsiisu yeroo maqaa moggaasani moggaafamuu itti labsan al sadii irraa deddeebi'uun jecha sana yummuu innu waamu warren ta'aanis jalaa qabuun isuma waamuun

maqaa mogga'e sun labsama. Sagantaa qulfoo akkuma jalqabaniin guyyaa lammaffatti namni sagalee guddaa qabu mana qulfoo keessaa wiirtuu irra bahuun tokkoon tokkoo isaanii hiriyyoonniifi dargaggoonni qulfoo sheenan maqaa adda ta'e mogga'u.Namichi wiirtuu irra jiru sunis waan warri lafa taa'an jedhan dhaggeeffachuun "Namni abalu jedhamu maqaan isaa Ebelu," waan jedhameef namni maqaa duraatiin(xuriitiin)waamte

Miilli kee gara fannoo,

Harki kee gara lafaa,

Dugdi kee kan *giriffaati,*

Alaa manni kee hidhaa,"jechuun lallaba.

Kunis, kan agarsiisu yoo namni erga maqaan miseensa sirna qulfoo keessatti nama hirmaatuuf moggaafamee murteen darbe sun lallabameen booda namni maqaa haaraa ba'eef kanaan hinwaamne miilaan ol fannifamtee mataan gad gobbifamtee dugda kee keessa rukkutamuufi hidhamuudhaanillee akka adabamuu danda'u kan miseensota sana hubachiisudha.

Akkasumas, maqaan mogga'u kun gidaara irrattis ni rukkutama.Yoo maqaan mogga'eefi sirna sana keessatti maqaa duraan namni waame maqaa xuriin na waame jechuun himata irratti dhiyeeffata. Himanni isaa kunis sirna sana keessatti yakka waan ta'eef adabbii ni qabaata. Mulugeta (2014:195)tti akka haala maqaa moggaasa daa'immanii ibsutti, "Haala yeroo itti dhalatan irratti hunda'uun yoo ganama ta'e dhiiraan Ganamoo, dudaraan Ganamee, yoommoo kan guyyaa dhalatan ta'e Guyyoo isa dhiiraan ishee dubaraan ammoo, Guyyee jedhuun" jedha. Garuu sirna qulfoo keessatti maqaan kan mogga'uufi akkaataa dandeettiifi sirna sana keessatti ga'ee taphachuu danda'uun kan itti moggaafamudha. Afgaaffii miseensa sirna qulfoo kan ta'e obbo Sayid Hasan kan ta'e gaafa guyyaa 11/10/11 maqaa haaraa moggaasuun maaliif barbaachise jedhee gaafannaan akkana jechuun naaf deebise. "Oromoon nama jaallatu tokkoof maqaa abii itti baasuun waama. Nus turtii sirna kanaa keessatti jaalala keenya kan ittiin walii ibsinu maqaa adda ta'e kanaan waamuun isa tokkodha," jedha



***Suura.3.Maqaa namoota sirna qulfoo keessa turan kan gaafa guyyaa 17/10/11 gidaara irraa kaase***

### 4.2.4. Guyyaa Qayya Geessaa

Dubartoota Oromoo walloo biratti shamarri tokko heerumtee qayya akka haarfattu kan amaleeffamedha.Akkan odeeffannoo odeefkennituu irraa argadhetti qayya kan qayyatu dubartii heerumte qofa. Akka aadaa Oromoo wallootti dubartiin tokko baada heerumtee qayya qayyachuun dirqama. Qayyi kunis kan qayyamuuf miidhagina dubartootaa waan dabaluuf, fayyummaa qaama isaaniifi waan ooluufi haala walitti dhufeenya abbaa manaa isaanii waliin waan cimsuuf qayyi qayyachuun barbaachisaa. Qayyi kunis kan aarfamu mana keessatti bakka da’oo isumaaf xiyyeeffannoon kenname ijaarametti boolli qotamee mukni mala’oo jedhamu mummuramuun boolla sanatti naquun abidda itti dabaluun aarsuun aara sanarra uffata qayyaaf qophaa’e uffachuun kan irra taa’uun aarfattudha.

Kanaaf dubartii heerumteef maatiin ishee osoo isheen qulfoo hin ba’iin qayyaafi waantota barbaachisan qabatanii gara intala isaanii heerumtee deeman.Sirni qulfoo erga jalqabamee guyyaa arfaffaa irratti qayya geessuutu adeemsifama. Hirmaattonni qophii qayya geessaa kana irratti hirmaatan shamarran ganda intala heerumtee hiriyyoota kan ta’aniif wal waamuun nyaata ittoo lukkuun qabanii akkasumas, meeshaalee gaafa cidhaa dagataman yoo jiraate itti dabalanii fiduun dhufu. Kana malees, xaxxoo, urgooftuufi qayya muka mala’oo qabatanii naannoo sa’a toorbaatti gara qulfoo deemu. Qayyi geessi kun sababa inni raawwatamuuf intalli heerumte kun

qayya haarfachuu waan qabduuf waan barbaachisu geessuuf akkasumas intala heerumte ilaaluuf sagantaan qayya geessaa godhama.

Warri qulfoos nyaatafi dhugaatii qoqheessuun eega. Yaaduma kana Dargaggoon Abduu Aliyyii sirna qulfoo isaa irratti argamuun gaafa guyyaa 21/10/11 afgaaffiin akka naaf himette nyaata aadaa kan ta'e marqaafi dhugaatii ammoo Abishii qopheessuun keessummoota sagantaa qayya geessaa dhufan eegna jedha. Erga nyaatanii booda dargaggoota mana qulfoo jiran waliin taphatanii erga turanii gara mana saaniitti deebi'u.Yeroo kana warri wal jaalatan wal ilaallachuu ni danda'u. Namni tokko miseensa qulfoo keessaa warreen dhufan keessa abaluun naaf dhiyeessi ittin haasa'adha yoo jedhe aggafaariin ni dhiyeessaaf. Isaan lamaanuu lafa taa'anii wayaa uffatanii waliin haasa'u yoo barbaadan beellamas waliif qabu. Nyaata burqumsaas buqqee isheexiqqoo keessaa bananii keessummoota nyaachisu.




***Suura.4.Meeshaa xaxxoo gaafa qayya geessa sirna qulfoo dargaggoo Abduu Aliyyii irratti dhufe gaafa guyyaa 21/10/11 argamuun qorataan kaafate***

Xaxxoon meeshaa aadaa dubarri Oromoo Walloo itti fayyadamtu keessaa isa tokko.Xaxxoo muka ijersaa qaqallisanii babbaqaqsanii akka guubootti erga dhahanii booda gogaadhaan hodhamee hojjetama. Faayidaan isaas wayaa urgeessuuf tajaajila. Kunis xaxxoon boolla qayyaarra erga godhameen booda wayaa irratti gad aguuguun qayyi itti aarfama. Akka odeefkennitoonni jedhanitti aadaa Oromoo Walloo keessatti dubartiin qayya qayyattu/haarfattu

takka xaxxoo manaa hin dhabdu. Innis uffata qayyaaf uffachuuf oolu ittiin uluuf tajaajila.Kanaafu warri intala heerumtee dhuftee kun meeshaa kana qabanii dhufaniif

### 4.2.5. Guyyaa Miichaa

Akka Abdurahmaan Hajii dhimma kanarratti gaafa guyyaa 22/09/11 yaada naaf kennetti guyyaan miichaa kun sirna qulfoo keessaa guyyaa isa xumuraati. Turtii sirna qulfoo keessatti miseensa qulfoo kan ta’e tokko uffata isaa hin miiccatu, qaama isaas hindhiqatu. Kanaaf gaafa xumuraa kana miseensonni sirna qulfoo ta’an warreen dhiiraa hundi uffata qomaaxee, kan abbaa isaas fuudhuun saamunaa immeetee irraa fudhachuun gara laga bishaanii deemuun uffata miiccatanii qaamas dhiqatanii deebi’u. Warri shamarranii ammoo Ayyaanteefi Birri bisiin fa’a Immeetee irraa rifeensa dura mana warra isheetti kalaalee dhahattee dhufte hiikuudhaan guyyaa miiccaa kana dubartoota ogummaa qaban waamanii akka rifeensi cilfamuuf godhu. Akkasumas, uffata Immeetes manatti ni miichuuf.



***Suura.5 .Guyyaa gaafa 17/10/11 gaafa guyyaa miichaa yommuu Ayyaanteenfaa uffata Immeetee miican kanan bakka sirna sanaatti argamee kaase***

Dargaggoonni miiccaa bu’anis erga xumuranii ho’isaatii akkuma dhufaniin mana qulfoo keessattis baay’ee ho’isu. Ergasii nyaanni aadaa sirna kana irratti beekamaa ta’e marqaan ni dhiyaataaf. Yommuu oolchaan ga’e erga nyaatanii booda keessummoonni gandaa hiriyyoonni dhufanii waliin taphachaa oolu.

Guyyuma xumura sirna qulfoo kana sirni geggeefamu kan biraan ni jira. Kunis, warra intalaa irraa obboleessi intalaafi hiriyyoonni ishee walitti dhufuun nyaata foon lukkuu qophaa’e qabatanii gara mana qulfootti dhufu. Erga olsheenanii nagaa wal gaafatanii booda buqqeen burqumsaa ni dhiyaata. Erga dhiyaatee booda obboleessi Immeetee buqqee kana harka lamaanitti marga jiidhaa qabachuun banuun burqumsicha qoriitti baasa. Hamma ta’e keessummoota dhufaniifis, warri qulfoo jiran akka nyaatan harkatti kennamaaf.

Kunis kan agarsiisu sirna kana irratti nyaanni aadaa hawaasa sana biratti beekamu kan dhiyaatuufi kabajaaf maatiin intalaa illee irratti argamuun kandabarsanidha.



***Suura.6. Guyyaa gaafa 17/10/11Sirna qulfoo keessatti yeroo obboleessi Immeetee buqqee burqumsaa banu kaase***

Kanaan booda buqqee burqumsaa immeeteetti baachisuun ol dabarsu gara golaatti. Ayyaanteen ammoo meeshaa harka ittiin fuudhan mudaayee, qaaxee, saaniifi saamunaa baatanii gara mana warra gurbaa iasa fuudheetti maqaa isaan immeeteedhaaf baasaniif dhaga’uuf miseensi sirna qulfoofi keessummoonni hunduu deemuun hulaarra dhaabbatu. Guyyaan kun guyyaa turtii qulfoo isa dhumaa waan ta’eef namayyoon, dubartoonni olla isaanii mana maatii gurbaatti argamu.Isaanis maqaa Immeeteedhaaf baasuuf dhufu. BBC afaan Oromoo, aadaa moggaasa maqaa Oromoo irratti, yaada Dr, Gammachuu Magarsaa fudhachuun akka barreessetti, “Oromoon dur sirna dhugeeffannafi waaqeffannaa irratti hundaa’ee maqaa baasa,” jechuun

kaa'a. Kunis maqaan kan mogga'u akkasumatti callisee osoo hintaane qabata waan tokkoo irratti hundaa'ee akka ba'u kan agarsiisudha.

Akkasumas tooruma kana irratti, "Daa'ima dhalatu qofa osoo hintaane yeroo gaa'elaas maqaan ni mogga'a. Sunis, yeroofi haala guyyaa sana hedata. Anantii Oromoo waliin wal qabata jedha" jechuun kaa'a. Kun kan mul'isu Oromoon duraan haala yeroo sanaa amantii waliin walqabsiisuun yeroo fuudhaafi heerumaa maqaa baasuun akka jirun kaa'a.Haaluma kanaan akka aadaa Uummata Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursiittis, Intala heerumaan gara sanii dhufteen warra gurbaa fuudheen ni ba'aaf. Warreen mana qulfoo keessaa dhufan hunduu ulaa irra dhaabbatanii maqaa Immeeteef ba'u dhaggeeffatu.

Maqaa kana kan baasaniif maqaa warri ishee isheef baasan osoo hinta'iin maqaa kan biraa akka aadaa hawaasichaatti baasuuf.Akka Obbo Mohaammad Aliyyii 22/10/11, Hasan Mohammad 8/08/11fi Aadde Anshaa Ahmad 10/08/11 yaada naaf kennanitti. Yaadni kunis, kan agarsiisu maqaa haaraa intala heeruman gara isaanitti dhufte kan ofii ittiin waaman baafachuuf akka bakka guddaa kennaniif nama hubachiisa.

Haaluma kanaan, akkan gaafa guyyaa 17/10/11 sirna maqaa baasaa maatii dargaggoo Ahmad Muhaammad Intala heerumtee gara isaanii dhufte Haayat Muhaammadiif yeroo baasan irratti argamuun daawwadhetti, maatiin dargaggoo Ahmadiifi firoonniifi ollaan isaanii Immeeteef yeroo isaan maqaa baasaniif akka armaan gadiitti ta'a.

Miseensonni mana qulfoo keessa jiran hunduu mana qulfoo keessaa yaa'uun gara mana maatii mucaatti taphachaa deemuun balbala irra ga'anii inni tokko sagalee akka bukkullaa saree fakkeessuun dhageessise.Kunis yaada dhufneerra jedhu dabarsa. Inni tokko ammoo akka maqaa qopheeffatan itti baafatan gaafate.

Haaluma kanaan Abbaan Qomaaxee "Nayimaa" jechuun warreen mana qulfoo irraa dhufaniif gadi dabarse.Isaanis sagalee isaanii guddisuun 'Takbir;Allaa Kubar' jechuun jalaa qabu. Akkasumas,haati Aliyyii Ahmad "Alamayyoo"jedheen jiraanii, Haayyo Guddoo "Nayiimaa" jettee jirti jechuun gad dabarse.Adaadaan Faaxumaa Suwaahalii "Daammuu" jedheen jiraanii jedhee warra ala hulaarra dhaabbatanii maqaa ba'u dhaggeeffataniif gad dabarse. Warreen qulfoo dhufan warreen manaa akka dafanii baasaniif ni jajjabeessu.Dafaa baasaa bor isin dhibaa jechuun. Adaadee Guddoon "Daammuu"jedheen jiraan, Adaadee Nayimaa "Bariitu" jedheen

jiraan jette. Haati Sayiid Hasan “Bariitu” jedheen jiraan jette, Niitiin Adeeraa “Alamayyoo” jedheen jiraa jette. Eeshumeen Anshaa “Walalaa” jedheen jiraan jetteen, Eeshumeen Hawwaa “Ye tsoom huwaa” jedheen jiraan jetteetti jedhan abbaan Qomaaxee.

Warreen mana qulfootii dhufanii balbala irra dhaabbatan sheennuu jechuun gaafatu.Warreen mana keessaas maqaa baafachuu isaanii itti fufan. Haati Adam “Namayyoo argadhe” jette jechuunn himan. Alii Maammoo Umar “Daraartuu” jedheen jiraa, Obboleettiin Aliy Mohaammad “Mishirrit” jedheen jiraan, Eeshumeen Muntahaa “Daammuu” baaseen jiraa, Eeshumeen Faaxumaa “Mastaawut” jedheen jiraa jechuun maqaa bor ittiin waaman Immeeteetti baafatan. Hanga maqaa baasanii fixanitti warreen qulfoo keessa turanii gara mana warraa maqaa ba’u dhaggeeffachuun deeman hunduu Qomaaxeefi Immeetee dabalatanii dhaabbataniitu eegu.

Ayyaanteenis, waan Immeeteen warra maqaa baasan harka ittiin fuutu baatanii dhaabbatuuf, erga maqaan maatiin ba’ee dhumee booda Immeeteefi tajaajiltootni ishee, Qomaaxeefi Badhaasaan gara manaatti olseenuun warreen maqaa baasaa turan harka fuudhanii kennaa qabatanii deeman kennuun deebi’anii warreen qulfoo keessaa dhufanii ala dhaabbatanii isaan eeganitti dabalaman. Ergasii miseensonni qulfoo hundi qomaaxee dabalatanii gara mana qulfootti “Yaa Allaa yaa Allaa” jechuun tapha ho’isaa gara mana qulfootti deebi’an. Kanumaan sirni maqaa baasannaa mushirraa Haayat Muhaammad raawwatame.

Kunis kan agarsiisu aadaa intala heerumaan dhuftee isaaitti dabalamte maqaa ofii ittiin waaman baafatan matiin gurbaa fuudhuu qaban iddoo guddaa guddaa akka ta’e kan nama hubachiisudha. Akkasumas warreen mana qulfoo keessaa dhufan hanga namni hunduu maqaa baafatee xumuruutti obsaan dhaabatanii eeguun isaanii maqaa haraa intalaaf ba’u  akka kabajan kan mul’isudha.

Warreen maqaa baasaanis akkuma yaada oliirraa hubannutti kan maqaa tokko itti baafatan ni jiru. Erga maqaa baasanii xumuranii Qomaaxeen dura aanuun, Immeeteen itti aanuun, Ayyaanteen itti aanuun akkasumas, Badhaasaan ammoo Ayyaanteetti aanuun harka fuudhaaf ol sheenu. Keessummoota,firoota mana haadhaafi abbaa jiran hunda isaanii irra deemanii harka fuudhuun xumuru. Warri maqaa baasuu kana irratti argamanii harka fuudhamanis yeroo meeshaa irraa fudhatan qarshii hanga ta’e itti kennu. Dubbisanii erga xumuranii booda gara mana qulfootti deebi’u.

Akka Odeefkeennaan Ibiraahim Muhee jedhamu gaafa guyyaa 17/10/11tti haala maqaa moggaasa warri gurbaa Immeeteef maqaa baasan irratti qorataaf yaada kennetti, yeroo baay'ee akka hawaasa naannoo kanaatti yoo intalli heerumte sun kan mucaa isaanii isa angafaati taate 'Nayimaa'jechuun moggaasu. Nayimaa jechuun ammoo Afaan Arabaan isheerrattin waan hunda arge jechuudha. Kanaaf yoo isheen kan ilma isaanii kan angafaa taate maqaa kana basuuf jedha. Yoo ammoo kan mucaa isaanii isa gidduuti ta'e ammoo 'Maraxee' kan jedhu fa'i itti baasu jedha. Kun immoo Afaan Amaaraa yoo ta'u hiikni isaa filadheen fuusisee kan jedhudhaa jedha. Kun ammoo yaada kan ishee duraarra caaltudha yaada jedhu qaba. Yoo kan mucaa isaanii isa dhumaa(quxisuu) ta'e ammoo 'Lazzaa' fa'i jechuun itti moggaasu jedha. Lazzaan Afaan Arabaa yoo ta'u hiikni isaa kanaan booda sirratti boqonnaa argadhee kan jedhudhaa jedha. Kanaafuu akka yaada odeef kennaa kanaatti maatiin gubaa intala heerumteef akkanumaan osoo hin taane haala hawwii irraa qabaniifi sadarkaa itti ilmaan isaanii itti fuusifatan irratti hundaa'uun kan itti baafatan ta'uu nama hubachiisa.

BBC Afaan Oromoo, maqaa moggaasa Oromoo irratti dhiibbaa amantiifi siyaasaa ilaalchisuun yaada Dr, Gammachuu irraa argate akka barreessetti, "Amantiin Kiristaanaas ta'e Islaamaa erga biyya kana seenee Oromoon yoo amantiiwwan kana fudhate maqaa isaas jijjiirrachuu qaba yaada jedhutuu turee,jedha" jechuun kaa'a. Yaadni kun kan agarsiisu, amantiin maqaa Oromoo moggaafachuufi ittiin waamamuu irratti dhiibba akka fide kan agarsiisudha. Akkasumas, tooruma kanarr akka argametti yaadni biraa, " Oromoon akka ofii beekutti akka hinjiraanneefi akka aadaasaatti akka hin bulle amantiifi siyaasatuu acuucaa ture jedhan," jechuun barreesseera. Akka yaada kanaatti, amantiifi siyaasni akka ofii beekuufi qabutti akka Oromoon hinbulle gochuu isaa kan agarsiisudha. Aadaa hawaasni qabu keessaa maqaa moggaafachuun isa tokko yoo ta'u innis dhiibbaa kana jala akka jiru nama hubachiisa. Haaluma kanaan hawaasa Aanaa kanaaf yeroo intala heerumteef maqaa baasan akka afaan biraan maqaa moggaasaniif taasiseera.

### 4.3. Miseensota Qulfoofi Gahee Isaanii

Sirna qulfoo keessatti kan hirmaatan namoota hedduu ta'uu malu. Namoota sirna kana keessatti hirmaachuuf dhufan keessaa akkaataa isaan raawwachuu danda'anitti gita hojii adda addaa irratti kan ramadamanidha. Akkasumas, maqaan sirna qulfoo kana keessatti isaaniif moggaafamullee haala kanaan kan ta'udha. Haaluma kanaan, Odeeef kennitoota irraa akkan odeeffannoo argadhettii Obbo Hasan Mohammad gaafa guyyaa 8/08/11, Anshaa Ahmad gaafa guyyaa

08/08/11, Usmaan Mohaammad gaafa guyyaa 15/09/11/, Mohaammad Aliyyii gaafa guyyaa 22/10/11, Faaxumaa Abduu gaafa guyyaa 28/10/11, Abduu Aliyyii gaafa guyyaa 24/10/11, Umar Sayid gaafa guyyaa 24/10/11, Huseen Muusaa gaafa guyyaa 19/07/11, Huseen Baalee gafa guyyaa 19/07/11 fi odeeffannoo sirna qulfoo irratti argamuun argadheen moggaasa isaan maqaa sirna kana keessatti moggaafamaniifi gaheen hojii isaanii akka armaan gadii ta'a.

**1. Qomaaxee**. Kan maqaa Qomaaxee jedhamuun moggaafamu dargaggoo fuudhe sana.Sababni inni maqaa kanaan mogga'uu danda'eef harka isaa sochoosuun waa dalaguu waan hindandeenyeef akka nama harka hinqabneetti kan ilaalamudha. Manaa ba'ee fagoo hindeemu. Qomaaxeef sirna qulfoo keessatti gahee hojii isaa qofa kan ta'e ni laatamaaf.

Gaheen hojii isaatis inni guddaan Immeetee haqqafachuun (hammachuun) taa'uu qofadha. Qomaaxeen sirna qulfoo sana nihooggana. Sirna qulfoo kana keessatti Qomaaxeen hojii isaaf kennameen alatti osoo dalaguu yoo miseensota qulfoo keessa jiraniin argame seeraan ni himatama. Abbootiin seeraa sirna qulfoo kana keessatti ga'een hojii kan kennameef balleessaa inni ittiin himatame ilaaluun murtoo itti dabarsu. Sirna qulfoo kana keessatti murtoo isaa adda kan taasisu balleessaa itti muramu fudhachuuf kan miseensota qulfoo keessaa ga'ee hojii ta'ee kannameef ni jira. Nama kanatuu murtoo qomaaxee irratti murame fudhata. Haaluma kanaan gaafa guyyaa 19/07/11tti sirna qulfoo dargaggoo Huseen Muusaa irratti argamuun akkan daawwadhee sagalee isaanii waraabbadhee yaada argadhetti akkaataa armaan gadiin himanni 'Ingidaatiin' keessuumaa sirna qulfoo sanarratti argame tokkoon himanni Qomaaxee irratti dhiyaatee ture.

*Himataa: Muusaa Adam*

*Himatamaa: Qomaaxee*

*Himata dhiyaate: Waan irratti arge balleessaa silaa Qomaaxeen harka hinqabuu harka huursuun nu lole kan jedhudha.*

*Wanbara : Qomaaxee hojiin jedhamu kun keessan moo miti?*

*Qomaaxee : Keenya miti.*

*Wanbara : Ragoolii kee dhiyeeffadhu*

*Muusaa Adam: Misikkirii tokkoffaa Wax Aliyyii (Mohammad Aliyyii)*

*Misikirii lammaffaa Hasan Mohammad*

*Misikkirii sadaffaa Husen Urbee*

*Wanbara: Misikirii tokkoffaa, maaliif dhufte?*

*Misikirii tokkoffaa: Waanti jedhame hunduu kanuma qomaaxeeti.*

*Wanbara: Eenyu haa du'u?*

*Misikirii tokkoffaa: Kan balleesse*

*Misikirii lammaffaa : Abeet (jira)*

*Wanbara : Maaliif dhufte?*

*Misikkirii lammaffa : Misikkirii*

*Wanbara : Mee maal argite lamaan isaanii gidduutti?*

*Misikkirii lammaffaa : Waanta balleessine hinbeekuu harka isaa nutti raase*

*Wanbara : Misikkirii sadaffaa maaliif dhufte?*

*Misikkirii sadaffaa : Qomaaxeetti masakkaruufan dhufe*

*Wanbara : Mee isaan gidduutti maal agarte?*

*Misikkirii sadaffaa : Harka nutti hafarse. Xiqqoof hafne malee ulaa kanaa gad nu yaaseeraa jedhe. Erga yaada ragaalee sadan ilaaleefi balleessaa qomaaxeen kanaan dura qabu ilaaluun murtoo kan dabarsedha.*

*Wanbara : Yaa Ingida Qomaaxeen kun hanga har'aatti balleessaa biraa waan hinqabneef 'Maarreerra' jechuun murtoo dabarse.*

Kunis kan nama hubachiisu namni hunduu hojii isatti kenname tokko yoo haalaan hinba'anne itti gaafatamuu akka danda'uufi namni hunduu seeraaf bitamuu akka qabu kan agarsiisudha. Himanni nama irratti dhiyeete tokko ammoo kan nama adabsiisu ta'uu dhiisuufi irra deddeebiin yakka raawwachuu dhiisuun murtoo akka laaffisuufi hambisu danda'u kan nama agarsiisudha. Akkasumas ragooleen yommuu ragaa ba'an abbaan seeraa osoo yaada isaanii irraa hin fuudhiin dura "Eenyu haa du'u?" jechuun kaksiisuun ragaa akka ba'an taasisa. Isaanis akka bakkichaatti

abbaan balleesse haa du'u jechuun kakatu. Kun ammoo isaanis yoo sobaan kan ragaa raggaasisuuf deeman ta'e akka itti miidhaman kan himaniifi kan dhufneef dhuguma waan beeknuuf jechuu isaaniiti.

**2. Immeetee**. Maqaan Immeetee jedhamu intala heerumtee dhufteef kan moggaafamudha.Sirna qulfoo keessatti Immeeteen baay'ee kabajamtuudha. Sababni isaas isheen qe'ee sanaaf keessummaa waan taateef. Immeeteen miseensa sirna qulfoo kana keessatti hojii ishee kenname qabdi.

Hojiin Immeetees, qabeenya qomaaxee kan ta'e eeguufi qomaaxee taphachiisuudha. Kunis yeroo keessummaan dhufe dubartoota waliin sirbee taphatu yoo qomaaxeen taphachuu barbaade isa waliin kaatee taphatti.Yeroo nyaataas harka qomaaxee dhiqxiif. Immeeteenis akkuma Qomaaxee hojii isheerraa eegamu yoo haalaan ba'achuu baatte ni himatamti. Akkaataa himata isheerratti dhiyaateen yoo kan ragaan irratti ba'amu ta'e 'Wanbar' yaada gama hundaa erga ilaalee booda kan murteessudha.Yoo murteen adabbii kan irratti murtaa'u ta'e bakka ishee bu'uun kan murtoo darbu kana fudhatu bakka bu'aan Immeetee sirna sana keessatti beekamee kan maqaan Badhaasaa jedhamee moggaafamedha. Kanaaf Badhaasaan murtoo gama immeeteen dhufu hunda ni fudhata.

Akka Obbo Huseen Baalee gaafa guyyaa 19/07/11tti jedhetti, "Sirna qulfoo keessatti Qomeexeefi Immeeteen mootiidha," jedhe. Yaadni kunis kan ibsu jarreen kun lamaan sirna sanaaf warreen bu'uuraa ta'uudha.

**3. Badhaasaa:** Akka sirna qulfootti badhaasaan hiriyyoota mucaan fuudhe waaliin guddatan keessaa hunda caalaa jaallatamummaafi amanamummaa waliif qabaatanidha.

Badhaasaan sirna qulfoo keessatti ga'ee hojii isaaf kennamu hedduu qaba. Akkuma maqaan isaa ibsu kan misirroo sana badhaasudha. Badhaasaan guyyaa cidhaa mana warra intalaatii kennaa burqumsaa kennamu dugda Immeetee irratti qabee amma waan koran ga'anitti deema. Kunis ilma farrifachuu isaanii kan agarsiisu akka aadaa uummata Oromoo Wallootti.

Kana malees, Badhaasaan guyyaa cidhaa sana gallaba lukuskusii waliin gajeen ala taa'uun qunnamtii mishirrootaa hordofuun gammachuu argame maatii misirrichaafi hawaasa achi jiran hundaaf dabarsa. Ga'een Badhaasaa inni biraan ammoo Immeeteef boolla qayyaa qopheessuufi waantota qayya haarfachuuf barbaachisan qopheessuudha. Itti dabalees, Badhaasaan sirna qulfoo

kana keessatti Immeetee gorsuufi dogoggora isheen sirna kana keessatti raawwattee yoo himatamte kan itti darbuun murtee irratti murteeffamu fudhatudha.

Haaluma kanaan, Badhaasaan Immeeteef qaama icciitii dhaga'u, rakkoo ishiitiif furmaata hatattamaa kennuufi deggersa ishii barbaachisu kan godhuufidha. Badhaasaanis akkuma miseensota sirna qulfoo biraatti yoo hojii isaaf kenname akka ta'uu qabutti hinhojjenne himatamee ni adabama.

**4. Wanbara:** Wanbara kan jedhaman sirna qulfoo keessatti teessoo lama qulfoo keessatti argamu irra taa'uun himata miseensota sirna qulfoo keessa jiraniin qaama balleessera jedhanii himatan himata dhiyaate ilaaluun murtee kan dabarsanidha. Teessumni kunis, 'Qanyi wanbar'fi 'Giraawanbar' jedhamu. Namoonni maqaa kanaan mogga'an teessoo kanarra taa'uudhaan himata dhiyaate irratti murtoo madaalaa ta'e dabarsu.

Walumaa galatti, sirna qulfoo keessatti warreen maqaa Wanbara jedhamuun moggaafaman warreen akka abbootii murtiitti taa'anii himata sirna qulfoo kana keessatti dhiyaatu erga ragaan irratti raggaasifamee gama himataafi himatamaa gidduu jiru ilaaluun murtoo kan dabarsudha.

**5. Jaanahooy:** Miseensota qulfoo keessaa kan maqaan mogga'eefi hojii adda ta'een hirmaatu keessaa Jaanahooy isa tokkodha. Ga'een isaa sirna qulfoo keessatti bakka bu'aa qomaaxee ta'ee kan dhaabbatudha. Akkasumas, hojii qomaaxeen hojjechuu qabu kan gorsudha.Sirna sana keessatti akka carraa ta'ee yoo qomaaxeen himatamee murteen itti darbe adabbii kana kan fudhatudha. Kana malees, gurra mootichaa ni eegsisa, ni kabachiisa, dubbiin akka hinkaane taasisa, yoo ka'e ammoo dubbiin akka dhaamu godha. Galii sassaabameefi ba'ii isaa qorata. Miseensota qulfoo hunda ni to'ata. Kunis miseensota sirna qulfoo keessaa tokko ta'ee hojii isaaf kenname kan raawwatudha.Innis yoo waan itti kenname kana qixa sirriin hinba'anne itti gaafatama.

**6. Anbassa:** Sirna qulfoo keessatti namni maqaa kanaan mogga'e hojii adda ta'e kan isaaf kenname ni qaba. Ga'een hojii isaatis waan hunda hatuudha. Kaninni hatus kanneen akka teessoo warreen abbootii murtee irra taa'an, alangaa, burqumsaa, warra mana qulfoo jalaa kan hatudha. Akkasumas, mana qulfoo sanaa ala ba'uun warra gandaa naannoo sirna qulfoo sana jiran jalaas kanneen akka akamballoo, damma, aannaan, killee hatuudhaan yoo barbaade warra qulfootti kan gurguratuufi yoo fedhe ammoo, Qomaaxeefi Immeetee kan nyaachisudha.

Kana malees, afoon warra qulfoo jalaa hatuun misirrootaaf kenna. Warreen gandaatti osoo inni hanna hin eegaliin dura qe'ee keessan eeggadhaa jechuun ni lallabama. Leenci kun bakka dhokataafi ulaa jala yeroo baay'ee kaninni taa'u. Kun immoo yeroo inni waa hatuuf ka'u miseensonni qulfoo yoo argan waan isa adabaniif sodaateetu kana godha. Akka raawwii sirna qulfoo kanaatti hanniifi humni saaminsaa kutaa taphaafi gammachuu yoo ta'u meeshaan hannaan nyaata wajjin gandaa fuudhame yeroo deebi'u afooniin guutameeti jedhu.

**7. Aggaafarii:** Aggaafariin sirna qulfoo keessatti ga'een isaa inni guddaan seera kabachiisuudha. Seeras, kan ittiin kabachiisu alangaa misirrichi guyyaa cidhaa qabatu sana jaanahooy irraa fudhachuun nama seera darbe ajaja bulchaatiin murtoo murteeffameen rukkutuun adaba. Akkasumas, yeroo namoonni warra qulfoo keessa jiran maqaa duriitiin akka tasaa wal waaman isa maqaa duriitiin waame sana kan hiisisuufi rarraasuu danda'u isa.

**8. Barranyaa (ulaa eegaa):** Sirna qulfoo keessatti namni maqaa 'Barranyaa' jedhu kanaan moggaafamef ga'een hojii isaaf kennames addatti jira. Qulfoon sheenamee kan ba'amu walafa(ulaa xiqqoo) gara duubaatiin banamudha. Namni kun kan dhaabbatu ulaa kana irra of eeggannoo cimaatiin yoo ta'u yakkamaan fincilee akka hinbaane eega. Akkasumas, alaa namoota gara mana qulfichaa sheenan sakatta'uun meeshaalee qara qaban kanneen akka gojobaa, saanjaa, qawwee qabachuun akka hinsheenne irraa hiikuun iddoo biraa kaa'a. Kunis kan ta'eef nageenyaafi tasgabbii sirnichaa eegsisuuf tooftaa hawaasichi tumatee ittiin wal taphachiisudha.

**9. Qaadii:** Qaadii jechuun beekaa amantii islaamaa kan hubannoo garaagaraa qabudha. Namni sirna qulfoo keessatti qaadii ta'e ga'ee hojii kan isaa ta'e ni qaba. Kunis adeemsa fuudhaafi heerumaa kan dhugoomsuufi haqa qabeessa godhuun dhaloonni akka addan hincinneef ga'ee isaa kan ba'atudha. Waan kana ta'eef Qaadiin sirna kana keessatti ijoollee dubaraa tajaajiltoota Immeetee ta'an Ayyaanteefaa miseensota qulfoo keessa warra jiraniif nikaa hidha. Akka carraa ta'ee darbee darbee namoonni nikaa sirna qulfoo keessatti walitti hidhaman achumaan cimsachuun kan itti fufanis ni jira jedhu odeefkennitootni kiyya.

**10. Abbaas:** Sirna qulfoo keessatti kan maqaa "Abbaas" jedhamuun moggaafamee waamamu ni jira. Abbas kan iddoo abbaa bu'u yoo ta'u kan ittiin muudamus, umuriifi bilchina sammuu qabaachuu isaatiin ilaalameeti. Gaheen hojii isaatis qulfoo keessatti rakkoolee garaagaraa uumaman gara maanguddummaatiin furmaata kan laatudha. Qaamni yakka dalage tokko dhaddacha irra dhaabbatee osoo murteen hin darbiin abbaa irratti yoo kufe ykn haadha irraa

misbahaa fudhatee yoo dhiyaate yakki isaa adabbii tokko malee irra darbama. Kunis kan agarsiisu jaarsummaan rakkoo uumame irraa furamuun akka danda'amu kan mul'isudha. Akkasumas, yakkoolee maanguddummaan ilaalaman abbootiin seeraas kan kabajan ta'uu isaa mul'isa.

**11. Afwarqii:** Afwarqiin miseensota sirna qulfoo jiran keessaa tokko ta'ee maqaa kanaan moggaafamuun sirna qulfoo keessatti adeemsi muudamaafi irraa buusuu yoo barbaachise qondaaltota bulchaa olaanoo waliin ta'uun kan raawwatudha. Kana jechuun sirna qulfoo keessatti maqaan mogga'eefii ga'een hojii itti kennamee waan itti kenname sana ammoo kan haalan hinba'anne yoo ta'efi sababa garaagaraatiin namni bakka tokkotti muudamee osoo dalagaa jiruu yoo iddoo bira deeme bakkee warreen kana bakka buusuufi muuduu kan danda'udha.

**12. Asallaafii (dabarsaa):** Asallaafiin murtee darbu bulchaa ol aanaa irraa fuudhuun hawaasichaaf sagalee olfuudhee akka dabarsuuf ga'een hojii itti kennamudha. Kunis, yeroo nyaatni ga'u 'Awwaj awwaj' jechuun nyaatni ga'uu isaa himuun miseensota sirnaa qulfoo gara nyaataatti waama. Yeroo waamu namni inni maqaa dhahe sun yeroo nyaata eegalan ruuqqannaa tokko tokko afaanitti kennuuf.

**13. Lijee (Daa'ima):** Sirna qulfoo keessatti kan maqaa lijeen moggaafamu obboleessa qomaaxee keessaa isa quxisuu ta'eefi maqaan kun moggaafamaaf.

Daa'imni kun akka ilma Qomaaxeefi Immeeteetti ilaalama. Lijeen birrii osoo hin kaffaliin kan qulfoo sheenudha. Gaheen hojii isaatis, yeroo namoonni nyaata nyaatanii deebi'an itillee qulqulleessudha.

**14. Ayyaantee:** Ayyaanteen ijoollee dubaraa kan namayyoo qomaaxee ta'an keessaa tajaajila immeeteef taasisuuf sirna qulfoo keessa seenanidha. Ga'een hojii Ayyaantees, irra caalaa Immeetee tajaajiluudha. Tajaajila ishaan kennaniifis, fincaan baasuu, qiixxaa nyaachisuu, kuulii kuuluufi kan kana fakkaatan yoo ta'u bishaan waraabuufi namoota harka dhiqachiisuudha. Gaafa guyyaa miiccaattis uffata Immeetee miichuufi rifeensa mataa isheen dhahattee dhufte irraa hiikuun yoo ofii beekan dha'uuf yoo ofii hin beekne ammoo kan dhahuu beektu fiduun dhoosisuuf

**15. Sigaa Malkanyaa (to'ataa afoonii):** Miseensi qulfoo kun akkuma maqaan isaa ibsu horii qalamuufi foon miseensota sanaa guutummaa guutuutti kan to'atudha. Hojiin isaa guddaan bay'ina namaafi afoon jiru wal madaalchisuun yeroo yerootti kan qooduufi qoqqoodamni haqarratti hundaa'e akka raawwatamuuf kan hojjetudha. Itti dabaluunis, qaama nyaata kana bilcheessu adda baasuun kan to'atuufi qabeenya miseensota sirna qulfoo gama kanaan jiru saamichaafi qisaasa'ina irraa kan hambisudha.

**16. Hawaat (Maanguddoo lagaa):** Maanguddoon lagaa kun miseensota qulfoo keessaa isaan tokko ta'anii ga'een hojii isaanii murtee Jaanahoo qulfootiin murtaa'e irratti seera qabeessummaafi haqummaa isaatti miseensonniifi yakkamtichi mormii yoo qabaatan qaama kanatti lammeessaa akka ilaalamuuf ol iyyannoo isaa kan itti dhiyeeffatudha. Ga'een qaama kanaa hawaat bal'aa yoo ta'u qaamman kun abaluun isaani beekamee akka lagaatti rakkoolee uumamaniif furmaata kan laatudha. Akka lagaatti jechuun qaama miseensa qulfoo sana keessa jiran hunda irratti jechuu isaati.

**17. Baltoo Masas (Nyaatee ba'aa):** Miseensota sirna qulfoo ta'anii kan maqaan isaanitti hin moggaafamiiniifi gaheen hojii adda ba'ee itti hin kennamiin ni jiru. Isaan kun warreen akkanumaan nyaatanii ba'an jedhamuun beekamu. Akkasumallee miseensota sirna qulfoo keessaa maqaanif ga'een hojii kennameefi sababa baay'ina irraa kan ka'e sirna sana keessatti irratti hin xiyyeeffatamnes ni jiru.

**18. Ingidaa (keessummaa):** Sirna qulfoo keessatti kanneen miseensa sirna qulfoo sanaa osoo hin ta'iin taphaaf jecha dhufuun taphatan ni jiru. Isaan kun keessummoota jedhamu. Isaanis sana keessatti tapha adda addaa geggeessuun warreen mana qulfoo keessa jiran taphachiisuu ni danda'u.

**19. Poolisii Federaalaa:** Sirna qulfoo keessatti poolisiin federaalaa isa tokko ta'ee maqaan addaa kun isaaf mogga'ee ga'een hojii nageenya mana qulfoo sana akka eeguuf kennamudha. Innis hojii isaa kana yoo akkataa isaaf kennameen ala ba'ee argame himatamee murtiin irratti nidarba.

Walumaa galatti, miseensonni sirna qulfoo kan baay'ataniifi ga'ee hojii garaagaraa kan qaban ta'uu kan nama hubachiisudha. Miseensonni kunis hojiilee itti kenname jaalalan fudhachuun kan raawwatanidha. Yoollee hojii itti kenname kan laaffisan ta'e qaama seeraan gaafatamuu akka

danda'an kan namatti agarsiisudha. Sirna kana keessatti olaantummaan seeraa nama hundarratti kan hojjetuufi haqnis osoo hinjallatiin kan namoota hundaaf walqixatti hojjetu ta'uus ni mul'isa. Kanaaf sirna qulfoo keessa wal jaallachuufi wal kabajuutuu jira.

### 4.4. Nyaata Aadaafi Dhugaatii Sirna Qulfoo Irratti Qophaa'an.

Uummanni Oromoo Walloo aadaa nyaataafi dhugaatii adda addaa ni qaba. Haaluma kanaanis, aanaa Arxummaa Fursiitti sirna qulfoo irratti nyaatni aadaa beekamoo ta'an ni dhiyaatu. Nyaatni aadaafi dhugaatiin aadaa sirna qulfoo irratti dhiyaatan akka odefkennaanituun Aadde Samiraa Mohaammad afgaaffiin gaafa guyyaa 20/10/11tti qorataaf kenniteefi qorataan sirna qulfoo garaa garaa irratti argamuun yaada argatetti, nyaatni aadaa sirna qulfoo irratti dhiyaatan kanneen armaan gadiiti.

#### 4.4.1. Nyaata Aadaa Sirna Qulfoo Irratti Qophaa'an

##### 4.4.1.1. Burqumsaa

Nyaatni aadaa burqumsaan kan irraa qophaa'u garbuu fattagamee erga irraa qullaa'e booda akaawama. Erga akaawamee booda akka qolli isaa irraa ka'uuf mooyyeetti ni tumama. Erga tumamee booda dammaafi dhadhaan walitti laaqama. Erga walitti makamee booda ol kaa'amee yoo keessummaan cimaan itti dhufeef kan kennamudha.

Akkasumas, guyyaa cidhaa intalli heerumtu fudhattee kan heerumtudha. Kanas haati intala heerumtuu buqqee sadiitti naquun kennitudha.

Buqqeen burqumsaan kun intala heerumtuuf itti naqamee kennamuuf xixiqqaa lamaafi gurguddaa tokkotti. Warreen buqqee xixiqqaa keessaa tokko gaafa guyyaa qayya geessaa kessummoonni fira intalaa dhufaniifi kan kennamudha. Buqqee isa guddaa keessaa ammoo kan gaafa guyyaa miichaa jechuun guyyaa xumura sirna qulfoo galgala obboleessi intalaa dhufuun marga jiidhaan qabee qadaada isaa banuudhaan kan hirmaattonni sirna qulfoofi maatiinif firoonni gurbaa fuudhee warreen Immeeteef maqaa baasaniif saa'inatti baasuun keennama.

Kan hafe ol kaa'amuun yeroo dhiyyootti kan nyaatamudha. Buqqee ishee xiqqoo hafte ammoo kan mishirroonni lamaan qofti ol kaawwatanii nyaatanidha. Kanaaf nyaanni aadaa burqumsaa jedhamu kun sirna qulfoo keessatti haalan itti xiyyeeffatamee qophaa'ee kan dhiyaatudha.




***Suura.7. buqqee burqumsaa guddaafi buqqee xiqqaa tokko qabatte gaafa guyyaa 17/10/11 sirna qulfoo irratti argamuun qorataan kaase***

Qodaan burqumsaa olii kunis yeroo ammaa kana kan supheerraa tolfame yoo ta'eyyu duraan qodaa buqqeerra tolfameetti waan naqamuuf ammayyu maqaa kanaan waamama. Buqqeen xiqqoon kun ammoo akka qadaada buqqee guddaatti haa tajaajiltu malee keessa isheetti burqumsaan kan guutamtee jirtudha. Kanaaf buqqee burqumsaa ishee xiqqoo jedhamti. Burqumsaa ishee keessaas Immeeteefi Qomaaxeetu gara fuulduraatti lama ta'anii akka nyaataniif isaaniif qophaa'af.

#### 4.4.1.2. Marqaa

Gosti nyaata aadaa uummata Oromoo Walloo Aanaa Arxummaafi Fursii sirna qulfoo irratti dhiyaatu inni kan biraan marqa. Marqaan kan qophaa'u daakuu garbuu irraayi. Garbuun kunis erga qolli irraa qullaa'ee booda ni daakama. Erga daakamee booda sirriitti dubartoonni beekan marqu. Erga marqamee booda dhadhaan haalaan itti naqamee kan dhiyaatudha. Kunis, kan dhiyaatu guyyaa hunda osoo hintaane keessummaan yoo dhufe kan dhiyaatuufi fuudhaafi heeruma booda sirna qulfoo irratti kan qophaa'udha. Nyaanni marqaa kunis, sirna qulfoo irratti kan qophaa'u turtii sirna qulfoo keessaa guyyaa sadii osoo hinqophaa'iin hinhafu.

Kunis, guyyaa fuudhaan booda gaafa guyyaa jalqabbii sirna qulfoo kan ta’e gaafa iddoo haati gurbaa qupheessuun namoonni sirna qulfoo seenaan hunduu marqa qophaa’e kana nyaachuun jalqabu.Kunis, hanga birrii buufatanii waan qalatan bitataniitti. Guyyaan inni biraan ammoo, gaafa guyyaa qayya geessaa irratti qophaa’a. Guyyaa kana keessummoota firaa intalaa qayyaafi meeshaaalee biro qabanii dhufaniif qophaa’a. Inni biraan ammoo nyaanni aadaa marqaan sirna qulfoo irratti kan qophaa’u gaafa guyyaa miiccaati. Gaafa guyyaa kana miseensonni sirna qulfoo keessa turan hunduu duraan qaamafi uffata isaanii dhiqachuufi miiccachuun waan hin eeyyamamneefi sirna kana keessa guyyaan kun haala kabajama.

Kanaaf namoonni hunduu gara laga miiccaa deemu. Warreen mana qulfoo keessa turanii gara miiccaa deemaan yeroo isaan deebi’an marqi qophaa’ee isaan eega. Isaanis hanga ooshaan ga’uutti marqa kana nyaatu.



***Suura.8.Gaafa guyyaa 21/10/11 sirna qulfoo Abduu Aliyyii kan gaafa qayya geessaa qophaa’e irratti argamuun qorataan kaase.***

### 4.4.2. Dhugaatii Aadaa Sirna Qulfoo Irratti Qophaa'uu

#### 4.4.2.1. Abishii

Akka uummata Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursiitti dhugaatiin aadaa sirna fudhaafi heerumaa irratti qophaa'u abishiidha. Akkasumas, sirna qulfoo irratti dhugaatiin aadaa kun ni qophaa'a. Haala dhugaatiin aadaa kun itti qophaa'u, abishii (sunqoo) sirriitti irra deddeebi'uun miichuun qulqulleessanii aduutti afuun gogsu. Kanaan booda daaksisuun nama sirriitti ogummaa naquu isaa beekuun mi'a guddaatti absiitiin godhamee turtii guyyaa itti barbaadamee dura torban tokko dursuun naqama. Kanaan booda waantotni itti dabalaman kan akka asmuudii gurracha, asmuudii adiifi qullubbiin adii daakamee itti dabalama.

Sirna qulfoo irratti kan inni qophaa'u gaafa guyyaa qayya geessaa keessummoota dhufaniif naqamee kan dhiyaatudha.



***Suura.9. dhugaatii abishii sirna qulfoo dargagoo Abduu Aliyyii irratti gaafa qayya geessaa keessummoota dhufaniif qophaa'e irratti argamuun qorataan kaase***

### 4.5. Qabiyyee Sirna Qulfoo

Sirniqulfoo yeroo raawwatamu waantota garaagaraatu keessatti adeemsifama. Giyyaa sirni kun eegaluu kaasee hanga xumura guyyaa qulfootti ta'insoota hedduutu raawwatama. Akkasumas meeshaaleen sirna kana keessatti tajaajiluuf oolanis ni jiru. Isaan keessaa akka qorataan sirnicha

irratti argamuun xiinxaleefi miseensota sirnichaaf afgaaffii taasiseen yaada argatee xiinxale akka armaan gadii ta'u.

**4.5.1. Himata, Himataa, Himatamaa, Ragoolee, Abbootii murtiifi Murtii Ni Qaba.**

Akkuma beekamu namni tokko nama biraan ykn garee biraan yoo dhiibame waanta ittiin miidhame kana ofiin haaloo ba'uurrayyu gara qaama seeraatti dhiyeeffachuun warreen miidhan akka himatu beekamaadha.Haaluma kanaa sirna qulfoo keessattis qaamni miidhame jedhu tokko nama na miidheera jedhu irratti himata ni banata. Himanni kunis, nama balleessaa qaba jedhamu kamirrattiyyu ni dhiyaata. Nama himatame irrattis ragooleen yoo dhugoomsan abbootiin seeraa sirna sana keessa filataman akkaataa yakka namichaatti kan murtoo wal madaalaa ta'e muranidha.Sirna qulfoo kana keessatti murtoon darbe kan balleessaa kiyya hin madaalu jechuun komee qabus gara qaama biraatti kan dabarfachuu danda'udha.

Haaluma kanaan akka qorataan dhimma kana irratti sirna qulfoo dargaggoo Huseen Muusaa irratti argamuun gaafa guyyaa 19/7/11 odeeffannoo argatetti Wanbarri himata Ingidaan Immeetee irratti dhiyeeffate ilaalee murtoo dabarseera.

*Himataa=Ingidaa keessaa Ahmad Hasan*

*Himatamaa/tuu=Immeetee*

*Abbaa Murtii=Wanbara*

*Yaada himataa= Nuti kan dhufneefi Immeeteefi Qomaaxeedhaaf kophee kana fidnee dhufne garuu isheen yeroon ishee waamu narraa ol galagalte. Kana malees, amma balaan buute maattan beekaa mataan dhukkubuu, garaan dhukkubuu, dugdi dhukkubuu, lukni dhukkubuu ani hin beekuu na duraa callifte jechuun himata isaa dhiyeeffate. Wanbarris erga himata dhiyaate kana Immeetee dhageessisee hojiin kun kan kee moo miti jechuun gaafate. Itti dabaluunis, himataan akka ragoolee dhageessifatu taasise. Himataanis himata isaa kan beekaniif namoota sadii maqaa isaanii kennate.*

*Misikirii tokkoffaa= Shee Husen Arbee*

*Misikirii lammaffaa=Muusaa Adam*

*Misikirii sadaffaa=Mohaammad Adam*

*Wanbara = maaliif dhufte?*

*She Huseen Arbee= misikkirii*

*Wanbara= eenyuuf masakkarta?*

*Shee Huseen = Ahmad Hasaniif*

*Wanbara= mee maal beekta?*

*Shee Huseen = Immeeteen kun waa meeqa waanta as keessatti hojjetamaa jiru kan namni hundi cinqamaa jiru jibbee namni kun nurraa galee gizeedhaan haa rafnuu hinbeekuu ol galagaltee sii maaltuu nurratti argame, eenyutu dhufeen hin jiru. Nuuf akka akka agabuu ooleetti jibbuun isheetiyyu akeeka jechuun yaada isaa xumure.*

*Wanbara=Immeete kun hojii keetii? Siif ida'amoo si ga'a jechuun gaafate.*

*Immeeteenis= na ga'a jechuun ragaalee warra hafanii eeguu hin barbaanne*

*Wanbarris=yaada dhiyaateefi yaada ragaa erga ilaalee booda murtii meetii kuma shanii sitti buusee jiraa kaasi jechuun murtii itti mure.*

Yaadni olii kun kan agarsiisu kan of keessaa qabiyyee adda adda qabu ta'uu isaati. Himata kanaan qabatanii bashannansiisaa kan ergaa haala yeroo sanaa dabarsatanidha. Kunis intalli heerumtee dhufte kun maal gochuu akka qabdu karaa dubbii haalaa ta'een kan dabarsatanidha.

Akkasumas, gaafuma guyyaa 19/07/11tti qorataan sirna qulfoo irratti argamuudhaan ta'insoota ta'an sagaleen waraabbachuun yaada argatetti himanni miseensa sirna qulfoo keessaa tokko kan ta'e poolisii federaalaa irratti dhiyaate.

Namni federaal poolisii jedhamu kun yeroo darbe dhimma malaammaltummaa waan warri mootii nuuf kenne nyaatee ture. Dhimma sana irratti himata dhiyeeffadhee araaramnee turre. Amma garuu sababuma sana irraa ka'uun xiyyiitiin na dhahe jechuun himata dhiyeeffate. Dhimma kana irratti ammoo kan naaf beekan dhiyeeffachuu nan danda'a jedhe. Haaluma kanaan

*Himataan=Shee Ahmad Adam*

*Himatamaa= Poolisii federaalaa*

*Wanbara= himata ittiin himatame himatamaaf dhiyeessuun xiyyiitiin na dhahe siin jedhe kun kan keetii jechuun gaafate*

*Himatamaan= lakkii kan koo miti jechuun waakkate*
*Wanbara= Himataan akka ragoolee isaa dhiyeeffatu gaafate*
*Himataa= Misikkirii tokkoffaa Muusaa Adam*
*Misikkirii lammaffaa Waas Maahammad Adam*
*Wanbara= Maaliif dhufte?*
*Misikkirii tokkoffaa= yeroo isaan walatti haraaranin arge jechuun waan amma himatame kana akka hin agarre kaase*

*Misikkirii lammaffaa=yeroo inni shugguxxiin dhahu argeen giddiin jalaa baasee jechuun yaada isaa kenne.*

*Wanbara=Namni tokko ragaa itti ba'ee inni tokko ammoo ragaa waan itti hin baaneef ragaa biraa akka dhiyeeffatuuf beellama guyyaa biraatti qabeef*

*Himataan= ragaa biraa dhiyeeffate*

*Wanbara=maaliif dhufte? Maal agarte?*

*Misikkirii sadaffaa= ragaaf. Dubbii duraan araaramanii nagumaan gargar hafanii guyyaa irra darbanii dhimma kana irratti shugguxiin dhahuun isaa ifaafi ifa jedhe.*

*Wanbarri =yaada ragoolee erga ilaaleetii booda meelii kuma saddet sitti buuseen jira jechuun adabbii itti dabarse. Yeroo kana murtee darbe kana poolisiin federaalaa ni dide. Ni kufe lafatti. Yeroonni kana didu akka alangaan dhahamuufi hidhaa harkaan akka adabamu dabarse.*

Kunis kan agarsiisu murtii murtaa'e diduuniifi yakka dabalata dalaguun akka adabbii cimsu kan nama hubachiisudha.

Dabalatanis, sirna qulfoo dargaggoo Ahmad Muhaammad irratti gaafa guyyaa 10/10/11tti himatni dhiyaate
*Himataa=Mohaammad*

*Himatamaa=Aggaafaarii*
*Abbaa seeraa=Wanbara*

*Himata= Aggaafaariin balleessaa malee waan nama dhahuufi mana mootii tuffachuun salaamtaa osoo Qomaaxee hingaafatiin deeme. Akkasumas waa'ee isaa akkan hindubbanneef na dhahuufi malaammaltummaa kan naaf kenne jedhe himate.*

*Wanbar= Yaadni mana murtiitti dhiyaate kun dhugaadha moo jechuun qomaaxee dubbisuufi dhiisuu isaa bilbilan gaafachuun qulqulleeffate. Waanti kun kan keetii jechuun gaafate*

*Aggaafaarii= Inni kaan sirrii miti garuu qomaaxee salaamuu dhabuun sirriidha jedhe*

*Yaada isaarraa ka'uun wanbarri qomaaxee dubbisuu dhabuun badii waan ta'eef adabbii lakkoofsa soddomii torba (37) akka dhaabbatee qilleensa irratti hudduun barreessu murteesse*

Kunis kan agarsiisu sirna qulfoo keessatti qomaaxeen kabaja waan qabuuf namni mana qulfoo sana seenu hunduu akka harka fuudhee taa'u sirna sana keessatti beekamadha. Akka carraa ta'ee namni kana hin godhiin ol sheenee ta'e himatni itti dhiyaatee murtee yakka darbe kanaan wal madaalu itti murtaa'a. Kanaaf sirna qulfoo keessatti qabiyyeewwan akka himata dhiyeessuu, ragaalee waamuu, murtoo dabarsuun ni mul'atu.

### 4.5.2. Olaantummaa Seeraa Ni Qaba.

Akka Obbo Mohaammad Aliyyii gaafa guyyaa 10/10/11 afgaaffiin qorataaf odeeffannoo kennetti miseensota sirna qulfoo keessa jiran hunda irratti seerri mana qulfoo wal qixa kan hojjetudhaa jedhu. Kunis, jedha odeef kennaan kun, mootiifi giiftii mana qulfoo sanaa dabalatee hirmaattonni hunduu sirna mana qulfoo sanaa yoo cabsaniifi ga'ee hojii isaanitti kenname yoo sirriitti raawwachuu baatan ni gaafatamuu jedha.

.



***Suura.10.Afgaaffiin yommuu qorataan odeeffannoo fudhataa jiru suura agarsiisu***

### 4.5.3. Adabbii

Akka qorataan sirna qulfoo bakka adda addaa irratti argamuun odeeffannoo argatetti sirna qulfoo keessaatti gosa adabbii garaagaraatuu argama. Kunis dhimmi isaanii abbootii seeraa mana qulfoo sanaa irratti dhiyaachuun akkaataa balleessaa isaaniitti kan murtoon garaagaraa murteeffamudha. Haaluma kanaan sirna qulfoo dargaggoo Huseen Muusaafi durbee Feeruuzaa Adam gaafa guyyaa 19/07/11 irratti argamuun adabbii garaagaraan himatamtoota garaagaraa irratti darbuu isaa qorataan argee jira. Fakkeenyaaf Immeetee irratti meetii kuma shan, poolisii federaalaa irratti wanbar adabbii meelii kuma saddetiifi hidhaa harkaa itti murteesse.



***Suura.11.Sirna qulfoo keessatti adabbii hidhaa harkaa gaafa guyaa 19/07/11 miseensa sirna qulfoo irratti ta'e qorataan kan kaafate***

Akkasumas, sirna qulfoo dargaggoo Yaasiin Abduu gaafa guyyaa25/07/11fi dargaggoo Ahmad Muhaammad gaafa guyyaa10/10/11 argamuun akka qorataan daawwatee yaada qabatetti adabbiin sirna qulfoo sana irratti darbe ispoortii hojjechiisuu, bishaan litirii lama akka dhugu taasisuu, murtoo dhahichaa dabarsuun alangaan akka aggafaariin dhahu gochuu, mazumaa filachuun akka miseensota dhaggeeffachiisu gochuu, barbaree qofaan buddeena nyaachisuu fa'iin adabu. Adabbiin kunis haaluma olitti ibsametti adabbiileen darban garaagara ta'uufi haala

yeroo sanaa waliin kan walqabatanii ergaa dabarsaniifi namoota sirna qulfoo sana keessatti hirmaatan bashannansiisuuf kan oolanidha.

### 4.5.4. Kennaa/Badhaasa

Sirna qulfoo keessatti akka qabiyyee tokkotti kan mul'atu keessaa kennaan isa tokko. Kennaa sirna qulfoo keessatti taasifamu irratti akka qorataan afgaaffii odeefkennitootaaf taasiseefi sirna qulfoo irratti argamuun odeeffannoo argatetti kennaan adda addaa jiraachuu isaa hubateera. Kennaan miseensoonni sirna qulfoo keessa turan kan baasii walitti fiduun Qomaaxeefi Immeetee badhaasa kennan ni jira. Haaluma kaanaan hirmaattonni sirna qulfoo dargaggoo Ahmad Muhaammad ta'an gaafa guyyaa 17/10/11 guyyaa xumura sirna qulfoo isaanii irratti Qomaaxeef uffata aadaa Oromoo Walloo Immeeteef ammoo, sa'aatii gidaaraa badhaasanii jiru.

Kana malees, guyyaa xumura sirna qulfoo galgala yeroo maqaa baasaaf gara mana maatii gurbaa fuudhee deeman Immeeteen warra maqaa isheef baaseef kennaa saayinii, saamunaa, hodhaa garaagaraa qabachuun warra maqaa baasaafi turan harka ittiin fuuti.Warri maqaa baasaa turanis Immeeteefqarshiikennaniif.




***Suura.12. Kennaa Immeeteen warra maqaa isheef baasaniif kennuuf Ayyaanteen baattee deemtuuf kan gaafa guyyaa17/10/11 kan sirnicha irratti argamuun qorataan kaafate***

### 4.5.5. Dhiifama

Miseensonni sirna qulfoo turtii mana qulfoo keessatti taasisanitti wal himannaa, wal irratti ragaa ba'uufi wal dhahuun waan jiruuf kana keessatti akka carraa ta'ee kan walitti mufateeru yoo

jiraate akka waliif dhiisan dhiifama wal gaafatu.Kanas gaafa guyyaa 17/10/11tti guyyaa xumura sirna qulfoo dardaggoo Ahmad Muhaammad galgala miseensa sirna qulfoo kan ta'e Obbo Hasan Umar ol ka'uun turtii hanga ammaa keessatti kan walitti aare yoo jiraate haafuu waliif jechuu qaba jechuun dhaamsa isaa dabarfate.Haaluma kanaan miseensonni hunduu itti waliif galan. Kunis kan agarsiisu namoonni hunduu dhiifama walii gochuun addaan ba'uun gaarii ta'uu isaati.Kanaaf sirna qulfoo keessatti dhiifama wal gaafachuun akka qabiyyee sirnichaatti ilaalama.

### 4.5.6. Sirni Qulfoo Meeshaalee Barbaachisoo Ta'an Ni Qaba

Akka qorataan odeefkennitoota irraa argateefi sirna sana irratti bakka garaagaraatti argetti meeshaaleen wal fakkaatoon sirna sana keessatti baay'inaan dhimma itti ba'aman ni jiru.Akka Huseen Baalee gaafa guyyaa 20/07/11 yaada isaa qorataaf afgaaffii taasifameen kenneefitti meeshaaleen sirna qulfoo keessatti baay'ee barbaachisoo ta'an alangaa, teessoo lamaafi haada jedha.

**Alangaan**: Alangaan kan gurbaan fuudhu gaafa fuudhaa qabatee fuudha deemuufi hamaamota isaa akka sirba ho'isaniif ittiin tumudha. Sirna qulfoo keessatti ammoo, Qomaaxee irraa fuudhamee aggaafaariif kennamudha. Aggaafaariinis kan ittiin namoota sirna sana keessatti balleessan kan karaa Qomaaxeefi Wanbar dhiyaatu irratti adabbii fudhatudha. Kana malees, murtii isaaniitiin alas nama balleessaa garaagaraa raawwatu kan akka hattuu ittin dhaha.




***Suura.13. Alangaa kan gaafa guyyaa 21/10/11tti qorataan yeroo aggafaariin qabatee dhaabbatu kaase***

**Wanbar (teessoon):** Sirna qulfoo keessatti barbaachisoo ta'an lama. Isaanis, teessoo mirgaafi teessoo bitaa jedhamuun beekamu. Faayidaa isaan kennanis abbootii seeraa ta'anii warreen filatamantu irra taa'ee murtoo dabarsa.



**Suura.14.*Teessoomana qulfoo dargaggoo Abduu Aliyyii keessatti argamu qoratan gaafa 21/10/11 kaafate***

Teessoon kunneenis, kan maatiin intalaa intala isaaniif gaafa heerumaa kennanidha.Sirna qulfoo keessatti teessoon lama jiraachuun dirqama. Teessoo kana irra ammoo abbaan arge irra hin taa'u abbootii seeraa mana qulfoo sanaa ala.Namni biraan yoo irra taa'e seeraan himatamuu ni danda'a. Kanaaf miseensonni sirna sanaa bakka sana irra hin taa'an.

Haada: Meeshaan kun kan akka warreen duraa faayidaa baay'ee qabaachuu baatuyyu yeroo tokko tokko yoo murtoon akka dagalee irratti akka hidhamu murteeffameefi yoo himatamichi waan humnaan deemu ta'e kan ittiin harki isaa hidhamuuf ooludha. Kanaafuu meeshaaleen kun sirna qulfoo keessatti baay'ee barbaachisoodha.

### 4.5.7. Fakkoomii

Sirna qulfoo keessatti fakkoomii garaagaraatu argama.Sirni qulfoon mataan isaa jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti kan itti fakkeeffamu niqaba. Haalli bulchiinsaafi adeemsi sirna qulfoo haala bulchiinsa sirna Gadaa waliin wal fakkaata. Sirni Gadaa sirna bulchiinsa uummataa ta'ee kan uummataaf hojjetu akkuma ta'e haalli bulchiinsa sirna qulfoos kan miseensota sirna sanaan filatamee hawaasa filatame sanaaf haala irraa eegamuun hojjetudha. Kanaaf sirni qulfoo sirna Gadaatti ni fakkeeffama.

Kana malees, akka Obbo Huseen Baalee gaafa guyyaa 19/07/11tti afgaaffii taasifameen qorataaf yaada kennanitti, miseensota sirna qulfoo keessaa Qomaaxeefi Immeeteen mootii biyya bulchuufi giiftii haadha manaa mootiitti fakkeeffamu. Akkasumas miseensonni sirna qulfoo

keessatti argaman hunduu kan hojjettoota mootummaatti fakkeeffamanidha. Kanaafuu sirna qulfoo keessatti jarreen kun akka mootiitti kan tajaajilan yoo ta'u akka mootii biyya bulchaa jiruutti sirna qulfoo sana hoogganu.

Kanamalees, fakkoomiin sirna qulfoo keessatti argamu buqqee burqumsaa isa guddaa gaafa guyyaa miichaafi maqaa baasa Immeeteetti badhaasaan dugda Immeeteetti qabee isa keessatti hafe kan ol dabarsudha. Kun ammoo akka daa'ima baattuutti kan fakkeeffamudha. Kunis, kan agarsiisu akka Immeeteen daa'ima baattutti fakkeessuun kan ibsamudha.

Sirna qulfoo keessatti waanti biraan akka fakkoomiitti ka'u obboleessi dhiiraa Immeetee dhufee gaafa buqqee burqumsaa banu marga jiidhaan qabuun bana. Kun ammoo yoo jiidhaan qaban jireenyi isaanii gara fuulduraatti haala gaariin qabeenyaan badhaadhanii daa'ima horatanii jiraachuun waan lalisanii akka marga kanaa ta'u yaada jedhu kan dabarsudha.

### 4.6. Faayidaa Sirna Qulfoo

Akka odeefkennitoonni qorataaf faayidaa sirni qulfoon hawaasa keessattiifi warreen wal fuudhan gidduutti qabu akka armaan gadiitti ta'u.Isaanis,

Walnuffiifi mukaa'ina tokko malee namootni sirna sana keessatti hirmaatan akka wal bashannansiisaa wal barsiisaniif ga'ee guddaa qaba. Akkasumas namoonni sirna sana keessatti hirmaatanii waliin nyaachaa dhugaa dabarsan walitti dhufeenya cimaa akka uummataniifi bakkee qaawwaa qaban irratti akka waliin dhaabbataniif isaan gargaara. Kunis kan mul'isu sirna sana keessatti qofa osoo hin taane jireenya mana qulfoo alaatiif illee iddoo guddaa akka qabu kan agarsiisudha. Kana malees, sirni qulfoon haalaan adeemsifamuun hamilee maatiifi mishirrootaa ni gammachiisaa akka itti boqotan taasisaa jedhu.

Itti dabaluunis, dargagoon Abduu Aliyyii gaafa guyyaa 21/10/11 sirna qulfoo isaa irratti akka qorataaf faayidaa sirni qulfoon qabu himetti, "Aadaa abbootii keenyarraa nutti darbe gara dhaloota booda keenyaatti dabarsuuf sirni qulfoo iddoo guddaa qaba," jedha. Kunis akkuma odeef kennaan kun jedhetti sirni qulfoo keessatti qabiyyeen garaagaraa waan argamuuf aadaafi haala jiruufi jireenya isaanii gara dhaloota boodatti dabarsuuf shoora guddaa qaba. Faayidaan sirna kanaa kan biraan ammoo, namoonni sirna kana irratti argamanii hirmaatan waan mishaa hojjechuufi waan mishaa hintaane ammoo akka hojjechuu hin qabne adda baasanii hubatanii waan gaarii hojjechuu akka qaban bakka itti hubatanidha. Sirni kun walitti dhufeenya namootaa

keessattis ga’ee qaba. Kunis, sirna sanarratti firoonni fageenya irra jiranis dhufanii waan keessatti hirmaataniifi namoonni ollaas ta’e hiriyyoonni gurbaa waan sirna sana keessa waliin turanii hariiroo gidduu isaanii jiru haalaan cimsa. Kana malees, karaa gama dinagdeenis faayidaa kennu ni qaba. Gama kanaan ammoo namoonni sirna kana keessa turan qarshii walitti qabatan irraa yoo hafe mucaaf kennuun akka itti fayyadamuun of gargaaru taasisu.

Kan biraanis, akka qorataan sirna qulfoo namoota garaagaraa irratti argamuun faayidaa sirna qulfoon qabu hubatetti hirmaattonni sirna sanaa soda tokko malee waan dubbachuu barbaadan himata himataniifi ragaa walirratti waan ba’aniif dandeettii dubbachuu isaanii haalan ni cimsatu. Akkasumas warreen kaanis namuusaan waan dhaggeeffataniif dandeettii dhaggeeffachuu isaanii sirriitti gabbifatu.

Waan kana ta’eef sirni qulfoo akka hawaasa naannoo sanaatti, akka mishirrootaatti, maatii mishirrootaafi hirmaattota sirnichaa maraaf karaa kallattiifi alkallattii ta’een faayidaa guddaa qaba. Kanaafuu sirni kun haalaan kunuunfamee akka dhaloota boodaaf darbu taasisuun baay’ee barbaachisadha.



***Suura.15.Afgaaffii gaafa guyyaa 21/10/11 dargaggoo Abduu Aliyyii waliin faayidaa sirna qulfoo irratti sirna qulfoo isaa irratti argamuun qorataan kaafate***

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI YABOO

Boqonnaan kun qaamolee qorannoo keessatti ka'an cuunfaafi yaada furmaataa kan of keessatti qabatudha. Isaan kunis tokko tokkoon ba'anii akkaataa hubatamuu danda'anitti dhiyaataniiru. Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon Naannoo Amaaratti Godina Addaa Saba Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursiitti qaaccessa sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti adeemsa sirna qulfoo, hirmaattota sirna qulfoofi ga'ee isaanii, qabiyyee sirna qulfoo, faayidaa sirnichi hawaasaaf qabuufi fakkoomii sirnicha keessatti argaman qaacceessuun dhaloota dhufuuf dabarsuu irratti kan xiyyeeffatedha.

## 5.1. Cuunfaa

Sirni qulfoo fuudhaafi heerumaa uummata Oromoo Walloo biratti aadaalee baay'ee jaallatamaafi beekamoo ta'an keessaa isa tokkodha. Sirni kunis erga fuutiifi heerumni raawwatamee booda mana gurbaa fuudhuutti kan geggeeffamudha. Hawaasa Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii biratti gosa fuudhaafi heerumaa garaagaraatu geggeefama. Isaan keessaa kaadhimmatanii fuudhuun isa tokkofi kan bal'inaan hawaasni naannichaa dhimma itti ba'udha. Gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa kan sirni qulfoo itti geggeeffamus fuudhaafi heeruma gosa kanaan rawwatamu irraati.

Haaluma kanaan Sirni qulfoo kan mana gurbaa fuudheetti eegalu guyyaa fuutifi heerumni raawwateeti booda guyyaa itti aanu kan jalqabudha. Sirni kun adeemsa keessa darbu ni qaba. Sirni kun kan geggeeffamu kan sirnichaaf jedhamee guyyaa fuudhaan dura mucaan fuudhu ijaarrate mana qulfoo keessatti. Kunis manni qulfoo ijaaramee miseensonni qulfoo keessa turaniif bu'uura waan ta'eef jalqabbii ijaarsa mana sirna kanaaf ta'urra ka'a. Itti aansuun gaafa guyyaa fuudhaatti aanu miseensa sirnichaa ta'uuf galmee galmaa'uufi qarshii walitti qabachuutuu raawwatama. Kunis waantota sirna sana keessatti isaan barbaachisan ittiin bitatanii hanga guyyaa xumura sirna qulfootti waliin turandha. Achiis, miseensota sirna qulfootti hirmaachuuf galmaa'aniif maqaan haaraan mogga'uuniifi ga'ee hojii qoqqooduun ni raawwatama. Kanatti aansuunis, guyyaa biraatti sirna qayya geessuutu raawwatama. Qayya kana kan geessanis, warra intala heerumteetu intala isaaniif geessa. Erga qayyi adeemsifamee booda sirna miiccaatu miseensota qulfoo turaniin raawwatama. Kunis, warreen dhiiraa laga bu'anii qaama isaaniifi uffata miiccatu. Warreen dubaraa ammoo, rifeensa intala heerumteef dhahuufi uffata ishee kan miicanidha. Miiccaan kun guyyaa yommuu geggeeffamu guyyuma kana galgala

adeemsi biraa Immeeteef maqaa baasuun ni raawwatama. Maqaa kana kan baasaniif maatii, firootaafi namoota ollaa gurbaatiin kan ta'udha. Kana booda miseensonni sirna qulfoo dhiifama wal gaafachuufi nagaa walitti dhaammachuun turtii sirna qulfoo nama tokkoo goolabu. Kanaafuu sirni qulfoo qalqabamee hanga xumuramuutti adeemsa adda addaa keessa darba.

Hirmaattonni sirnicha irratti argamanis ga'ee hojiilee mana qulfoo sana keessatti dalagan kan kennamuufidha. Akkasumas, maqaa isaan ittiin mana qulfoo keessatti ittiin waamamanis kan duraan ittiin beekaman osoo hin taane kan hojii isaaniif kenname waliin kan deemu kan itti moggaafamudha.

Sirna kana irratti nyaatniifi dhugaatiin aadaa hawaasicha biratti beekamoo ta'an ni qophaa'u. Isaanis, nyaata aadaa kan ta'e burqumsaaniifi marqi haalan qophaa'u. Burqumsaan kan intalli heerumtu gaafa isheen heerumtu warri ishee qopheessuun kan kennanidha. Garuu ammoo kan nyaatamu gaafa guyyaa qayya geessuufi gaafa guyyaa miichaa kan nyaatamudha. Marqi garuu maatii warra gurbaan kan qophaa'udha. Kan inni itti nyaatamus guyyaa garaagaraatti. Dhugaatiin aadaan sirna qulfoo irratti qophaa'u kan abishii jedhamudha.

Sirni qulfoo qabiyyeewwan kanneen akka adeemsa seeraa (himata, himataa, himatamaa) ni qaba. Kunis, namni miidhameera jedhu qaama na miidheera jedhu irratti himata ni dhiyeeffata. Akkasumas, olaantummaa seeraas ni qaba. Kunis, sirna qulfoo keessatti namni hunduu seera biratti walqixa. Kunis, olaantummaan seeraa nama hunda irratti kan hojjetudha. Kan seera bulmaata sirnichaa cabseef adabbiin ni jira. Akkasums, dhiifama waliif gochuuniifi kennaa walii kennuun sirnicha irratti ni argama. Kana malees, meeshalee sirna sana irratti baay'ee barbaachisoo ta'an kanneen akka teessoo, haadaafi alangaa niqaba.

Itti dabaluun, hawaasa abba qabeenyichaaf faayidaa aadaafi duudhaa isaanii akka ittiinwal barsiisaniif kan ooluudha. Akkasumas, kan ittiin wal bashannansiisuuf, sodaa tokko malee akka isaan yaada isaanii kennataniif isaan gargaarudha. Kun ammoo, dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifatiif ni oola. Kana malees, bakka intalli heerumtee dhufte itti haala jiruufi jireenya hawaasa itti heerumtee hubachuuf gargaarudha.

Sirna qulfoo keessatti ta'insoonniifi gochoonni taasifaman hawaasicha biratti waan itti fakkeeffaman ni qabu. Qomaaxeefi Immeeteen Mootii biyya bulchuufi haadha manaa mootiitti fakkeeffamu sirna sana keessatti. Adeemsiifi haalli bulchiinsa sirna qulfoo walii galaa kan haala

bulchiinsa Sirna Gadaatti fakkeeffamudha. Obboleessi Immeetee yommuu buqqee burqumsaa banu coqorsa jiidhaan kan qabee banuuf warri wal fuudhan akka horan, akka lalisan hawwuu isaatti kan fakkeeffamudha.

Walumaa galatti sirni qulfoo kun hawaasa Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii biratti haalaan kabajama.

**5.2. Yaboo**

Duudhaan akkuma afoollan kanneen biroo aadaa, safuu, amantiifi falaasama hawaasa tokkoo baatee dhalootaa dhalootatti dabarsuu keessatti gahee guddaa qaba. Haa ta’u malee, yeroo ammaa kana dagatamaa dhufuun sadarkaa nama gaddisiisu irra ga’ee jira. Duudhaa hawaasaa kanneen ta’an keessaa ammoo, sirni qulfoo fuudhaafi heerumaa hawaasa Oromoo Walloo keessatti adeemsi, ta’insoota achi keessatti raawwataman sababa garaagaraan kan dagatamaa jiranidha. Duudhaan hawaasaa kun durdurii kaasee afaaniinifi gochaan dhaloota irraa dhalootatti daddarbaa kan dhufe ta’uun isaa ni beekama. Kun ammoo keessaa hambisuufi itti dabaluun dabarsuu danda’ama.Kanarra osoo bifa barreeffamaniifi Suursagaleen waraabamee ol taa’ee irra caalaa bu’a qabeessa ta’uu danda’a. Kana malees, akkataa sirna qulfoo fuudhaafi heerumaa irratti namoonni umuriin buulan kan beekumsa qabiyyee sirna kanaa haalaan qaban barnoota barbaachisaa ta’e waa’ee dhuudhaafi safuu naannoo isaanii keessatti argamu osoo dhaloota ammaa kana barsiisanii baay’ee gaarii ta’a. Haaluma kanaan aadaan hawaasaa kun akka hinbanneef kanneen irratti hojjechuu qaban keessaa:

- Hayyoonni fookiloorii, barsiisonni afaanii aadaa hawaasa ibsan kana qorachuun galmeessuun olkaa’uun dhaloota dhufuuf dabarsuu qabu.
- Dhaabbileen barnoota ol aanoos, ta’e waajjiraaleen Aadaafi Turiizimii aanaa aadaafi duudhaa hawaasaa kana qorachuun akkaataa barbaachisutti olkaa’uun dhaloonni boodaan dhufu kun akka itti fayyadamu taasisuun dirqama isaan irraa eegamu ba’uu qabu.
- Duudhaa hawaasaa sababa amantii, ammayyummaafi sababoota biroon laafaafi badaa jiru hayyoonniifi abbootiin amantii waliin ta’uun waantota aadaa hawaasaa irratti rakkoo fidaniifi fiduu danda’an irratti mari’achuudhaan aadaafi amantiin walitti dhufeenya inni qabu barsiisuun dirqama irraa eegamu ba’uun safuufi aadaan kun akka turu taasisuu irratti dirqama qabu.

Dhuma irratti qorannoon kun sirna qulfoo fuudhaafi heeruma keessatti adeemsawwan keessa jiru yeroo ammaa kana sadarkaa inni irra jirufi maalitti deemaa akka jiru qaaccessuun dhaloota boruuf bu’uura ta’uu danda’an jedha.

**WABIILEE**


Abarraa Nafaa. (1999). *Afoola Oromoo Tuulamaa Walaloo Geerarsaa*, (jiildii 8) qajeelcha qormaata Afaan Oromoo. Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa: Mana maxxansaa Komershaalii.

Abdulsalaam Kamaal. (2004). *Arrittii.Foddaa Aadaa Oromoo Walloo.* Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraatti Mana Maree Godina Oromiyaa.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa*. Qorannoo Hujoo. Finfinnee: Mega Printing Press.

Alamayyoo Hayileefi Kaawwan. (1998). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa*. Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa: Berhana Salam Printing Enterprice.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela. Seenaa Oguma Oromoo.* Finfinnee Oromiyaa: Far East Trading.

Asnaaqech Taayyee. (2007). “Sirna Boolla Qayyaa Godina Sablammii Oromoo Walloo Aanaa Arxummaa Fursii Sakatta’uu,” .Waraqaa Qorannoo Digirii Tokkoffaa Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuunivarsiitii Finfinnee ( kan hin maxxanfamne).

Berhane Tucho. (1982). *Tradational Marriage practical among the Oromo of Qelem*. Wollega: Ethiopia.

Berhanu Shiferaw. (1998). *Tradation Recognition and Decision making on mate selection by the Oromo The act of ‘Asena’ in ‘Mecca’ Oromo of Western Shoa.* MA Thesis AAU

Dastaa Dassaalany. (2011). *Waadaa: Asoosamoota Aariitii Biroo Waliin.* Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Biraannaa.

________________. (2013). *Bu’uura Qorannoo. Maxxansa 2ffaa*. Yuunvarsiitii Addis Ababaatti Barsiisaa, Qorataafi Barreessaa: Printed by Far East Trading PLC.

Dirribii Damsee. (2012). *Ilaalcha Oromoo. Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee

_______________. (2014). *Seenaa Eenyummaa Oromoo.* Finfinnee: D.G.Printing and Publishing Enterprise.

Dorson, Richard. (1972). *Folklore and Folk life. An Introduction*. Chicago and London: The university of Chicago press.

Dundes Allen. (1965). *The Study of Folklore*. Berkle: Practice hall.

Fayisaa Addunyaa. (2016). “Xiinxala Adeemsaafi Fakkoomii Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Kamisee”.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruuf dhiyaate: Yuunvarsiitii Finfinnee (kan hinmaxxanfamne)

Finnegan, R. (1976). *Oral literature in Africa*. Nariobi: Oxford University press.

__________. (1992). *Oral tradition and verbal art*. London: Rutledge.

Gadaa Melbaa. (1981). *Seensa Gabaabaa Seenaa Oromoo.* Oromiyaa.

Goerges,R,A and Jones,M,O. (1995). *Folkloritic.An Introduction*. Biloomingonton and Indiana polis: Indiana university press.

Hayiluu Hundee. (2016). “Xiinxala Adeemsa Gaa’ela Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu,”. Waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Muummee Afaan Ormoofi Ogbarruuf dhiyaate: Yuunvarsiitii Finfinnee (kan hin maxxanfamne).

Mangesha Rikitu. (1992). *Oromo Folk tales for a new generation.* London

Melakneh Mengist. (2006). *Fundamental of literature.3rd ed.* Addis Ababa: AAU press.

Mulugeta Negassa . (2014).*“Documantation And Analysis of Retual performance of Sera Gada Among Karrayyuu Oromo*”. PhD Dissertation, AAU.

Okpewho, I. (1992). *Africian Oral Literature*. Biloomingonton and Indiana Polis: Indiana university press.

Oring, E. (1986). *Folk Groups and Folk Geners. An introduction.* Logan Utaha: Utaha university press.

Ramailan, Z Mabatho. (2005). *An Investigation of the Potential Role that Folklore*. Can play Inviromental Education South Africa: Western Cope university.

Robert, P. Gwinn, Charlies, E.Swanson. (1992). *The Encyclopedia Biritannia V.7*. Chicago: The University of Chicago Press.

Sarantoks, S. (2005). *Social Science Research.* Palgrase: Macmillan.

Sigmund Freuds, (1963). *Introductory lecture on psycho-analaysis*. London: Hograth prass.

Sims C and Stephens. M. (2005). *Living Folklore*. *An Introduction to the Study of People on their Tradatios.* Logan Utaha: Utaha university press.

Sweterlitch, Richard. (1997). *Inventing Popular Culture, from Folklore to Globalization.* United Kingdom: Black Well Publishing.

Todorov, Tzvetan. (1982). *Symbolism and Interpretation.* Ithaca,N,Y: Cornell Uniiversity press.

Turner, V. (1969). *Forms Of Symbolic action in R.F Speneer forms of symbolic Action, Proceeding of the spring meeting* . American Ethnological society seattle: University of Washington Press.

William Bascom. (1965). "*Four Function of Folklore." Journal of American folklore.* (vol.67 p33-49)

Yeneneesh Saamu'el. (2010). "Qaaccessa sirba fuudhaafi heerumaa Oromoo Wallaggaa, Aanaa GiddaaAyyanaa,''. Ulaagaa Digirii lammaffaa guuttachuuf, Muummee Afaan Oromoo Ogbarruuf dhiyaate: Yuunvarsiitii Finfinnee,(kan hin maxxanfamne)

http:answers yahoo.com/questions/index? qid=2010058092640AAc6cd

https// www.bbc.com/afaan oromoo /oduu-48836203 10 Adoolessa, 2019

ሰሎሞን ተሰማ.(2007).*ፎክሎር፤ ምንነቱ የጥናት የትኩረት አቅጣጫ* .አድስ አበባ፡፡ ህትመት ፋር ኢስት ትሬዲንግ ኃላ. የተ.የግ.ማ.

**Dabalee A**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Koollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Sabqunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii**

**Kabajamtoota odeefkennitootaa**

Kaayyoon afgaaffii kanaa Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruufi Fookiloorii Sadarkaa digirii lammaffaa guuttachuuf "Qaaccessa Sirna qulfoo aadaa fuudhaafi heerumaa Naanno Amaraatti Godina Addaa Saba Oromoo Aanaa Arxummaa Fursii" jedhuu irratti odeeffannoo funaannachuufi hirmaannaa isin kallattiidhaan afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa'ina qorannoo kanaa keessatti baay'ee barbaachisaa waan ta'eef ragaa dhugaa kan hawaasni duraan itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru osoo irraa hin hambasiin natti himuun gahee isin irraa eegamu akka gumaachitan isin gaafachuun ragaan funaanamu kun kan dhimma qorannichaa qofaaf oolu ta'uu isaa waadaan isiniif gala.

**Kutaa duraa: Odeeffannoo waa'ee odeefkennitootaa**

Maqaa----------------------------------------

Umurii-----------------------------------------

Saala--------------------------------------------

Ganda-------------------------------------------

Gahee hojii-------------------------------------

1. Qulfoon maali?

2. Sirni qulfoo maali? Yoom eegala? Eeyufaatuu irratti hirmaata? Adeemsa akkamii qaba?

3. Sirni qulfoo hawaasa Oromoo biratti akkamitti ilaalama?

4. Sirna qulfoo irratti ta'insoota akkamiituu raawwatama?

5. Warreen miseensota sirna qulfoo ta'aniif maqaan akkamitti mogga'aaf?

6. Hojiin miseensota sirna qulfoof kennamu maal irratti hundaa'eeti? Namni hojii isaa haalan hin ba'anne maal ta'a?

7. Miseensonni sirna qulfoo ta'an turtii waliin turan keessatti hojii hojjetan keessatti walitti hin bu'anii? Yoo walitti bu'an hoo maaltu ta'a?

8. Nyaanni aadaa sirna qulfoo irratti dhiyaatu jiraa? Yoo jiraate maal jedhama? Maalirra hojjetamaa?

9. Meeshaaleen sirna qulfoo keessatti barbaachisan maal fa'i? Maaliif oolu?

10. Faayidaa sirni qulfoo qabu maali?

11. Sirni qulfaa fakkoomii akkamii qaba? Haalli bulchiinsi sirna qulfoo maal fakkaata?

**Dabalee B**

**Yuunvarsiitii Addis Ababaa**

**Koollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Sabqunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklorii**

**Gabatee namoota odeeffannoo kennanii agarsiisu**

| Lakk. | Maqaa namootaa | Saala | Guyyaa od/fuudhame | Ganda odef kennitoota | Umurii | Gahee hojii odef.kennitoota |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abdurahamaan Hajii | Dhi | 20/04/11 | Caffaa/Roobit | 70 | Daldalaa |
| 2 | Abduu Aliyyii | Dhi | 21/10/11 | Hulaa/Tukkuyye | 28 | Q/bulaa |
| 3 | Adamee Abduu | Dhi | 5/10/11 | Faatii/Qomborroo | 45 | Q/bulaa |
| 4 | Ahmad Muhammad | Dhi | 10/10/11 | C/Roobit | 25 | C/Roobit |
| 5 | Anshaa Ahmad | Dha | 10/08/11 | Hara | 40 | Q/bulaa |
| 6 | Faaxumaa Abduu | Dha | 28/18/11 | C/Roobit | 35 | Daldaltuu |
| 7 | Hasan Mohahammad | Dhi | 08/08/11 | Hara | 50 | Q/bulaa |
| 8 | Huseen Adam | Dhi | 19/07/11 | Diimtuu/Coqorsoo | 28 | Q/bula |
| 9 | Huseen Baalee | Dhi | 19/07/11 | D/Coqorsoo | 35 | Q/bulaa |
| 10 | Huseen Muusaa | Dhi | 19/07/11 | D/Coqorsoo | 25 | Q/bulaa |
| 11 | Ibraahim Muhee | Dhi | 17/10/11 | C/Roobit | 40 | Q/bulaa |
| 12 | Mohammad Aliyyii | Dhi | 22/10/11 | C/Roobiit | 50 | Q/bulaa, waardiyyaa |
| 13 | Samiraa Mohaammad | Dha | 20/10/11 | Cirrii | 30 | Q/bulaa |
| 14 | Sayid Hasan | Dhi | 11/10/11 | C/Roobit | 40 | Daldalaa |
| 15 | Sayid Muhee | Dhi | 26/04/11 | Faatii Qomborro | 52 | Q/bulaa |
| 16 | Umar Sayid | Dhi | 24/10/11 | Hulaa Tukkuyyee | 45 | Q/bulaa |
| 17 | Usmaan Mohammad | Dhi | 15/09/11 | Odaa Bal’aa | 38 | Q/bulaa |
| 18 | Usmaan Shee Huseen | Dhi | 04/05/11 | Qiciicoo | 48 | Q/bulaa |
| 19 | Yaasiin Sarboo | Dhi | 19/07/11 | D/ Coqorso | 30 | Q/bulaa |
| 20 | Yaasiin Umar | Dhi | 05/04/11 | C/Roobit | 35 | Hojjetaa Mootummaa |

**Dabalee C**

**Yuunvarsiitii Addis Ababaa**

**Kollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnantii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilorii**

**Haala adeemsa seeraa sirna qulfoo keessatti raawwatu kan agarsiisu**

*Himataa:   Muusaa Adam*

*Himatamaa: Qomaaxee*

*Himata dhiyaate: Waan irratti arge balleessaa silaa Qomaaxeen harka hinqabuu harka huursuun nu lole kan jedhudha.*

*Wanbara : Qomaaxee hojiin jedhamu kun keessan moo miti?*

*Qomaaxee : Keenya miti.*

*Wanbara : Ragoolii kee dhiyeeffadhu*

*Muusaa Adam: Misikkirii tokkoffaa Wax Aliyyii (Mohammad Aliyyii)*

*Misikirii lammaffaa Hasan Mohammad*

*Misikkirii sadaffaa Husen Urbee*

*Wanbara:Misikirii tokkoffaa, maaliif dhufte?*

*Misikirii tokkoffaa: Waanti jedhame hunduu kanuma qomaaxeeti.*

*Wanbara: Eenyu haa du'u?*

*Misikirii tokkoffaa: Kan balleesse*

*Misikirii lammaffaa : Abeet (jira)*

*Wanbara : Maaliif dhufte?*

*Misikkirii lammaffa : Misikkirii*

*Wanbara : Mee maal argite lamaan isaanii gidduutti?*

*Misikkirii lammaffaa : Waanta balleessine hinbeekuu harka isaa nutti raase*

*Wanbara : Misikkirii sadaffaa maaliif dhufte?*

*Misikkirii sadaffaa : Qomaaxeetti masakkaruufan dhufe*

*Wanbara : Mee isaan gidduutti maal agarte?*

*Misikkirii sadaffaa : Harka nutti hafarse. Xiqqoof hafne malee ulaa kanaa gad nu yaaseeraa jedhe. Erga yaada ragaalee sadan ilaaleefi balleessaa qomaaxeen kanaan dura qabu ilaaluun murtoo kan dabarsedha.*

*Wanbara : Yaa Ingida Qomaaxeen kun hanga har'aatti balleessaa biraa waan hinqabneef 'Maarreerra' jechuun* murtoo dabarse.

*Himataa=Ingidaa keessaa Ahmad Hasan*

*Himatamaa/tuu=Immeetee*

*Abbaa Murtii=Wanbara*

*Yaada himataa= Nuti kan dhufneefi Immeeteefi Qomaaxeedhaaf kophee kana fidnee dhufne garuu isheen yeroon ishee waamu narraa ol galagalte. Kana malees, amma balaan buute maattan beekaa mataan dhukkubuu, garaan dhukkubuu, dugdi dhukkubuu, lukni dhukkubuu ani hin beekuu na duraa callifte jechuun himata isaa dhiyeeffate. Wanbarris erga himata dhiyaate kana Immeetee dhageessisee hojiin kun kan kee moo miti jechuun gaafate. Itti dabaluunis, himataan akka ragoolee dhageessifatu taasise. Himataanis himata isaa kan beekaniif namoota sadii maqaa isaanii kennate.*

*Misikirii tokkoffaa= Shee Husen Arbee*

*Misikirii lammaffaa=Muusaa Adam*

*Misikirii sadaffaa=Mohaammad Adam*

*Wanbara = maaliif dhufte?*

*She Huseen Arbee= misikkirii*

*Wanbara= eenyuuf masakkarta?*

*Shee Huseen = Ahmad Hasaniif*

*Wanbara= mee maal beekta?*

*Shee Huseen = Immeeteen kun waa meeqa waanta as keessatti hojjetamaa jiru kan namni hundi cinqamaa jiru jibbee namni kun nurraa galee gizeedhaan haa rafnuu hinbeekuu ol galagaltee sii maaltuu nurratti argame, eenyutu dhufeen hin jiru. Nuuf akka akka agabuu ooleetti jibbuun isheetiyyu akeeka jechuun yaada isaa xumure.*

*Wanbara=Immeete kun hojii keetii? Siif ida'amoo si ga'a jechuun gaafate.*

*Immeeteenis= na ga'a jechuun ragaalee warra hafanii eeguu hin barbaanne*

*Wanbarris=yaada dhiyaateefi yaada ragaa erga ilaalee booda murtii meetii kuma shanii sitti buusee jiraa kaasi jechuun murtii itti mure.*

**Dabalee D**

**Yuunvarsiitii Addis Ababaa**

**Kollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnantii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilorii**

**Suura yeroo qorataan afgaaffiin odeeffannoo fudhatu agarsiisu**.



.



*Suura.10.Afgaaffiin yommuu qorataan odeeffannoo fudhataa jiru suura agarsiisu*

**Dabalee E**

**Yuunvarsiitii Addis Ababaa**

**Kollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnantii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilorii**

**Suura qorataan dawwannaa taasisuun argatee kaase keessaa hanga tokko kan agarsiisuu** mana qolfoo kana keessa taa'a.



*Suura 1. Mana Qulfoo kan guyyaa 26/04/11tti sirna cidha sayid Muheef Faatii Qomboorrootti ijaarame argadhe kaafadhe.*

Buqqee burqumsaa




*Suura.7. buqqee burqumsaa guddaafi buqqee xiqqaa tokko qabatte gaafa guyyaa 17/10/11 sirna qulfoo irratti argamuun qorataan kaase*

Marqaa



*Suura.8.Gaafa guyyaa 21/10/11 sirna qulfoo Abduu Aliyyii kan gaafa qayya geessaa qophaa'e irratti argamuun qorataan kaase.*

Alangaa




*Suura.13. Alangaa kan gaafa guyyaa 21/10/11tti qorataan yeroo aggafaariin qabatee dhaabbatu kaase*

**Dabalee F**

**Yuunvarsiitii Addis Ababaa**

**Kollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnantii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilorii**

**Suura qorannoo keessatti hin gargaaramne**









**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaan koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'eefi Yuunvarsiitii kamuu keessatti kan hinhojjetamne ta'uu isaa mallattoo kootiin nan mirkaneessa. Wabiileen waraqaa kanaaf dubbisee itti fayyadames, hunda isaanii wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa: Roobeeraa Gammachuu Goobanaa

Mallattoo: ___________________________

Guyyaa: _____________________________

Ani Dr.______________________________________Barataan armaan olitti maqaan isaa eerame waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi **Ofittisuu** muummeef galchuu danda'uu isaa ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa gorsaa: ______________________________

Mallattoo: _________________________________

Guyyaa: __________________________________